# Jecha Labsii

**Kan Mana Kiristaana Ortodooksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa**




**Gaabbii galaa wangeelattis amanaa**

**Mar 1:15**

Tokkummaa fi bulchiinsa mana Kiristiyaanaa Qulqulleettii keenya cimsuuf Yeroo afraffaaf bara Araaraa 2009 fooyya'ee kan ba'e.

**Danbii Yaa'ii Lallaba Afuurawaa**

# Table of Contents


Kadhannaa, Amantii fi Naamusa ..................................................8
BOQONNAA 1.......................................................................34
MURTOOWWAN WALII GALAA.............................................34
KEEYYATA 1.......................................................................34
KEEYYATA 2.......................................................................34
BOQONNAA LAMA..............................................................37
SADARKAADHAAN KAN DHAABBATANII FI FULDURATTI DHAABBACHUUF KAN JIRAN MURTOO WALII GALA YAA'II LALLABA AFUURAAWWANII.................................................37
KEEYYATA 3.......................................................................37
KEEYYATA 4.......................................................................39
KEEYYATA 5.......................................................................39
KEYYATA 6....................................................................... 40
HOJII YAA'II LALLABA AFUURAWAA...................................40
BOQONNAA 3 .....................................................................42
YAA'II LALLABA AFUURAWAA MANA KIRISAANTAA BUUFATAA ......................................................................42
HUNDEEFFAMAA FI CAASEFFAMA .....................................42
KEYYATA 7.........................................................................42
BU'UUREFFAMA...................................................................
KEEYYATA 8.......................................................................44
Keeyata9 ...............................................................................48
Hojii fi raawwiikoreehojiiraawwachiistuu ....................................48
Keeyyata 10 ..........................................................................50
Miseensotabulchiinsayaa iilallabaafuurawaamanakiristaanaa daangessaa (koreehojii raawwachiisuu).........................................50
Keeyyata 11 ..........................................................................54
Filannoofooyessu,diiguufiraggaasisuu fbara hojiit ajaajilaa

filata mtootaa..........................................................................54
Keeyyata 12 ...............................................................................57
Aangoo fi DirqamaBulchiinsaLallabaAfuurawaaDaangessa Mana-Kiristaanaa (Koreehojii raawwachiiftuu)........................................57
Keeyyata 13 ...............................................................................65
Aangoo fi hojiibulchaadaangessamana kiristaanaa........................ 65
KEEYYATA 14...........................................................................69
Aangoo fi hojiibulchaaIttiaanaaYaa`iiafuurawaa daangessichaa …...69
KEEYYATA 15...........................................................................70
WAA'EE BULCHIINSA KAWAALOTAA FI SIRNA MONO KSUMMAA...........................................................................70
Boqonnaa 4.................................................................................78
Waajjiraa fi KutaawwanhojiiYaa`ii AfuurawaDaangessamana kiristaanaa ..................................................................................78
Keeyyata 16 ...............................................................................78.
Waajjiraa fi KutaawwanhojiiYaa`iiAfuurawaDaangessamana kiristaanaahundeesuu.........................................................................78
Keeyyata 17 ...............................................................................82
Aangoo fi HojiiBarreessaaOlaanaaYaa`iiLallabaAfuuraa Daangessaa ..................................................................................82
Keeyyata 18 ...............................................................................85
Hojii fi IttiGaafatamummaaKutaaLallaba Wangeelaa.....................85
Keeyyata 19 ...............................................................................87
Hojii fi IttiGaafatamummaaKutaaBarumsaAfuurawaa ..................87
Keeyyata 20 ...............................................................................91
Ittigaafatamummaa fi hojiikutaatajaajilalubootaa ..........................91
Keeyyata 21 ...............................................................................95
Hojii fi ittigaafatamummaaKutaaBarattoota Dilbataa...................95
Keeyyata 22 ...............................................................................99
Ittigaafatamummaa fi hojiikutaaKarooraa fi Misoomaa.................99

Keeyyata 23 ........................................................................101
Hojii fi ittigaafatamummaakutaaTola ooltummaa ..............101
Keeyyata 24 ........................................................................103
Hojii fi ittigaafatamummaaKutaaSeeraa ......................................103
Keeyyata 25 ..........................................................................105
Aangoo fi ittigaafatamummaakutaaQabeenyaa, MeeshaaleeQulqu-llaa'oo fi bobbocaa ........................................................................105
Keeyyata 26 Hojii fi Ga`eeKutaaHerreegaa ...................................109
Keeyyata 27 Hojii fi IttiGaafatummaaKutaa Maallaqaa...............110
Keeyyata 28 Hojii fi IttiGaafatamummaaKutaa Too`annoo.........112
Keeyyata 29 GaheeHojii fi IttigaafatamummaaKutaaIjaarsaGamoo, Suphaa fi Haaromsaa .......................................................................116
Keeyyata 30 Hojii fi IttigaafatamummaaKutaa Istaatistiksii........120
Boqonnaa Shan(5) ..........................................................................123
Waa`eekutaaTajaajilaWaajjirayaa`iilallabaAfuurawaAanaa ............123
Keeyyata 31 KutaaHojii fi GaheeHojiiWaajjiraYaa`iiLallaba AfuurawaaAanaaHaalaHundeeffama fi Ejjannooyaa`iiLallaba AfuurawaaAanaa ..........................................................................123
Hundeeffama .........................................................................123
Ejjannoo/aquam/ hojiiwaajjiralubummaa Aanaa..........................125
Keeyyata 32 MiseensotaYaa`iiLallabaAfuurawaa Aanaa............125
Keeyyata 33 Aangoo fi HojiiLallabaAfuurawaaAanaa ...............127
Keeyyata 34 ..........................................................................128
MiseensotaBulchiinsaYaa`iiLallabaAfuurawaaAanaa(Koree Ho-jiiRaawwachiiftuu) ......................................................................128
Keeyyata 35 Aangoo fi hojiihojiibulchiinsayaa`iilallaba Afuurawaa Aanaa (koreehoji raawwachiistuu)...............................................129
Keeyyata 36 ..........................................................................132
WaajjiraManaLubummaa Aanaa..................................................132
Keeyyata 37 ..........................................................................133

Gaheehojii fi aangoohojiiadeemsisaamanaLubummaaAanaa ......133
Boqonnaa 6.......................................................................137
Aangoo fi hojii, kutaaleewaajjiraYaa‟iiLallabaaafuurawaakutaalallaba
GodinaaTeessooPhaaphaasii .....................................................137
Keeyyata 38 .......................................................................137
Hundeeffamaa fi gurmaa'insayaa'iilallabaaafuurawaakutaalallabago-
dinaaTeessooPhaaphaasii............................................................137
Hundeeffama:-.......................................................................137
Gurmaa'insa:-.......................................................................138
TeessooPhaaphaasiikutaaLallabaGodinaajalatti:- ........................138
Keeyyata 39 .......................................................................139
MiseensotaYaa'iiLallabaAfuurawaaKutaaLallabaGodinaa .........139
Keeyyata 40 .......................................................................140
Taayitaa fi HojiiYaa'iiLallabaAfuurawaaTeessoo Phaaphaasii….140
Keeyyata 41 .......................................................................143
MiseensotaBulchiinsaYaa'iiAfuurawaaLallabaTeessooPhaaphaasii
(koreehojiiraawwachiiftuu)…………………………………....143
Keeyyata 42 .......................................................................144
Aangoo fi HojiiBulchiinsaYaa'iiAfuurawaaLallabaTeessooPhaaphaasii
(koreehojiiraawwachiiftuu) ........................................................144
Keeyyata 43 .......................................................................149
WaajjiraTeessooPhaaphaasiiKutaaLallabaaGodinaa ...................149
Keeyyata 44 .......................................................................150
Aangoo fi hojiiHangafaPhaaphaasiiKutaaLallabaGodinaa ..........150
Keeyyata 45 .......................................................................154
Hojii fi AangooHojiiAdeemsisaaKutaaLallabaGodinaa .............154
Boqonnaa 7.......................................................................157
Yaa'iiLallabaAfuurawaaWaliigalaaTeessooPaatriyaarikii ..........157
Keeyyata 46 .......................................................................157
Hundeeffamaa fi CaaseffamaYaa'iiLallabaAfuurawaaWaliigalaa

TeessooPaatriyaarikii................................................................157
1.Hundeeffama:-....................................................................157
2. Caaseffama:- ........................................................……..158
Keeyyata 47 ..........................................................................159
MiseeensotaYaa'iiLallabaAfuurawaaWaliigalaaTeessooPaatri-
yaarikii...............................................................................159
Keeyyata 48 ..........................................................................161
Aangoo fi hojiiYaa'iiLallabaAfuurawaawaliigalaaTeessooPaatri-
yaarikii...............................................................................161
Keeyyata 49 ..........................................................................162
MiseensotaYaa'iibulchiinsaLallabaAfuurawaawaliigalaa (Koreehojir
aawwachiiftuu) TeessooPaatriyaarikii ........................................162
Keeyyata 50 …………………………………………………..164
Aangoo fi hojiiBulchiinsaYaa'iiLallabaAfuurawaWaliigalaa ko-
reehojiiraawwachiftu) Teessoo Phaaphaasii................................164
Keeyyata 51 ..........................................................................166
WaajiraWaliigalaManaLubummaaTeessoo paatryaarikii ............167
Keeyata 52 ...........................................................................167
Aangoo fi HojiiPaairiyaarikii ......................................................167
Keeyyata 53 ..........................................................................169
Aangoo fi Hojii, HojiAdeemsisaaWaliigalaa ...............................169
Keeyyata 54 ..........................................................................172
Waa`eeIttiaanaaHojiAdeemsisaaManaLubummaaWaliigalaa .....172
Boqonnaa 8.........................................................................173
TumaaleeGaraGaraa ..................................................................173
Keeyyata 55 ..........................................................................173
Sirnagaggeessummaa fi YerooMariiDabalataa Yaa`iiwwan Lallaba
Afuurawaa ..........................................................................173
Sirna gaggeessummaayaa'iiwwanlallaba afuurawaa...................173

Yeroowalga`iiDabalataa ............................................................174
Keeyyata 56............................................................................175
Waa`eeGaliiLallabaMana Kiristaanaa........................................175
Keeyyata 57 ...........................................................................179
Waa’eebaasiiwwanaddaaddaaManaKiristaanaa ..........................179
Keeyyata 58............................................................................181
Haalagalmee fi qabiinsaQabeenya fi hambaawwaSeenaa............181
Keeyyata 59 ...........................................................................183
Waa’eenamootamuudamanii, qacaramanii, tolaooltummaadhan-manakiristaanaanamootatajaajilaniif ; .........................................183
Keeyyata 60 ..........................................................................192
Mirga Fi DirqamaTaajajiltootaLuuboota Fi HojjetootaGaraGara-LallabaMana Kiristaana .............................................................192
KEYYATA 61..........................................................................197
Mirga fi DirqamaaAmaantootaDaangessaMana Kiristaana………..197
Keeyyata 62 ...........................................................................201
Baay’inaLubootaTajaajilaniiMurteessuu ...................................202
Keeyyata 63 ...........................................................................202
JechaLabsiiKanaa fi seeramanakiristaanaakandarbanirrattiMurtoo Kennamu. ..............................................................................202
Keeyyata 64 ...........................................................................205
HaalaSirnaa Raawwii...............................................................205
Keeyyata 65 ...........................................................................207
DangaaRaawwatamummaa .......................................................207
Keeyyata 66 ...........................................................................208
Fooyya’iinsaJecha Labsii...........................................................208
Keeyyata 67 ...........................................................................208
YerooJechiLabsiiIttiHojiirraOolu ...............................................208
Waa`eeErgamaa fi Muudama Lubootaa.......................................209

# Kadhannaa, Amantii fi Naamusa

Waaqa tokko maqaa Abbaa, Ilmaa, Afuura Qulqulluu; Qulqulluu Sillaaseetti aman-uudhaanii fi kadhachuudhaan haadha koo mana kiristiyaanaa kana duratti Seexana nan gana. Kanafis ragaan hirkoo koo baraa baraa Maariyaamiidha.

***Amananii kan kadhatan kadhannaa amantaa***

1. Hundumaa kan qabate,samii fi lafa,kan mul'atuu fi kan hin mul'anne kan uume, Waaqayyo tokkicha Waaqa Abbaatti ni amanna.
2. Addunyaan osoo hin uumamin isa waliin kan ture tokkicha Ilma Abbaa kan ta'e Gooftaa tokko Iyyasuus Kiristoositti ni amanna.

Ifa ifarraa argame, Waaqa Waaqa dhugaarraa argame kan dhalate malee kan uumame kan hin umamne, Waaqummaasaan Abbaa waliin kan wal qixxaatu, hundumtuu isaan kan ta'e, isaan malee garuu waan tokkollee kan ta`e kan hin jirre, samiirras kan jiru lafarras kan

jiru. Waa'ee keenya waa'ee namaaf waa'ee faayyina keenyaaf samiirraa gadi bu'e. Hojii Afuura Qulqulluutiin qulqulleettii dubroo Maariyaam irraa gonkuma nama ta'e. bara pheenxicha Philaaxos waa'ee keenyaaf fannifame. Dhukkubsate, du'ee awwaalames. Akka kitaabolii qulqulluu 'oo irratti barreeffame gaafa guyyaa sadaffaa warra du'an irraa adda ba'ee ka'e. Kabajaan gara samiitti ol ba'e mirga Abbaasaas taa'e. Lammaffaas warra du'anii fi warra jiraattotatti murteessuuf gooftummaan ni dhufa. Mootummaan isaas xumura hin qabu.

3. Gooftaa jiraataa kan ta'e, Abbaarraa kan ba'e Afuura Qulqulluuttis ni amanna. Akka isaaf sagadnuu fi isa galateeffanuuf Abbaa fi Ilma waliin raajotaan akka dubbatetti.
4. Hundumaa ol kan taate duuka bu'oonni kan walitti qaban tokkitti qulqulleettii mana kiristaanaattis ni amanna!
5. Cubbuun kan ittiin dhiifamu cuuphaa tokkittiitti ni amanna.
6. Warri du`an akka ka`an abdii ni taasifanna. Jireenya isa dhufufis baraa baraan.Ameen.

# Waaqa kan deesse kadhannaa haadha keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaamii

"Lubbuun koo Waaqayyoon guddaa ni galateeffatti. Afuurri koos, Waaqayyo fayyisaa kootti ni gammaddi. Salphina garbittisaa argeerahoo. Kunoo har'aa jalqabee, dhaloonni hundumtuu eebbifamtuu naan jedhu. Jabaa kan ta`e inni hojii guddaa naaf raawwateerahoo. Maqaan isaas Qulqulluu dha. Dhiifamni isaas, warra isa sodaatan irra dhalootaa hanga dhalootaatti ni jiraata. Humna irree isaatti taasise. Akka yaada garaa isaaniitti warra of tuulan isaan bittinse. Warra bulchitootaas teessoo isaaniirraa isaan salphise. Warra gadi of qabanis ol isaan qabeera. Warra beela'anis wanta gaariidhaan isaan quubseera. Sooressotas harka qullaatti hambise. Abbootii keenyatti akka dubbate Abrihaamii fi sanyii isaaf dhiifamni isaa bara baraaf akka ta`u yaadatee Israa'el ilma isaas gargaareera.(Luq 1:46-55)

## <u>Farfannaa Qulqulluu Yaared irraa</u>

Maaloo mana kiristaanaatiif jettee dirree irratti kan kabalamte! Kana kan taasistee dhiiga

kee kabajamaan ishee qulqulleessuuf jetteeti. Isheef jedhee hidhamee harkifamuu kan danda'e. Balleessaa osoo hin qabaatin hancufa xuraawaa yeroo itti tufan kan obse. Waaqayyo muka fannoo irratti fannifame.

## Isin akkas jedhaa kadhadhaa

Yeroo kadhattan akka of-tuultotaa hin ta'inaa; ati garuu yeroo kadhattu gara mana keettii ol seeni, balbala kee cufadhuutii dhoksaatti kan jiru abbaa kee kadhadhu; dhoksaatti kan si argu abbaan kee ifatti siif ni deebisa.

Warri hin amanne baay'ina dubbii isaaniitiin kan dhaga`aman isaanitti fakkata. Yeroo kadhattan akka isaanii akkasumaan hin dadhabinaa. Isin akkanatti kadhadhaa.

Yaa Abbaa keenyahoo, samiirra kan jiraattu maqaan kee haa galatoomu, mootummaan kee haa dhufu, heyyamni kee samiirratti akkuma ta'e akkasumas lafarratti haa ta'u, biddeenas keenya har'aaf ga'u nuuf kenni, yakkaa keenya nuuf dhiisi nutis kan nu yakkaniif akkuma dhiifnu qorumsatti nu hin galchin hamaa irraa nu

oolchi malee;motummaan kan keeetiho hum-nis galannis bara baraan ameen.(Mat 6:5-13)

Yaa Giiftii keenya dubroo Maariyaam nagaa ergamaa qulqulluu Gabri`eeliin nagaa siin jenna, yaada keetiin dubroodhahoo, foon keetinis dub-roodha. Yaa haadha Waaqayyoo isa moo`aa nagaan siif haa ta'u. Ati dubartoota keessaa kan eebbifamtedha firiin gadaamessa keetiis kan eebbifamedha. Kennaan kan guutamte gam-madi. Waaqayyo si wajjiin jirahoo. Jallatamaa ilmakee Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos ir-raa dhiifama nuuf kadhadhu; cubbuu keenya akka nuuf dhiisuuf barabaraan ameen.

## Waaqayyo Tokkicha Abbaa Hundumaatu Jira

Waamicha keessaniin abdii tokkoon akka waammamtan qaama tokkoof afuura tokkotu jira. Gooftaa tokko , amantaa tokko, cuuphaa tokko hundumaa ol kan ta'e; hundumaan kan hojjetu hundumaan kan jiraatu, Waaqayyo tokko abbaa hundumaatu jira. Efe 4:4-6

## Amantiikee Hojiin Agarsiisi

Yaa obbolootakoo namni ani amantiin qaba kan jedhu hojii garuu kan hin qabne yoo jiraate

maal isa gargaara? Amantiin isaa isa fayyisuu ni danda'aa? obboleessi ykn obboleettiin qullaasaanii yoo ta'an, nyaata guyyaa yoo dhaban isin keessaa tokko nagaan deemaa, ibidda ho,ifadhaa, quufaas yoo ittiin jedhe qaama isaaniif garuu waan barbaachisu yoo hin kennineef maal bu'aa qabaaf? Akkasumas amantiin hojii hin qabne yoo jiraate ofiisaan kan du'edha. Haa ta'u malee namni tokko ati amantii qabda anis hojiin qaba amantii kee hojii kee irraa adda baasii natti agarsiisi anis amantiikoo hojiidhaan sittin agarsiisa jedha. Waaqayyo tokko akka ta'e ati ni amanta, gaarii goota. Jinniwwan ammoo ni amanu ni hoollatus. Ati yaa nama dhibaahaa nana amantiin hojii irraa adda ba'e du'aa akka ta'e baruu ni barbaaddaa? Abbaan keenya Abrahaam. Ilma isaa Yisaaqiin aarsaaf yeroo dhiheessu hojiidhaan akka nama qajeelaa ta'e hin beektuu? Amantii hojii waliin qindeessee raawwachaa akka ture hojiidhaan amantii akka raawwate ni argitaa? Kitaabnis Abrahaam waaqayyoon amane,qulqullummaas ta'ee lakkaa'ameef kan jedhe ni raawwate, waaqayyoon kan jaalatus jedhame. Namni amantaa qo-

faan osoo hin taane hojiidhaan akka fayyu ni argitu, Akkasumas gaalamootittiin Ra'aab immoo ergamtoota simattee karaa biraa irraa yeroo geggeessite hojiidhaan nama qajeeltuu hin taaneeree? Foon lubbuu irraa adda ba'e du'aa akka ta'e akkasumas ammoo amantiin hojii irraa adda ba'e kan du'edha. Ya'i 2:14-26

## Seera Ooriitii fi Seera Wangeelaa Abboommii kurnan Ooriitii

1. Waaqayyo waaqnikee anadha. Ana malee waaqoliin biroo siif hin ta'iin. Olitti samiirra kan jiru, gadittis lafa irras kan jiru ,lafaa gadittis wantoota bishaan keessa jiran fakkii eenyumaaniyyuu, fakkii bocame kamillee ofii keetiif hin taasifatin,hin sagadiniif, hin waaqessinis.
2. Maaqaa waaqayyo waaqa keetii akkasumaan hin waamin.
3. Guyyaa Sanbataas akka qulqulleessituuf yaadadhu, Guyyaa ja'a hojjedhu, hojiikee hundaa raawwadhu, guyyaa torbaffaan garuu sanbata waaqayyo waaqa keetiiti.
4. Abbaa fi Haadha kee kabaji.
5. Hin ajjeesin

6. Hin Ejjin( hin sagaagalin)
7. Hin hatin
8. Hiriyyaakee irratti sobaan dhugaa hin bahin.
9. Mana hiriyyaakee, qabeenyasaa isaa hundaa kamiiniiyyuu hin hawwin.
10. Hiriyyaakee akka ofii keetti jaaladhu. Ser. Ba'u 20:2-17, ser lew 19:18

## Seera Wangeelaa( isheenis kan gonkuma fi seera hojii gaariiti)

Gooftaan keenya Iyyasuus kiristoos seera dhugaa seeraa hojii gaarii raawwachuun abbaan keessan inni samii gonkumaa akka ta'e isinis gonkumaa ta'aa jechuun Kan barsiise seerri jaalalaa fi seerri goonkumaa jechoonni wangeelaa ja'an kunoo.

1. Warra darbaniif hin ajjeesin akka jedhame dhageessaniittu, kan ajjeese martinuu murtoon ni ta'aaf, ani garuu isinin nan jedha obboleessa isaa irratti akkasumaan kan dheekkamu hunduu murtoon ni ta'aaf obboleessa isaatiin moofaa kan ittiin jedhu hunduu murtoo adabaatu ta'aaf, doofa kan jedhu hundaaf murtoo abidda gahannamiitu isaaf ta'a.

2. Hin ejjin akka jedhame dhageessaniittu ani garuu isiniin nan jedha gara dubartii kan ilaale hunduu kan hawwes yeroodhuma sana laphee isaatiin ishee waliin ejjeera.
3. Haadha warraa isaa kan hiiku hunduu bar-reeffama ittiin ishee hiiku haa kennuuf jedh ame ani garuu isiniinan jedha sababii ejjaa malee haadha mana isaa kan hiiku hunduu ejjituu taasiseera, kan hiikamte kan fudhes ejjeera(qalbii jijjiirrachuu ishee barsiisaan gaabbii ishee fi olloonni ishee ragaa ba'aniifi haa eerumtu jechuun hayyoonni ni hiiku) hikaa wangeela mate 5:32,
4. Akkasumas warra duraaniif sobaan hin kak-atiin haa ta'u malee kakuuwwankee gooftaatti kennadhu akka jedhame dhageessaniittu ani garuu isiniinan jedha raawwattanii hin ka-katinaa ofii keenis hin kakatin, haata'u malee jechi keessan eeyyee yookaan wahuu(lakki) haa ta'u. Kana irra kan darbe hamaadha.
5. Qooda ijaa ija qooda ilkaanii ilkaan jechuun" ijji yoo bade, iji isaa haa balleefamu ilkaan yoo cabe ilkaan isaa haa cabu" kan jedhu dhag-

eessaniittu (ser. Ba'u 21:24, ser lew 24:20, ser. kes deb 19:21)

Ani garuu isiniin nan jedha hamaa hamaan hin morminaa.1Qor 6:7. Hiikkaa mat 5:39.

Nama hamaa dubbii hamaadhaan nan injifadha,hojii hamaa hojii hamaadhaan nan moo'a hin jedhin, hojii hamaa hojii gaariidhaan balleessiin malee nama hamaa hojii gaariidhaan moo’adhuun malee . Roomee 12:21.

6. Hiriyyaa kee jaaladhu diinakees jibbi akkuma jedhame dhageessaniittu ani garuu isiniinan jedha abbaa keessan isa samiirra jiruuf ijoo llee akka taataniif diinota keessan jaaladhaa, warreen isin abaaranis eebbisaa, kanneen sin jibbaniifis gaarii taasesafii , waa’ee warra sin arii’ataniifis kadhadhaa, inni hamootaa fi warra gaggaarii irratti aduu ni baasatii qulqullootaafi cubbamoota isaarrattis rooba ni roobsatii kan isin jaalatan yoo jaa lattan gatii maalii isiniif qabaree-? Qaraxxoonnis kanuma raawwatu mitiiree? Obboleessa keessan qofa kan kabajjan yoo ta’e caalchistanii bu’aa fakkeenyumaa maalii ho-

jjattan? Obboleessa isaanii qofa jaalachuu immoo warri alagootnis ni raawwatu mitiiree? Isinis abbaan keessan inni samii hundumaa sirreessee jaalachuudhaan gonka akka ta'e hunduma sirreessitanii jaalachuudhaan gonkuma ta'aa. hiikkaa wangeelaa Maat 5:47-48, 5:21-28

## Hammenya Gaarummaadhaan Moo'adhu

Yaa jaalatamtootakoo ofii keessaniif haaloo hin ba'iinaa, dheekkamuurra kennaa malee haaloon kankooti ani oolmaasa nan deebisaaf jedha gooftaan jedhamee barreeffameera. Diinakee garuu yoo beela'e nyaachisi , yoo dheebote obaasi, kana gochuukeetiin mataa isaarratti ramaxa ibiddaa ni tuulta, waan hamaas gaarummaadhaan moo'i malee hamaadhaan hin moo'iin . Roomee 12:19

## Ajajoota Lamaan, Waaqakee Jaaladhu, Hiriyyaakees Jaaladhu

Yaa barsiisaa abboomota keessaa ishee kamtu guddoodha?Jedhee gaafate Iyyesuusis jedheen waaqayyo gooftaakee gonkuma lapheekeen, gonkuma lubbuukeen gonkuma yaadakeetiinis jaal-

adhu.Abboommiin guddittii fi jalqabaa ishee kanadha. Isheen lammaffaas ishee kana fakkaatti isheenis hiriyyaakee akka lubbuukeetti jaaladhu kan jettudha. Seera abbboommiiwwan lameen kanaatiin raajonni hundi fannifamaniiru. Matee 22:36-40

## Jaalalli xumura seeraati.

Walii walii keessaniin wal-jaalachuurraa kan hafe gatiin eenyuuyyuu isinirra hin jiraatiin, nama biraa kan jaalatu seera raawwateeraatii. Hin ejjiin, hin ajjeessiin, hin hatiin, sobaan dhugaa hin ba'iin , hin hawwiin kan jedhu abbooommotaa kanneen biro hunda wajjin kana' hiriyyaakee akka lubbuuketiitti jaaladhu, jecha jedhuun hammatameera. Jaalalli hiriyyaasaaf hamaa hin raawwatu kanafuu jaalalli xumura seeraati. (Roomee 13:8-10).

## Obboleessikee Yoo Si Miidhe Maal Goota?

Obboleessikee yoo si miidhe atii fi inni qofaa kessan taa'aatii komadhu, yoo si dhaga'e obboleessakee oolfattetta, yoo si dhagahuu baate

garuu afaan ragoota laman yookaan sadiin akka ragga'u nama tokko yookaan lama of wajjin fudhadhu, isaanis yoo dhagahuu baate mana kiristiyaanaatti himi, mana kiristiyaanaas yoo dhagahuu baate akka warra hin amannee fi warra qaraxxootaatti lakka'i. yeroo sanatti Pheexiroos gara gooftaatti dhiyaatee yaa gooftaakoo obboleessikoo yoo na miidhe yeroo meeqan dhiisaaf? hamma si'a toorbaattii? Jedheen. Iyyesuusis aakas jedheen toorba si'a toorbaatama malee si'a toorba siin hin jedhu. (Mate 18:15-22)

## Dursii Obboleessakee Waliin Araarami

Egaa kennaakee aarsaa yoo dhiheessitu obboleessikee waan tokko akka sirraa qabu yoo yaadattte achuma aarsaa sana fuulduratti kenn akee dhiisii deemiitii dursii obboleessakee wajjin araramiboodas koottuu kennakee dhiheessii.Diinakee wajjiniin karaarra yeroo jirtu daf iitii isaan walii gali, diinnikee abbaa murtiif akka si hin laanne abbaan murtiis garbichasaaf, gara mana adabaattis ni darbatamta dhugaan siin jedha saantima ishee dhumaa hanga kafaltutti achii hin baatu. (Mate 5:23-26)

## Dursiitii Utubaa Ijakee Keessaa Baasi

Akka murtoofneef hin murteessinaa, murtoo murteessitniin sinitti murteeffamaatii, kan ittiin safartaniinis isiniif ni safarama. Huuba ija obboleessakee keessa jirus maaliif ilaalta?Utubaa ijakee keessa jiru garuu maaliif hin argitu? Yookan obboleessakee ijakee keessaa huuban siifan baasa naaf eeyyami akkamitti jettanii? Kunoo ijakee keessa utubaatu jira ati yaa isa hin amannee dursiitii ijakee keessaa utubaa baasi, sana booda ija obboleessakee keessaa huuba baasuuf qululleessitee agarta. (Mate 7:1-5).

## Dubbiiwwan Wangeelaa Ja'an Kan Hin Raawwanne Itti Murteeffama

Guyyaa murtoo isa dhumaa gooftaan cubbamtootaan akkas jedhaan: beela'ee na hin nyaachifne, dheebodhee na hin obaafnee, keessummaa ta'ee na hin simannee, dhukkubsadhee hidhamees na hin gaafannee, isaanimmoo deebisuudhaan yaa gooftaa beeloftee yookan dheebotee yookaan keessummaa taatee yookaan hidhamtee yookaan daartee yookaan dhukkubsattee yookaan hidhamtee yoom agarree

sin tajaajillee? jedhuun .yeroo sanas dhugaan isiniin jedha hundumarra kan xiqqaatan warren kanaaf tokkoosaaniif waan hin godhiiniif anaaf immoo naaf hin goone jedhee deebisaaf. isaan kunis gara adabbii bara baraatti , qulqulloonni garuu gara jireenya bara baraatti ni dee- mu. (Mate 25:42-46).

## Kunoo Jecha Labsii Himaa Lafa Onaatii (Gammoojjiitii) Iyyu

Jechi waaqayyoo lafa onaatti jecha macaafa raajicha Isaayyaassiin gara ilma zakkaariyaas Yohaannisitti dhufe.

Karaa gooftaa qopheessaa daandiisaas qajeelchaa jechaa lafa onaatti sagaleen nama iyyuu dhooqni hunduu haa guutu, gaarreeniifi lafti olka'oonis gad-haa jedhu, xaxamaanis daa ndii qajeelaa haa ta'u karaa jajjallaanis (ሻካራ) qajeelaa haa ta'u namni foon uffate hundi fayyisuu waaqayyoo haa argu jedhamee akkuma barreeffame haqamuu cubbuuf cuuphaa gabbii lallabaa ,biyyoota nannawaa yoordaanos jiran hunda dhufe. Kanaafuu uummata isaan cuuphamuuf bahaniin akkas jedhaanii ture. Isin

yaa ilmaan buutii nana dheekkamsa dhufurraa akka baqattaniif eenyutu sinitti agarsiisee? Egaa firii gaabbiif ta'u raawwadhaa, laphee keessaniin abbaa keenya Abrahaamiin qabna hin jedhiinaa.Dhagoota kanarraa waaqayyo Abrahaamiif ilmaan kaasuu akka danda'u sinittan hima. Ammas qottoon mukkeen jala taa'eera egaa mukti firii gaarii hin godhanne hunduu ni murama, gara ibiddaattis ni darbatama. Uummatichis egaa maal haa goonu? Jedhanii ni gaafatu ture innis deebisee uffata lama kan qabu isa hin qabneef haa hiru, nyaatas kan qabu akkasuma haa godhu jedha ture. Qaraxxoonnis cuuphamuudhaaf dhufanii yaa barsiisaa maal haa goonuu jedhaniin.

Kan siniif ajajame caalchiftanii hin fudhatiinaa jedheen, loltootnis (cibrootnis) nuyi immoo maal haa goonu jedhanii gaafachaa turan. Innis eenyumattiyyuu hamaa hin hojjetinaa , eenyuuniyyuu sobaan hin himatiinaa miindaan keessan isin haa ga'u jedheen.

Uummatichis eegaa osoo jiranii hunduu lapheesaaniitti waa'ee Yohaannis kuni kiristoos ta'in-

naa? Jedhanii yaadaa turan. Yohaannis deebisee ani bishaaninan sin cuupha, haa ta'u kophee isaa hiikuun kan naaf hin taane anarra kan jabaatu ni dhufa, inni afuura qulqulluufi ibiddaan isin cuupha qorbiinis (ማንሺ) harkasaa jira.obdiisaas gonkumaa ni qulqulleessa, qamadiisaas gara gombisaatti ni galcha, habaqii isaa immoo ibidda hin dhaamneen ni guba.

Kanaafuu uummatichas gorsoota biro bayyedhaan isaan gorsaa wangeela lallabaa ture. (Luq. 3:3-18)

## Ragaa Ba'umsa Labsii Himaa Yohaannis Cuuphaa


Ayuudonnis ati eenyu jedhanii gaafatan, innis (yohaannis cuuphaan) raajichi Isaayyaas akkuma jedhe daandii gooftaa qajeelchaa jedhee lafa onaatti namni iyyu (labsii himaan) anadha jedhe. Borumtiisaas yohaannis Iyyesuus garasaa yeroo dhufu argee akkana jedhe ; kunoo cubbuu addunyaa kanaa kan dhabamsiisu hoolaan waaqayyoo . Namni tokko ana booda ni dhufa, ana dura kan turee fi anarra kan kabajame ta'eera jedhee waa'ee isaa kanan dubbadhe isa kana.

Anis hin beekuun ture, haa ta'u malee Israa'eloota akka muul'atu bishaaninin cuuphaa dhufe.Yohaannisis akkas jedhee rageesse, afuurri akka guugee ta'ee yeroo samiirraa bu'un arge, isarras ni qubate. Anis hin beekuun ture, haa ta'u malee bishaanin akkan cuuphuuf kan na erge inni Affuurri ennaa irratti bu'uu fi irra jiraatu kan muul'atu Afuura Qulqulluuudhan kan cuuphu isa naan jedhe. Anis argeera, innis Ilma Waaqayyoo akka ta'e rageessera (Yoh 1:19-31).

## Iyyi, ummata koottis Daddarbuu isaanii Itti himi

Humnaan iyyi, hin qusatin, sagalee keetis akka faaggaatti ol kaasi, ummata kootti daddarbuu isaanii, mana Yaa'iqoobittis cubbuu isaanii himi. Haa ta'u malee, guyyaa guyyaan na barbaadu, karaa koo beekuufis ni jaallatu hojii qajeelaa akka hojjetan murtii waaqasaanis akka hin dhiisne, uummanni murtee dhugaa na kadhatu.Gara Waaqayyoottis dhiyaachuu ni jaallatu. Maalif soomne, atis nu hin ilalle. Qaama keenya hoo maaliif salphifne, atis nun beektu, jedhu. Kunoo guyyaa soomaatiin fedha kees-

san raawwattu, hojjettoota keessanis ni dhiphiftu. Kunoo lolaa fi mormiidhaaf soomtu, irree hamaadhanis ni rukkuttu sagalee keessan gara samiitti dhageessisuuf akka har'a soomtanitti hin soomtan, soomni ani filadhu kanaayii? Namni lubbuu isaa kan salphisu guyyaa akkanaattiyii? Ammaan kana ofisaa akka illillii akka qadi of qabu, bututtoo fi daaraa akka of jala afuufii? Amman kana sooma kana fuula Waaqayyoo duratti guyyaa jaallatame jettaanii? Soomni ani filadhes kana mitii?Hiidhaa badiis akka hiiktaniif, hiidhannoo wanjoos akka gadi dhiistaniif, warren dhiibamanis akka fakkenya kennitaniif wanjoosaanii hundas akka cabsitaniif mitii?Kan beela'eef buddeena kee akka qooddu, warra godaananii fi beela'an gara mana keetti akk fudhattuuf, kan dares akka uffistuuf, fira foonii keerraa akka adda hin baafne mitii? Yeroo sana ifti kee akka urjii bariitti in ifa, fayyisuun kees dafee biqila(raawwata), hojii qajeelanis fuldura kee adeeema, ulfinni Waaqayyoos human ta'ee si tiiksa. Yeroo sana ni waamta, Waaqayyos si dhagaha, ni waamta inni kunoo siin jedha(Isaay 58:1-9).




Tokkummaa fi bulchiinsa mana Kiristiyaa-naa Qulqulleettii keenya cimsuuf Yeroo afraffaaf bara 2009 fooyya'ee kan ba'e.

**Danbii Yaa'ii Lallaba Afuurawaa**

# Waa'ee Filannoo fi Aangoo Waldaa Isxifaanos, Waa'ee Buusii Maallaqaa Waldaa Amantootaa fi Waa'ee Murtii Afuurawaa

## Waa'ee Filannoo fi Aangoo Waldaa Isxifaanos

Duuka bu'oonni kudha lamaanis hundumaa waamanii akkas jedhaniin, sagalee Waaqayyoo dhiifnee maaddii tajaajiluun nuuf hin ta'u.obboloota koo gaarummaan kan ragga'eef, Afuura Qulqulluunis fi beekkumsaan kan guuttaman dhimma kanaafis ni muudnaa namoota torba isin keessaa filadhaa; nuti garuu kadhannaa fi sagalee isaa tajaajiluutti ni jabaanna. Yaanni kunis amantoota hunda ni gammachiise; dhugaa fi Afuura Qulqulluun kan guuttaman, Isxifaanosin, Filiphoosin, Phirookoroosin, Niqaaroo naanis, Xiimoonin, Phaarmeenaanis, gara Yuhuudotaatti galee kan ture Niqaalaawoos is warra Antsookiyaa ni filatan. Duuka bu'oota fulduras, erga kadhata dhiyeessan boodas harka isaanii itti fe'an(Hojii DU 6:2-6).

## Waa'ee Buusii Maallaqaa Waldaa Amantootaa

Ummanni amanes laphee tokko, lubbuu tokkos qaba ture, qabeenyisaanis walitti ture malee eenyuyyuu kan qaban kessaa akka dhuunfaa isaatti namni dubbate hin turre. Duuka Bu'oonnis du'aa ka'uumsa gooftaa Iyyesuus Kiristoos human gudhaadhan ni rageessu ture; hunduma isaanirras kennaa guddaatu ture. Jidduusaanis rakkataan tokkoyyuu hin turre, lafa ykn mana kan qaban gurguranii gatii gurgurtaa sana ni fidaniimiila duuka bu'oota jala kaa'u ture, hundumaafuu akkabarbaachisutti ni hiru ture (Hojii DU4:32-35). Qulqullootaf haala horii itti baasan, manneen kiristaanaa Galaatiyaa akkuma tumatan, isinis akkasuma raawwadhaa. Maallaqa walitti buusun kuni yeroon dhufutti akka hin taane, isin keessaa tokkoon tokkoonsaa turban torb- aniin guyyaa isa jalqabaa akka isaa milkaa'etti hanbisee mana haa kaa'u.yeroon dhufus eenyumayyuu yoo ta'e namoota amanamoo jettannii yaaddan hojii gaarii keessan gara Iyyeruusaalem akka isiniif geessan xaalayaa kenneefi nan erga. Ana deemun yoo na barbaachise im-

moo na wajjiin haa deeman, isinis garan deemu hundatti imala kootirratti akka na gargaartan (1 Qor 16:-1-6).

## Waa'ee Murtii Afuurawaa

Qulqulloonni addunyaa irratti akka murteessan hin beektaniiyii?Addunyaadhaafis murtii yoo laattan, murtuma ishee xiqqoos hin laattanii? Obboloota gidduutti jaarsa kan ta'u namni tokkos gudduu keessanitti hin argamuu? Haa ta'u malee obboleessi obboleessa ni himata, kuni warroota hin amanne gidduuttiyyuuni godhamaa? Kanaaf tokkoon tokkoo keessan jidduu mormiin yoo jiraate hir'ina keessaniin; yoo balleessitan isiniif hin wayyu turee? Haa ta'u malee isin ni yakkitu, ni gowwoomsitus isumayyuu obboleessa keessan(1Qor 6:2-8).

## Baafata

Maqaa abbaa kan  ilmaa kan afuura qulqulluu waaqa tokkon ameen.

Tokkummaa fi bulchiinsa qulqulleetti mana kiristaanaa cimsuuf bara 2009tti yeroo afraffaaf fooyya'ee kan ba'e.

Sagalee labsii yaa'ii lallaba afuuraa

## Seensa

Manni kiristaana Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaa gamtaa lubootaa fi amantootaan, yaa'ii lallabaatiin akka caaseffamtuuf yaadamee ajaja labsii lakk. 83/85 Eyyamamee Onkoloolessa 15 bara 1965 maxxanfamee kan ba'e sagalee labsii maxxansa tokkoffaa lakk 1 ,Ebla 19, 1997 fooyya'ee kan ba'e yaa'ii lallaba afuurawaa fooyyessuuf jecha labsii Muddee 10 bara 1974 maxxanfame kan ba'e tumaa jecha labsii yaa'ii lallaba afuurawaa Caamsaa 9/1977 fooyya'ee kan ba'e tumaa yaa'ii lallaba afuurawaa bara 1991 yeroo sadaffadhaaf fooyya'ee kan ba'e jecha labsii akkasumas qajeeltoowwan yeroo addaa addaa darbaa turan fooyyesuu fi walitti qabuun barbaachisaa ta'ee waan argameef

Manni kiristaanaa waldaa lubootaa fi amantootaan bulbulchiisa yaa'ii lallaba afuurawaan geggeeffamuun durumaa kaasee kan ture malee haaraa waan hin taaneef seenaa mana kiristaanaa fi barreefamoota kitaabota qulqullaa'oo keessumaa hojii ergamootaa bu'uura taasi fachuun

Geggesitoota fi bulchiinsa ishee yaa'ii duuka bu'ootaa Iyyerusaalemitti taasifame muxxannoo fi murtoo yaa'icha irratti darbe seeraa fi sirna ittin waldaan lubootaa fi amantootaa ittin geggeefame irraatti hoggaantonii fi hoji gegeessitoonni filatamanii fi Afuura Qulqulluun kan filatamaniin geggeessudhaan hojicha geggeessaa akka turan bu'ureeffachuunidha. (Hoj.Duk6:1-6)

Qabeenyaa fi haraddaan ishee irmaannaa amantootaa walitti qabamee tajajiltoota isheef kanfalamu hoji geggeesituu hojii duuka bu'ummaa, gargaarsa rakkattootaaf akka oolu hubachuudhaan. Hoj.Duk4:32, hoj er 5:11, 1 qor 16:1-1.

Bulchiinsa mana kiristaanaa keessatti waldhabbiin yoo uumame murtee afuuraan akka laalamuu fi akka murtaa'uu qabu itti amanuudhaan.1qor 6:1-8.

Kitaabolee qulqullaa'oo keessatti (ser lew 27:26-33, kes deb 14:22, ser lakk 18:20-29, milk 3:7-12, sirak 7:31-32 ,sirak 32:10-13, 1qor 16:1-5, hoj duk 4:32-36)

Akkuma murtaa'etti amtoonnii fi luboonni qabeenyaa kamiyyuu argatan irraa mana qulqul-lummaa Waaqayyoof lubootta tajaajiltoota isheef kurnoo fi hangafa kennuun dirqama kiristaan-ummaa isaanii beeksisuuf.

Walumaa gala bulchiinsa mana kiristaanaa murtoo afuurawaan, tajaajilaa fi gama qabee-nyaan seeraa fi sirna mataa isheen akka of bul-chitu caasaadhaan akka hojjettu taasisuuf.

Sadarkaadhaan kan dhaabbatanii jiranii fi sichi kan dhaabbataniif yaa'ii lallaba afuurawaa caasaa seera mata isaanii jabeefachuu fi dhab-batawwan addaa addaa kutaa hojii addaa ad-daa keessatti guutuuf, aangoo fi hojii isaaniif malu seera fi sirna sinoodosiin tumee baasuun fudhatama akka qabaatuuf.

Abbaa seerota hundaa kan ta'e gargaarsa waa qayyo jiraatatiin qulqulluu sinoodoosii mana kiristaana ortodoksii tawaahidoo ( waloomaa ) itiyoophiyaa aangoo afuurawaa qabu bu'uref-fachuun akka armaan gadiitti sagalee labsii kana baaseera.

# Boqonnaa 1

## Murtoowwan Walii Galaa

### Keeyyata 1
### Mata duree gabaabaa

Sagaleen labsii kun " tokkummaa fi bulchiinsa mana kirsitaaanaa Ortodoksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa cimsuuf bara 2009tti yeroo afraffaadhaaf fooyya'ee kan ba'e Sagalee Labsii Yaa'ii Lallaba Afuurawaa" jedhamee caqasamuu ni danda'a.

### Keeyyata 2
### Hiikkaa

1. "Yaa'ii lallaba afuuraa" jechuun

a. buufata (axibiyaa) irratti kan dhaabatanii fi kan dhaabbachuuf jiran yaa'ii lallaba afuurawaa mana kiristaanaa (koree hoji raawwachiiftuu) miseensota barbaadan filachuuf, mis eensummaadhaan filachuuf kan danda'an mana kiristaanaa beekumsa isaaniin humna isaaniin qabeenyaa isaaniin, tajaajila isaaniin kan gargaaran luboota ,amantoota fi dargaa-

goota barattoota dilbataa kan keessatti argaman yaa'ii lallaba afuuraa walitti qabama buufata mana kiristaanaati.

b. Yaa'ii lallaba afuurawaa aanaa irratti dhaabbatanii fi dhaabbachuuf jiran miseensa barbaachisoo filuu fi filatamuuf kan danda'an qabeenyaa fi to'annaa tajaajilaa buufata mana kiristaanaa tokkoo tokkoo yaa'ii lallaba afuuraa irraa kan bakka bu'an luboota, amantootaa fi dargaggoota barattoota dilbataa yaa'ii aanicha keessaa walitti qabamaniidha.

c. Yaa'ii lallaba afuurawaa teessoo phaaphaasii biyya lallabaa irratti dhaabbatanii fi fuulduratti dhaabbataniif miseensota barbaachisoo filuu fi filatamuu tokkoo tokkoo yaa'ii afuurawaa aanaa(koree hoji raawwachiiftuu) lub oota bakka bu'an amantootaa fi dargaaggoota barattoota dilbataa kan keessatti argaman yaa'ii lallaba afuuraa teessoo phaaphaasii biyya lallabaati.

d. Teessoo paatriyarikiitti kan dhaabbatan yaa'ii lallaba afuurawaa yaa'ii bulchiinsa lallaba afu urawaa(koree hoji raawwachiiftuu) miseen-

sota barbaachisan filuuf filatamuu kan danda'an qabeenyaa fi tajaajila mana kiris taanaa kan baballisan tokkoo tokkoo teessoo phaaphaasii biyya lallabaa irraa luboota, amantootaa fi dargaaggoota barattoota dilbataa kan bakka bu'an yaa'ii lallaba afuurawaa walii gala teessoo paatriyaarikii (yaa'ii mana kiristaanaa walii gala biyyaati)

e. "Yaa'ii bulchiinsa lallaba afuurawaa" jechuun mana kiristaanaa buufataa, aanaa, biyya lallabaa, teessoo paatriyaatikii walumaa gala sadarkaadhaan kan dhaabbatanii jiranii fi gara fuulduraatti kan dhaabbatan yaa'iin lallaba afuuraa yaa'ii afuuraa mataa isaanitiin kan filatamanii fi ofii isaaniif yaa'ii lallaba afuuraa moggaafameef koree hoji raawwachiistuudha.

f. "Bulchiaa lallaba mana kiristaanaa" jechuun

A) Baarsiisaa( barsiistuu) kaawaalaa

B) hogganaa dabirii itti gaafatamaa mana kiristaanaa baadiyyaa ta'ee kan mogga'e luba olaanaa (luba gabazii) (barsiisa) (margeetaa)

g. "Hojii geggeessaa" jechuun

A, Hoji geggeessaa mana lubummaa aanaa

B., hoji geggeessaa biyya lallabaa

h. "hoji geggeessaa walii galaa " jechuun mana luboota walii galaa hoji geggeessaa olanaa jechuudha

## Boqonnaa Lama

## Sadarkaadhaan Kan Dhaabbatanii Fi Fulduratti Dhaabbachuuf Kan Jiran Murtoo Walii Gala Yaa'ii Lallaba Afuuraawwanii

### Keeyyata 3

1. Bu'uureffama yaa'ii lallaba afuurawaa mana kiristaanaa ortodoksii tawaahidoo Iti yoophiya
2. Qulqulluu sinoodoosii mana kiristaanaa ortodoksii tawaahidoo Itoophiyaa jalatti tees-soo paatriyaariikii hanga mana kiristaanaa buufataatti yaa'iin lallaba afuuraa bu'uura sagalee labsiitiin bu'ureffamee dhaab bateera.

3. Iddoo manni kiristaanaa ortodoksii tawaahidoo jirutti akkasumas waajjirri mana lubummaa iddoo argamu hundaatti yaa'iin lallabaa afuu rawaa akka dhaabbatu sagaleen labsii kun ni dirqisiisa.
4. kaawaala tokkummaa beekamoo ta'an tu-maa ittiin bulmaataaf qajeelfama qulqulluu sinoodoosiin kaawaalotaaf baaseen kan bu-lam waan ta'eef yaa'ii lallaba afuuraa akka hundeessaniif hin dirqisiifaman. Haata'u malee akka barbaachisummaa isaatii fi akka naannootti ilaallamuun hundeessuun ni danda'ama.
5. Daangessa mana kiristaanaa tokko irraa eeg alee aanaa anga teessoo paatriyaarikiitti yaa'ii lallaba afuuraa walii galaa kan dhaabbatanii jiraanii fi fuulduratti kan dhaabbataniif seera hariiroo hawwaasaa lakk 398 fi 399 bu'uuref-fachuun mana kiristaanaa qaama seerum-maa mirgaa fi dirqama mana kiristaanaa or-todoksii Tawaahidoo Itoophiyaa keessatti it-tiin hojiin ni raawwatama.
6. Teessoon phaaphaasii biyya lallabaa ma-

gaalaa guddoo akka aanaatti waan lakka'a-muuf kan mataa isaa kan ta'e yaa'ii lallaba afuuraa ni hundeeffata

## Keeyyata 4

## Gurmeessuu Yaa'ii Lallaba Afuuraawwanii

1. Yaa'ii lallaba afuurawaa lubootaa fi aman-tootaa mana kiristaanaa buufataa
2. Yaa'ii lallaba afuurawaa aanaa
3. Yaa'ii lallaba afuurawaa biyya lallabaa tees-soo phaaphaasii
4. Ya'ii lallabaa afuurawaa Teessoo paatriyaarikii walii galaa

## Keeyyata 5

## Kaayyoo Yaa'ii Lallaba Afuurawaa

1. Yaa'iin lallaba afuurawaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaatu
2. Mana kiristaanaa qulqulleettii keenya eeguu fi tajaajilli ishee guutuu akka ta'u taasisuu.
3. Tajaajiltoota mana kiristaanaa hojii duuka bu'ummaadhaan ijaaruu fi dandeettii isaanii fooyyessuu

4. Amantoonni beekumsa afuurawaa akka gud-datan hojii gaarii amantiin jabaatanii jireenya kiristaanummaatti akka jiraatan taa- sisuuf.
5. Bulchiinsa mana kiristaanaa cimsuu fi galiin ofdandeessisuu.

## Keeyyata 6
## Hojii Yaa'ii Lallaba Afuurawaa

kaayyoo yaa'ii lallaba afuuraa raawwachuu fi raawwachiisuuf hojiiwwan armaan gadii ni raawwata .

1. Wangeela.mootummaa waaqayyoo lallabuu fi barnoota isaa babaldhisuu
2. Mana barumsaa fakkeenyummaa fi idlee hun-deessuu fi ijaaruu
3. Tajaajila afuuraa fi hawwaasummaa aman-toota hundaan ga'uu
4. Mana barumsa dilbataa hundeessuu fi jabees-suu
5. Tajaajila.mana kiristaanaaf kan barbaachisan hundaa guutuu
6. Bulchiinsaa fi tajaajilli mana kiristaanaa seeraa fi sirna afuurawaan geggeessuu.
7. Mana kiristaanaa qabeenyaan of dandeessisuu

8. Qabeenya.mana kiristaanaa fi seeraa qulqulluu sinoodosiin tume bu'ureffachuun galmeen akka qabamu, akka eeggamu, akka misoomuu fi akka guddatu taasisuu.
9. Seerri mana kiristaanaa haala inni heeyyamuun qaama olaanaa irraa seerota tumaalee qajeelfamoota, ajajawwanii fi murteewwan raawwachuuf raawwachiisuu.
10. Fagoottis ta'ee dhihootti yaa'iin lallaba afurawaa argamu walii waliisaa waldeeggaree, wal gargaaree akka hojjetan taasisuu.
11. Dhaabbata wal gargaarsa tola addaa addaa bu'uressuu fi tajajila isaanii guutuu.
12. Hojii gamoo haaromsuu suphuu fi kan kana fakkaatan hojiiwwan hundaa yeroo isaa eegee kan raawwatu karooraa fi qajeelfama hojii qopheessuu Itiyoophiyaa qabeenya lallabichaa maallaqa baasii fi galii kan kana fakkaatan hojiiwwan hunda yeroo isaa eegee kan raawwatu karooraa fi qajeelfama hojii qopheessuu,hojiirra ooluu isaaniis too'achuu.
13. Baay'ina horodoftoota amantoota mana kiristaana ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaa qabeenya Yaa'ii lallbichaa ,maallaqa baasii

fi galii kan fakkaatan ragaalee barreeffamaa(odeeffannoon Istaatiksii) yerotti gal maa’anii qaama ilaallatuuf bifa gabaasan akka dhiyaatu taasisa.

14. Haala ragaalee labsii kana bu’uureffachuun mana kiristaanaa kamiyyuu dhimma ilaallatu raawwachuu fi raawwachiisuu.
15. Keyyata kana lakk 1-14 hojiiwwan tarreefaman dursee qorachuun waan barbaachisaa raawwachuu fi ta'ees yeroo argamu dhimmicha qaamota ilaallatu namoota dhuunfaa fi dhaabbilee waliin mari'achuun raawwachuu fi raawwachiisuu

## Boqonnaa 3
## Hundeeffamaa fi caaseffama
## Yaa'ii lallaba afuurawaa daangessa mana kiristaanaa
## Keeyyata 7
## 1, Hundeeffama

A. Luboonni mana kiristaanaa buufataatti argaman amantootaa fi dargaggoonni barattoota dilbataa bu'uura sagalee labsii kanaan tokkummaan ijaarramuun mana kiristaanaa buufataa tokko ni bu'uuressu.

B. haala kanaan yaa'iin lallaba afuuraa bu'uuteffame akka barbaachisummaa isaatti waaggatii al lama kan walitti qabamu yaa'ii luboota mana kiristaanaa bufataa amantoonni tokkummaan kan waliin hirmaatan yaa'ii afuuraani qabaata.

C. Yaa'iin afuuraa kan buufataa kaayyoo fi hojii sagalee labsii raawwachuu fi raawwachiisuu akka dandeesisuuf ji'atti al lama walitti qabamee hojii fi itti gaafatamummaa itti kenname kan raawwatu koree hojii raawwachiiftuu ni filata

D. Yaa'ii lallaba afuurawaa mana kirostaanaa buufataa kan hin beeknee fi kan itti hin hirmaanne biyya lallabaan yookan mana lubummaa walii galaan yookan qulqulluu siinoodoosiin kan hin heyyamamne waan tokkoyyuu waldaa kan lubootaa, ka.amantootaa fi dargaaggoota baratoota dilbataa maqaa mana kiristaanaa ortodoksii tawaahidoon hundeeffamuu hin danda'u.

**<u>2. Caaseffama</u>**

A. Bulchaan mana kiritaanaa walitti qabaa kan itti ta'e yaa'ii afuurawaa tokko ni qabaata

B. Bulchaan mana kiristaanaa buufataa walitti qabaa kan itti ta'e yaa'ii bulchiinsa lallaba afuuraa(koree hoji raawwachiistuu) ni qabaata.

C. Waajjira yaa'ii afuuraa buufataa ni qabaata.

D. Kutaa hojii addaa addaa buufatichati.

## Keeyyata 8

## Yaa'ii lallaba afuuraa mana kiristaanaa buufataa

1. Bulchaa mana kiristaanaa yaa'ii buufatichaa yookan qaama dhimmi isaa ilaallatuun lubootaaf amantoof waamichi taasifamee yaa'ii guutuu ta'a.
2. Walitti qabummaa bulchaa mana kiristaanichaa miseensa yaa'ii afuuraa seeraa fi sirna mana kiristaanaa hordofuun hojicha ni raawwatu ni raawwachiisu dhimmota sagaleen itti kennamu caalmaa sagaleen ni murteessu.
3. Miseensota sagalee laachuuf mirga qaban
   A. Hordofaa mana kiristaanaa Ortodoksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa kan ta'e.
   B. Yaa'ii lallaba afuurawaa daangessichaatti galmaa'ee waraqaa eenyummaa kan fud-

hatee fi yoo xiqqaate ji'a jahaaf jiraataa daangessichaa kan ta'e.

C. jiraataa daangessichaa ta'uu kan ibsu waraqaa eenyummaa seera qabeessa kan qaban

D. daangessichatti dirqama miseensummaa kan bahan

E. umuriin isaanii waggaa 18 ol kan ta'e luboota, saalan osoo adda hin qoodin aman toota qofaadha

4. sirna filannoo daangessichaa kan raawwachiisan mana kiristaanaa daangessichatii kan walaitti bahanii fi lubootni, amantootni fi barattootni Sanbataa keessatti kan argaman baay'inni isaanii shanii gadi, torbaa ol kan hin taane koree filachiistuu filee muuda. Miseensonni korichaas, keeyyatuma kana tartiiba lakkoofsa 3 jalatti ulaagawwan tarreefaman kan guutan, afuurummaa, hojii fi hubannoo isaanitiin kan beekkaman, seera mana kiristaanaan kan jabaatan, dubbisuu fi barreessuu kan danda'an ta'u.

5. Jecha labsii bu'uuraa Keeyyata 11 lakkoofsa 4tiin, filannoon yaa'ii lallabaaa haaraan adeemsifamuun ji'a tokko dura, bulchiinsi yaa'ii afuurawaa dura ture, bara hojii isaatti kan raawwatee fi raawwachiise, hojiiwwan karooran qabame, walumaa galatti gabaasni hojii fi faayinaansii sadarkaa isaa eeggate mana lubummaaf erga dhiyaatee booda karoorri fi gabaasni ilaallamee yoo ayyamame daangessichaaf akka dhiyaatu taasifama.
6. Jecha labsii Keeyyata 10'n kan eeraman miseensota yaa'ii bulchiinsa lallaba afuurawaa (koree hojii raawwachiistuu) isaan guyyichatti kaadhimummaadhan dhiyaatan keessaa sagalee caalmaatiin ni fila.
7.

   A. Dhiyeessummaa yaa'ii bulchinsichaan(koree hojii raawwachiistuun) yaa'iin afuuraa jecha labsii boqonnaa afur Keeyyata 16'n kan ilaalaman itti gaafatamtoota kutaalee yaa'ii lallaba afuuraa ni fila.

   B. Tajaajiltoota dhaabbataa ilaalchisee ku-

taa lallabichaa haala galii fi hojii daangessichaa ilaalchisee aangoo lubummaa kan qaban keessaa amantii isaaniin, ala isaaniin, beekumsaanii fi muuxannoo hojii isaaniin dorgomsiisee yaa'iin murteessee ni ramada.

C. Manneen kiristaanaa dandeettiin galii isaanii xiqqaa ta'eetti, miseensota lubootaa fi amantoota keessaa filatamaniin hojiin akka hojjetamu ni taasisa.

8. Ramaddii maallaqa waggaa(baajata) yaa'ii bulchiinsaatiin qo'atamee dhiyaatu sakatta'ee yoo itti amane, akka heyyamamuuf sadarkaa isaa eegee kutaa lallabaa teessoo phaphaasiitiif ni dhiyeessa.

9. Maallaqaa fi qabeenya, galii fi baasii waliigalaa mana kiristaana daangessaa, dhuma bara baa jataattii fi yeroo barbaachisaa ta'ee argametti, ogeessa herregaa kutaa lallabichaatin, barbaachisaa ta'ee yoo argamee fi kutaa lallabichaan yoo hayyamame, mana lubummaa wal iigalaan akkasumas kutaan lallabichaa oodi-

tara alaa dorgomsiisee akka qoratamu ni taasisa.

10. Yaa'ii bulchiinsa afuuraa daangessaarraa kan dhiyaatu gabaasa ooditaraa fi ibsa maallaqaa, qabeenyaa fi raawwii hojii ni dhaga'a, dhimmi falmisiisan yoo muudates sagalee caalman ni murteessa.

12. Itti waamamni yaa'ii kanaa sadarkaa isaa eeggatee, yaa'ii bulchiinsaa lallaba afuurawaa aanaa fi mana lubummaa aanaatiif ta'a.

## Keeyyata 9
## Hojii fi raawwii koree hojii Raawwachiistuu

1. Koreen filannoo kaadhimamtoota guyyuma sana eersisuun filannicha ni raawwachiisa. Guyyichatti filannicha raawwachiisuu yoo dadhabe garuu, Dilbata itti aanutti filanniha ni raawwachiisa.

2. Kaadhimamtoota miseensummaa koree hojii raawwachiistuuf dorgoman adda baasee fi haala raawwi filannoo qopheessee luboota fi amantoota daangessichaatiif filannoodhaf ni dhiyeessa.

3. Filattoonnis ulaagaalee jecha labsii Keeyyata 8 tartiiba lakkoofsa 3 irratti ibsame guuttachuu isaanii ni mirkaneessa.
4. Kenniinsi sagalee filannoo jalqabuun dura, koreen filachiisaa miseensota filatan sirriin akka beekanii fi gahumsa isaanii madaalaanii fi hubatanii filuu akka danda'aniif filattootaf qofa iddoo qophaa'etti barumsaa fi ibsi akka kennamuuf ni taasisa.
5. Kenniinsi sagalee filannichaas:- Akka naannoo fi akka tolutti, barreeffamaan ykn kaardiidhaan ykn harka baasuudhaanii fi lakkoofsisuudhan ta'uu danda'a.
6. Kaadhimamtoota koreen filachiisaa dhiy eesse keessaa, lubootaa fi amantoota daanges sichaatin kan hin deeggaramne yoo jiraatan, eerumsa yaa'ichaatin dhaabbidhaan dorgomt oonni biroo dhiyaatanii akka filaman taasisuuf itti gaafatamummaa qaba.
7. Sirni sagalee kenniinsaa erga raawwatee fi koreen filachiisaa yeeruma sana erga barreessee fi mallatteessee booda walitti qabaaa yaa'ichaa kan ta'e bulchaa mana kiristaanichaatif ni dhiyeessa.

8. Bulchaan mana kiristaanichaas qaboo yaa'ii koree filachiisaatin isaa dhiyaate mirkanaa'ee hojiirra akka ooluuf mana lubummaa aana-atiif ni dhiyeessa.

## Keeyyata 10
## Miseensota bulchiinsa yaa'ii lallaba afuurawaa mana kiristaanaa daangessaa (koree hojii raawwachiistuu)

Bulchiinsi yaa'ii lallaba afuurawaa mana kiristaanaa daangessaa (koreen hojii raawwa-chiistuu) gostii fi baay'ina miseensotaa, haalli filmaata miseensotaa, madaallin miseensota filat-amanii bu'uura murtoowwan armaan gaditti ibsamaniin raawwatama.

1. Baay'ina Gosaa miseensotaa

yaa'iin bulchiinsa afuurawaa daangessa mana kiristaanaa (koree hojii raawwachiistuu) akka armaan gaditti eerameen bulchaa mana kiri-staanichaa waliin miseensota lakkoofsaan shanii gadi hin taane sagalii ol hin taane ni qabaata.

A. Bulchaan daangessa mana kiristaanaa ……… walitti qabaa ya'ichaa

B. Miseensota lubootaa fi amantoota Lakkoofsuma kana qubee C fi D'dhaan eeramaan keessaa dandeettii bulchiinsaa kan qabu nama tokko ta'ee seera mana kiristaanaan kan jabaatee fi amala gaarii kan qabu lubni ykn amanaan yaa'ii kanarrattti filamu umuriidhaan waggaa soddomaa gadi jaatamaa ol kan hin taane ........ Itti aanaa Walitti qabaa yaa'ichaa

C. Daangessa mana kiristaanaa isaatti luboota idileedhaan tajaajilaa jiran keessaa kan filataman, luboota lamaa gadii kan hin taane fi afur kan hin caalle ......... Miseensa yaa'ichaa

D. Mana barnoota Sanbataa tokko keessaaa dargaggoota amantoota daangessaa keessaa kan filataman lamaa gadii kan hintaane afur kan hincaalle amantoonni...........miseensa yaa'ichaa;

E. Bareessaan idilee mana kiristaanichaa, barreessaa yaa`ii afuuraa daangessichaa ni ta`a. Haata'u malee yeroo murtii sagalee hinqabu. Manneen kiristaanaa barreessaa

idilee hin qabnetti, tajaajiltoota idilee keessaa miseensa yaa`ii afuurawaaf lubni filame, barreessaa yaa`ii mana kiristaanichaa …………………. bareesaa yaa'ichaa ni ta'a.

## 2. Filannoo Miseensotaa

## A. Madaallii Lubootaa filatamanii Miseensota gosa lubootaa keessaa filataman

1. Hojii Bulchiinsaaf barbaachisaa fi gahumsa kan qaban luboota tajaajiltoota idilee.
2. Naamusni kiristaanummaa hin taane kan irraa hin mul'anne gartummaa fi hojii kana faakkaatan yaada isaanii ni geddara jedhamee kan hin shakkamne.
3. Oftuulummaa, daba, loogii, machii,horii jaalachuu irraa kan fagaataniif amalaa gaarii fi obsa qabaachuu isaanii kan ragameef.
4. Tajaajila mana kiristaanaatiif, kadhannaadhan kan jabaatan;lallaba wangeelaaf kan saffisan.
5. Hirdhinni qarshii kan irratti hin argamin, yakka biraatiin himatamanii yaa`iidhaan ykn mana murtiitti kan itti hin murtoofne,yookaan haala

kamiiniyyu mirgi isaanii seeran kan jalaa hin dangeffamne, umuriin isaanii waggaa 21 ol kan ta`e ni filatamu

## B. Madaallii amantootaa filatamanii Amantoota keessaa garaagarummaan saalaa osoo hin uumamin

1. Seera mana kiristaanaattikan ciman, hordoftoota amantaa Ortodooksii Itiyoophiyaatti miseensadaangessayaa`itti galmaahanii dirqama isaanii kan bahan.
2. Jiraataa daangessa sanaa ta`uu kan ibsu waraqaa eenyummaa seera qabeessa kan qaban
3. Naamusa al kiristaanummaa kan irraa hin muldhanne, qoqqooddaan kutaa fi gochaawwan wal fakkaatoon yaada isaanii ni dabsu jedhamanii kan hin shakkamne
4. Oftuulummaa, daba, loogii, machii,horii jaala chuu irraa kan fagaataniif amalaa gaariifi safuu qabaachuu isaanii kan ragameef. Hird hinni qarshii kan irratti hin argamin,yakka biraatiin himatamanii yaa`iidhaan ykn mana murtiitti kan itti hin murtoofne,yookaan haala kamiiniyyu mirgi isaanii seeran kan jalaa hin dangeffamne

5. Daangessa sana keessa kan jiraatan, umuriin isaanii 21 hanga 60 kan ta`an,amantoonni ni filatamu.

**C. Lakkoofsi isaanii gama amantootaan ta`ee; mana barnoota Sanbataa keessaa kan filataman**

1. Mana Barumsa Sanbataa Daangessichaatti Miseensummaan kan galmaa'an;
2. Umuriin isaanii waggaa 18 hanga 35 kan ta'an;
3. Dandeetti gahaa kan qabanii fi hubannoo isaaniitiin kan galateefataman ;
4. Amantaa Ortodooksi Tawwahidoo Itiyoophiyaatti kan ciman;
5. doogmaa ,qannoonaa Sirna mana kiristaanattiitiin dargaggoonni hin hamatamne garaa garummaan saalaa osoo hin taasifamin ni filatamu.

## Keeyyata 11
## Filannoo fooyyeessu,diiguufi raggaasisuuf bara hojii tajaajilaa filatamtootaa

1. Filannoo fooyyeessu,diiguu fi raggaasisu:-

A. Daangessa mana kiristaanaatti kan raawwatamu filannoon yaa`ii lallabaa hundu-

umtuu dhiyeessa mana lubummaa aanichaatiin,hangafa phaaphaasii kutaa lallabichaatiin ni raga`a .Hangafti phaaphaasichaa haalli raawwii filannichaa sirrii ta`uu dhiisuu yoo hubate,filannicha yaa`iidhaan ilaalee fooyyeessu ykn diiguu ni danda`a.

B. Miseensonni yaa`ii lallabaa filatamanii hojii erga eegalanii booda, rakkoon hirdhina amantii, qarshii qisaasessuu ykn rakkoon biraa yoo uumame, kutaan lallabichaa, yaa`ii bulchiinsaatiin haalicha qoratee taa yitaa diiguu qaba.

2. Lubni ykn amanaan miseensummaad haaf filatametajaajila itti filatameef irra kan turu waggoota sadiif ta`a. Yeroo lamaa oliif itti fufiinsaan filatamuu hin danda`u.

3. Yaa`iin lallaba afuurawaa daangessaa mana kiristaanichaa barri hojii isaa dhumachuun duraa fi filannoon itti aanu gaggeeffamuun dura, gabaasa raawwii hojii dhiyeessuf dirqama qaba.

4. Barri hojii miseensota yaa`ii lalabaa hojiirra jiranii xumuramuuf baatii tokko dura filan-

noon miseensota haaraa ni raawwatama. Haa ta`u malee miseensonni haarawaan filataman hojii isaanii kan eegalan,barri hojii miseensota hojii irra jiranii yeroo xumuramuttidha.

5. Miseensota filatamaniif waa'e Jecha Labsii fi seerota mana kiristaanaa, qaamota dhimmi isaa ilaaluun leenjiin ni kennamaaf.

## 6. Waa'ee Miseensa bakka bu'anii

Miseensi tokko yeroon hojii isaa otoo dura du'aan ykn jijjiiraan ykn Keeyyata 10 lakkoofsa 2 A hanga C tti kan tarreefaman kan hinguunne ta'ee yoo argame ykn yaa'i bulchiinsa aanaatiiffilatamuusaaf ykn sababa biraatiin bakkichi duwwaa yoo ta'e filannoo darbe keessaa miseen sota filataman sagalee caalmaa kan qabu miseensa ta'ee bakka bu'uu ni danda'a.Haala kanaan miseensi bakka bu`u yoo dhabame, irra deebi` amee lubootaa fi amantootaan yaa`iin afuurawaa, harka caaluun filatamee,iddoo duwwaa jedhame sana miseensummaan akka bakka bu`u ni taasifama. Miseensi bakka bu`us kan tajaajilu hanga barri filannoo isaa raawwatutti ta`a.

## Keeyyata 12
## Aangoo fi Dirqama Bulchiinsa Lallaba Afuurawaa Daangessa Mana Kiristaanaa ( Koree hojii raawwachiiftuu)

Jechi labsii boqonnaa 2 Keeyyata 5fi 6 jalatti kan tarreefaman kaayyoo fi dirqama raawwachaa; dabalataanis bulchiinsa yaa`ii afuurawaa daangessamana kiristaanaa (Koree hojii raawachiiftuu) aangoo fi gocha kanaa gadii ni qabaata.

1. Haala Seerri mana kiristaanaa heyyamuun amantii,naamusaa fi caasaa sinodosii mana kiristaanaa eeguu fi eegsisuuf dirqama qaba.
2. Waa`ee meeshalee qulqullaa`oo,kitaabolee qulqullaa`oo, eegumsa, qabiinsa hambaawwan seena qabeessa gara garaa qo`achaa ni mari`ata,ni eega,ni eegsisa
3. Daangessa lallabichaa keessatti kan ka`an, dhimmoota amantaa fi iccitiiwwan mana kiri staanaa ilaalchisee yaa`ii luboota addaa ni hundeessa.
4. Akka seera mana kiristaanaatti abbaa warraa fi haadha warraa gaa`ela raawwatan gidduutti himannaa dhiyaatuu fi akkasumas aangoo lubummaa fi iccitiiwwan mana kiri-

staana dhimmoota ilaallatan hunda, keessumattuu kanaaf jedhamee, yaa`ii luboota mogg aafameen akka murtaa`u ni taasisa. Dhimmichi aangoo yaa`ii kanaa ol ta`ee yoo argame, sadarkaa isaa eeggatee qaama olaanoof ni dhiyeessa.

5. Dargaggoota mana barnoota Sanbataa waan hamaa irraa eeguu, barumsi kennamuufis ta`ee faarfannaan faarfatan, Doogmaa,Qannonaa fi darbii darboo mana kiristaana Ortodooksi Tawaahidoo Itiyoophiyaa bu`uura kan godhate ta`uu isaa mirkaneessuu,hojiin isaaniifi amalli isaanii naamusa kiristaanummaatin ala akka hin taane,hordofuu fi too`achuuf itti gaafatamummaa qaba. Dargaggoonni mana barnoota Sanbataatti kan hingalmoone akka galmaahan amantiif naamusaan akka ciman ni taasisa.

6.1. A. kennaawwan ni fuudhata kutaa dhimmi isaa ilaallatuufis ni beeksisa.

B. Maqaa daangessa mana kiristaanichaatiin ni himata,ni himatama.

1. Jecha Labsii Qaala bu'uura taasifachuudhaan karo-

oraafiqo`annoo isaa bulchiinsa kutaa lalalbichaatiif dhiyeessaa yeroo heyyamameef, maqaa daangessa lallaba mana kiristaanichaatiin.

A. Waliigaltee raawwachuu

B. Himatamuu

C. Qabeenya socha`aa fi hin sochoone hanga hojichaaf barbaachisu, waliigalteedhan kireessuu fi kireeffachuu

D. Barbaachisaa ta'ee yoo argames, hojii misoomaa qofaaf, bulchiinsi yaa`ii kutaa lallabichaa angafa phaaphasichaatiin durfamu, yoo itti waliigalee fi angafti phaaph aasichaa fedha isaanii barreeffamaan yoo mirkaneessan baankii irraa qarshii liqeeffachuu ni danda`a.

7. kanaa olitti kan labsame akkuma jirutti ta`ee, qabeenya dhaabbataa akkasumas tilmaamni isaanii olaanaa kan ta`e dhimmoota kam irratti iyyuu waadaa raawwachuun yeroo barbaachisetti, dura taa`ummaa hangafa phaaphaasichaatiin kan hoogganamu, yaa`ii bulchiinsaatiin yoo murtaa`u,kunis barreefam

aan yeroo heyyamamuu fi mirkanaa`u waliigaltee raawwachuu danda`a.

8. Waa`ee qabiinsa qabeenya daangessa mana kiristaanichaa ilaalchisee,dhimmoota dabalataa, danbii fi qajeelfama qulqulluu Sinodosiitin ba`uun murtaa`a.
9. Jecha Labsii Keeyyata56 lakkofsa 1 jalatti haala caqasameen, lubootaa fi amantoonni daangessichaa, hanga qarshii kaffalan ni beeksisa,galii ta`uu isaas ni too`ata.
10. Galii waliigalaa daangessa mana kiristaanichaa keessaa,Jecha Labsii Keeyyata 57 lakkoofsa 1 bu`uura taasifachuun, bulchiinsa mana kiristaana Ortodooksii Tawaahidoo Itiyoophiyaaf, barumsaaf,lallaba wangeelaaf, misoomaaf,tola ooltummaaf fi karoorawwan hojiiwwan gamtaa daangessawwan keessatti raawwatamanii fi tajaajiloota adda addaaf qarshii barbaachisu galii kamirraayyuu harka 20% akka kaffalamu ni taasisa.
11. Ijaarsa mana kiristaanaa haaraa,mana barumsaa, kilinikaa fi kkf Bulchiinsa giddug-

alaeessaan heeyyamamefii yeroo ijaaramuttis gargaarsa nama dhuunfaa, dhaabbilee garaa garaa fi dhaabbilee tola ooltotarraa argamuun ala galii misoomaarras ta'u galii kam irraayyuu 20%(harka dhibba keessa harka digdama) akka kaffalamu ni taasisa.

12. Mana barumsaa Abinnetii,daangessa mana kiristaanichaa keessatti babaaldhisuu fi jabeessuuf barsiisotaa fi duuka bu`ootaaf baajata ni ramada.

13. qarshii galii mana kiristaanich kamiinuu, lakkoofsa baankii heyyama hangafa phaaphaasii kutaa lallabichaatiin banamu maqaa daangessa mana kiristaanichaatin ni kaa`a.

14. A. Jecha Labsii Keeyyata 57 jalatti kan caqasame akka eegametti ta`ee ramaddii galii waggaa mana kiristaanichaa sakatta`ee akka heeyyamamuuf sadarkaa isaa eegee teessoo phaaphaasii fi waajjira kutaa lallabichaaf ni dhiyeessa.

B. Waajjirri teessoo phaaphasii kutaa lallabi-

chaas bajata dhiyaateef qoratee yoo irratti walii gale mirkaneessee yeroo erguuf hojiirra akka oolu ni taasisa.

15 Waajjira yaa'ii afuura daangessa mana kiristaanaa fi kutaawwan hojiisaa ni hundeessa.

16. Waajjira mana kiristaanaarra yeroo murtaa'aa keessatti gabaasa hojii dhihaatuu fi to'ataan daangessa bu'aa qorannoo herregaa inni dhiyeessu ilaalee hojiirra ni oolcha.

17. Daangessa mana kiristaanaa keessatti ijaarsi gamoo yoo barbaachise eeyyama kutaa lallabichaarra argachuun ajaja fudhatee koree ijaarsa gamoo nihundeessa. Miseensota koree kanaas yaa'ii lubootaa fi amantootaa mana kiristaanichaatiin nifilachiisa.

18. Ijaarsagamoof kan oolu hayyama kutaa lallaba sanaatiin lakkoofsa herrega baankii addaa Keeyyata kana lakkoofsa 13 irratti akkaataama eerameen maqaa mana kiristaanichaan akka banamu ni taasisa.

19. Wayita qarshiin mana baankiitii ba'u:-

A/ Baasiin idilee yaa`ii lallabaa bulchiinsa mana kiristaanichaa fi itti aanaa walitti qabaa lallalbichaan, mallattoo gamtaa lamaaniin, baasii idileen alatti qarshii baasii gochuun yo barbaachise yaa`ii lallabaatiin murtaa`ee hojiirra akka oolu nit a`a.

B/ Ijaarsa gamootiif qarsii baasuun wayita barbaachisu koreen murtaa'ee walta'iinsa mallattoo bulchaa mana kiritaanichaa fi walitti qabaa koree ijaarsa gomootiin yoo walitti qabaan hin jiraanne ammoo I/Aanaa walitti qabaatiin cheekii baasii irratti mallatta'ee qarshichi akka ba'uu fi hojiirra akka oolu ni taasisa.

20. Kutaawwan hojii mana kiristaanichaa keessatti dhaabbatan dhimmoota garaa garaa isaan murteessan qoratee ni fooyyessa,ni haqa, ni mirkaneessa.

21. Tajaajiltoonni mana kiristaanichaa badii bulchiinsaa, isaan geessisan ilaalee qoratee murtoo ni kenna.Dhimmoota yakkaan wal qabatanis gama seeraan akka ilaalaman ni taasisa.

22. Miseensota bulchiinsa yaa'ii afuuraa keessa yaa'ii afuuraa waliigalaa daangessaaanaaf luba tokko,amanaa tokko fi miseensa mana barnoota Sanbataa tokko filee ni erga.

23. Akkaata Jecha Labsii kanaan,Keeyyata 7, lakkoofsa 1(B)tiin ji'a ja'a ja'aan walgahii ta'amuu fi yaa'iin bulchiinsa afuuraa daangessa yeroo hojiisatii osoo hin xumuramiin ji'a tokko dura hojiiwwan raawwatee fi basiiwwan qarshii ilaalchisee wayita kutaa lallabichaatiin heeyyamamu gabaasa lubootaa fi yaa'ii amantootaaf dhiheessu qaba.

24. Yeroo Ayyaanota gurguddoo mana kiristaanaa fi ayyaana taabota moosisuu ayyaanicha miidhaksuuf jechuun qannoonaa mana kiristaanaan ala hojiiwwan raawwataman akka hin raawwanne ni to'ata ni dhorkas.

25. Waltajjiiaraaraa mana kiristaanichaa fi naannawa isaatti sagalee guddistuu fayyadamuun kaassettaa fi gurgurtaa gara garaa akkasumas kadhaa heyyama hin qabne garaa garaa akka hin gaggeeffamne ni to'ata.

26. Wayita kadhannaan halkanii (maahileetiin), kadhannaan galatoo,barumsi wangeelaa fi tajaajjilli afuuraa kennamutti galmoota, dawoowwan gara garaa dallaa mana kiristaanaa keessatti argaman keessatti sagantaan gara garaa akka hin gaggeeffamne, ni too`ata, ni dhoorka.
27. Yaa'iin afuuraa bulchiinsa daangessa-Koreen hoji raawwachiiftuu) mana kiristaanaa itti waamamni isaa waajjira mana lubummaa aanaafta'a.

## Keeyyata 13
## Aangoo fi hojii bulchaa daangessa mana kiristaanaa

Jecha Labsii Keeyyata 5 fi 6 kaayyoo fi hojii ibsame raawwachuu fi raawwachiisuuf bulchaan aangoo fi hojii armaan gadii qabaata.

1. Bulchaan mana kiristaanichaa hoji raawwachiisaa olaanaa daangessa mana kiristaanichaa ta'uudhaan akkaataa seera Jecha Labsii kanaanii fi Jecha Labsii kanaan walqabatee haala danbii keessoo bahuun, waa`ee yaa`ii afuuraa lubootaa fi yaa'ii afuuraa ama-

ntootaa fi raawwii hojii yaa'ii bulchiinsaa akkasumas tajaajila afuurawaa mana kiristaanaa fi bulchiinsa isaa itti gaafatamaa fi itti waamamaadha.

2. Waa'ee tajaajiltoota afuuraa,tajaajila afuurawaa fi bulchiinsaa, Sinodosii qulqulluu sinodosii irraa danbii bahee fi bahu bu`uura taasifachuun,tajaajila afuurawaa yaa'ii lallaba mana kiristaana daangessichaa ni qajeelcha.
3. Filannoon koree hoji raawwachiiftuu yaa'ii daangessa mana kiristaanaa gaggeeffamuun dura lubootaa fi amantoota mana kiristaanaa hundaaf barumsa hubannoo uumuu ni kenna, akka kennamus ni taasisa.
4. Lallaba daangesichaa keessatti Jecha Labsii boqonnaa 4 Keeyyata 16 lakkoofsa 1 jalatti kutaaleen xixiqqaan ibsaman akka gurmaa'anii fi sirriitti hojiirra akka oolaniif hordoffii fi to'annoo gahaa ta'e ni taasisa. Hoggantoota kutaalee garaa garaa ni qindeessa ni to'atas.
5. Tajaajiltoonni, luboonnii fi amantoonni mana kiristaanichaa waraqaa miseensummaa qa baachusaanii daangessa mana kiristaanichaa keessa amantoonni jiran hundi galmaa'uu-

sanii, galmeen cuuphaa,cidhaa fi du'aa itti hojjetamaa jiraachuu isaa ni mirkaneessa.

6. Amantoonni daangessa mana kiristaanichaa fi ijoolleen isaanii naamusa mana kiristaanaa Ortodoksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa keessaa akka hin baane ni barsiisa,ni eega,ni eegsisa walumaa galatti luboonni keessumatti abbootiin gaabbii hojiin amantoota barsiisuu fi eeguu akka jabaatuuf hoggansa ni kenna,ni to'atas.
7. Galiin mana kiristaanaa sirriitti akka funaanamuu, qarshii fi qabeenyi socho'uuf hin sochoone kamiyyuu akka eegamuu fi yaa'ii bulchiinsa mana kiristanaatiin ilaalamee akk- aataa murtoo murtaa'uun hojiirra ooluusaa ni hordofa.
8. Akkaataa ramadii bajataa qaama olaanuun ram adame bu`uura taasifachuudhaan baasii kamiiyyuu ajajuun akka itti hojjetamu ni taasisa.
9. Akkaataa Jecha Labsichaa Keeyyata 12 lakkoofsa 7 hanga 9tti caqasame eeguun wixinee waliigalteerratti yaa'iin bulchiinsa daangessa yoo irratti walii galee fi yaa'ii bulchiinsa kutaa

lallaba sanaatiin murtaa'ee barreeffamaan yoo eyyamame qofa Itti Aaanaan walitti qabaa waliin ta'uun maqaa mana kiristaanaatiin waliigaltee ni raawwata ni mallatteessasa

10. Yaa`iin bulchiinsa daangessichaa akka walitti qabamu waamicha dabarsa, murtoo walga'I-charratti kenname bu'uureffachuun akka ittiin hojjetamu taasisee raawwii isaa ni ni too`ata.
11. Filannoo miseensota yaa`ii bulchiinsa afuu-rawaa daangessichaa fi itti gaafatamtoota kutaawwan gara garaa akka raga`uuf mana lubummaa aanaatiif ni dhiyeessa
12. Maqaa yaa`ii bulchiinsa afuurawaa daanges-sichaatiin bulchaan haala luboota fi aman-tootaa daangessichaa, waa'ee tajaajiltoota mana kiristaanaa sanaa, waa'ee qarshii fi qabeenyaa akkasumas raawwii hojii ku-taalee adda addaa waggaatti si'a lama wal-ga-ii afuuraa lubootaa fi amantoota daang-essa mana kiristaanaa sanaaf ibsa ni kenna (dhiyeessa). Murtoo walga'ichaas mana lubu-mmaa aanaatiif ni dabarsa.

13. Hoogganaan dhimmoota akka qaccarrii, mindaa dabaluu, guddinaa, jijiirraa bakka hojii fi hojii irraa ari'uu ilaallatan hunda osoo koreen hojii raawwachiiftuu daangessa sanaa irratti hin marii'atiiniifi hin murteessiin dabalataanis qaamni olaanan osoo hin beekiniifi hin eeyyamiin qofaa isaa raawwachuu hin danda'u.

14. Gabaasa kutaalee kallatii adda addaa jira niin isaaf dhiyaatu bu'uura godhachuudhaan adeemsa hojii tajaajiltootaa ni to'ata, ni gorsa, kanneen balleessanis ni dheekama, of-eeggannoo afaniifi barreeffamas ni kenna.

15. Qajeelfama Jecha labsiitiin kennamuuf bu`uura taasifachuudhaan hojiwwan isaaf murtaa`an hunda ni raawwata;ni raawwachiisa..

## <u>Keeyyata 14</u>

## <u>Aangoo fi hojii bulchaa Itti aanaa Yaa`ii afuurawaa daangessichaa</u>

1. Bakka hoogganaan mana kiristaana sanaa hin jirretti gochaa (hojii) hoogganichaa ni raawwata (hojjeta).

2. Herreega baasii idileedaangessayaa`iif eeyya-

mame hoogganaa wajjin ta'uun mallatteessee ni sochoosa.

3. Itti aanaa hojii gaggeessaan aangoo lubummaa hin qabu taanan, dhimmoota iccitii mana amantaa ilallatan ilaaluu hin dinda'u
4. Itti waamamni itti aanaa hojii gaggeessaa, hoogganaa mana kiristaanichaatifi.

## Keeyyata 15
## waa'ee bulchiinsa kawaalotaa fi sirna monoksummaa

### *1. bulchiinsa kawaalotaa:-*

A. Ittiin bulmaatni kawaalota tokkummaa, akkuma seerrata kawaalotaa, kutaawwan lallabaatiin qo`atamee kan eeyyamamu, danbii fi qajeelfama ni qabaatu.Akkuma barbaachisummaa isaatti,dhiyeessa kutaa lalalbichaatiin qulqulluu sinodosiidhaan bahuufis ni danda`a.

B. Akka sirni kawaalaa eeyyamutti, kawaalota keessatti waajjiraalee fi qaamonni hooggansa adda addaa ni hundeeffamu.

C. Bulchiinsa kawaalichaa irratti hundaa'uun

sirni soomaa fi kadhataa akka jirutti ta'ee, monoksoonni bakka itti qajeelfamaniifi gosoota hojii tajaajila adda addaa itti bobba'an ni qabaatu

D. Monoksoonnis naannoo kawaala isaaniif murtaa'e keessatti aKka sirna monoksummaa isaaniitti cimanii mataa isaaniifi kannEen birOo gargaaraa akka jiraataniifi hojjetan ni taasifama.

E. kawaalonni daangaa kabajamaa mataa mataa isaanii ni qabaatu.

F. Murtoon Jecha Labsii Keeyyata 3 lakkoofsa 3 irratti kan murteeffame akkuma eeggametti ta'ee amantoonni naannoo kawaalota tokkummaa jiraatan daangessayaa`iitiin gur maa'anis gurmaa'uu baatanis gosa, gosaan (akaakuudhaan) yookaan qarshiidhaan akka kaffalan ni taasifama.

G. Baasiin kawaalota kamiiyyuu na gaheewwan to'annaa olaantummaa mana lubummaa walii galaatiini fi itti gaafatamummaa kutaa lallabaa isaatiin maxxanfamaniin qarshii kawaalichaa moodeela 70 fi 64'n qa-

beenyi kawaalichaa immoo modeela 19 ‘n akka funaanamu ni taasifama. Kawaalli na gahee kutaan lallabasaa yookaan manni lubummaa waliigalaasaa hin kennineen qarshiis ta’e qabeenya walitti qabe seeraan kan gaafatamu ni ta’a.

H. Galiin qarshii kawaalicha kamiyyuu herreega baankii eeyyama hangafa phaaphaasii kutaa lallabichaan banamu irra maqaa kawaalichaan ni taa’a. Herregni baankichaas mallattoo dursaa(dursituu) monoksootaa fi bakka bu’aa waldaan monoksootaa filatanii bakka buufataniin kan socho’u ta’a.

I. Kawaalota yaa`iin afuuraawaa itti hundeeffamee fi itti hin hundeeffamnettis amantoonni kan kaffalan irraa fi galiiwwan gara garaa irraa kutaa lallabichaatiif harka dhibba keessaa 20% ni kaffalu.

J. monoksoonni dhiiraas ta’anii monoksoonni dubartootaa kawaalicha keessa jiraatan akkasumas amantoonni naannoo kawaalotaa jiraatan karaa kawaalichaa gucadaan ,gessa yaa`ii irratti ni galmaa’u.

K. Aangoon monoksummaakan kennamu to'annaa bulchiinsa kawaalichaa jalatti gorsaan waggaa sadiif kan turaniifi keeyyatuma kana lakkofsa 3 bu'uureffachuudhaan ulaagaa kan guutaniif qofa ta`a.

L. Sirna Lubummaa kan qabaniif eeyyamaa fi beekamtii hangafa phaaphaasiin yoo ta'e mal ee aangoon monoksummaa kawaala alatti hin kennamu.

M. Hogganaan ykn hooggantuun kawaalaa, kaw aalan alatti socho`uun yemmu barbaachisetti, heyyama hangafa phaaphaasii kutaa lalalbichatirraa gaafachuun irra jiraata.

N. Itti waamamni kawaalichaa hangafa phaaphaasii kutaa lallabichaa fi waajjira kutaa lallabichaaf ta'a.

## 2. Hogganaa(Barsiisaa) Kawaalichaa ykn hooggantuu Kawaalaa

A. Hogganaan(hooggantuun) kawaalaa,kan itti tajaajilaman kawaala tokkummaa waldaa monoksoota dhiiraa ykn waldaa monoksoota dubartootaa bu`uuruma danbii fi qajeelfama qulqulluu sinodosii irraa kennamuun ni bulcha.

B. Monoksoonni kawaalicha keessatti naamusa hojii gaarii, barnootaa fi kadhannaasaaniitiin bu'aa argamsiisu jedhamee itti amanamu filamanii yommuu dhihaatan hoogganaa mana soorataalubootaa, hoogganaa barattootaa fi sooraa daa'immanii jedhee moggaasuun akka hojjetan ni taasisa.

C.Tajaajilli afuurawaa fi hawaasawaa kawaalichaa haala ittiin babaldhatu, monoksoonni dhiiraf dubartii ogummaa hojii harkaatiin, kan itti leenji`aniifi ofiifis ta`ee misooma kawaalicha kan ittiin gargaaran, bulchiinsa kawaalichaa waliin ta`uudhan mari`achaa, fi hangafa phaaphaasii kutaa lallabaa eeyyamsiisuun ni hundeessa.

D. Monoksoonni ulaagaa Keeyyata kana lakkoofsa 3 irratti ibsame guutuu danada'uun isaanii mirkanaa'eefi monoksummaaf gahaa ta'uun isaani bulchaa kawaalichaarraa murtaa'eef yemmuu dhiyaatan eeyyama hangafa phaaph aasii kutaa lallabichaatiin kawaalicha keessatti aangoo monoksummaa akka argatan ni taasisa.

E. monoksoota dhiiraa yookaan dubaraa aangoo monoksummmaa fudhataniif waraqaan ragaa akka kennamuuf ni taasisa.

F. Monoksoota eeyyama kawaalichaan alaafi sababa gahaa malee kawaalicha keessaa kan bahaniifi galan ciminaan ni to'ata, seera qann oonaatinis ni kenna.

## 3. Ulaagawwan Monoksummaa

### A) Amantoota Sirna monoksumma fudhatan:-

1. Naamusa amantaa mana kiristaana Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaatti kan ciman ta'uu isaaniif yaa`iin lallaba daangessa isaan keesssa jiraatanii kan raga bahee fi waraqaa gaggeessummaa kan laateef
2. Kaayyoo fi hojii monoksummaa sirriitti kan hubataniifi raawwachuufis yaada kutannoo kan qaban.
3. Osoo gara monoksummaatti hin dhufiin dubrummaan yookaan bultii (gaa'elaan) jiraach uusaaniif ragaa dhiyeeffachuu kan danda'an.
4. Rakkoo addaa fi sababa gahaa yoo qabaa teen/ tteen ala umuriin isaa/ ishee waggaa 30 ol kan ta'e ta'uu qaba.

5. Qalbiinagaa ,obsa kan qabu/qabdu fageessanii kan yaadan ta'uun isaanii kan mirkanaa'e.
6. kawaala keessatti waggaa 3'f amakkiroodhan kan turan aangoo monoksummaa ni argatu.
7. Gorsi (amekiro) waggaa sadii kun namoota umuriin isaanii waggaa 60 ol ta'an hin ilallatu.

B) **Hojii lubummaatiin tajaajiluudhaaf; tajaajil toota mana kiristaanaa aangoo monoksum maa fudhatan**

1. Ulaagaalee qubee "A"jalaa lakkoofsa 1-7 kessatti argaman guutuun isaanii ragaadhaan kan mirkanaa'eef.
2. Kitaabolee monoksootaa kan beekaniifi seera kawaalaa kan eegan.
3. Barnoota mana kiristaanaa kan qabaniif kitaabota qulqulluu kan baratan .
4. Fakkeenyummaasaaniitiinis ta'ee barumsa isaaniin kan beekamaniifi gahumsa kan qaban yoo ta'e aangoon monoksummaa fi lubummaa ni kennamaaf.

## 4. Monoksummaan booda

a. Waadaa yommuu monoksummaa fudhatan

galaniin hangaxumura umurii isaanitti monoksummaa isaanitti cichuu qabu.

b. Kawaalaakeessatti monoksummaa fudhatanitti akka kennaa fi dandeettii isaanitti tajaajiluun irraa eegama.

c. Kawaala dhaabbataan keessa jiraatiniifi keessatti tajaajilan keessaa sababa gahaa malee fi eeyyama kawaalichaan ala bahuun dhorkaadha.

d. sababoota garagaraatiin monoksoonni kawaalichaan ala akka jiraatan eeyyamameefii seera monoksummaa isaanii eeganii ,waan yaraa (badaa) irraa fagaatanii hojii gaariidhaan kiristaanotaa fi hawaasa naannoo isaaniif fakkeenya ta'uu qabu.

e. Monoksoonni sirna monoksummaan jiraatan hojii isaaniif hin eeyyamamneefi bakka itti argamuu hin qabnetti argamuurraa of eeggachuun dirqama isaaniiti.Mallattoo monoksummaasaanii kan ta'e gonfoon isaanii mataa isaaniirraa akka hin dhabamne gochuu qabu.

f. Monoksoonni tajaajila adda addaan manneen amantaa baadiyaattis ta'ee magaalatti argamanitti ramadaman jireenyasaaniifi dub-

iisaaniin lubootaa fi amantootaaf fakkeenya hojii gaarii ta'uu qabu.

g. osoo hin gahiin gaheera oftuulummaa jedhurraa fagaatanii amala monoksummaa kan ta'e gadi of-qabummaafi obsa qabaachuu qabu.

h. monoksoota keessaa filamanii akkasumas dandeettiin isaanii madaalamee aanga'oon mana amantichaa  yoo hin eeyyamneefii barsiisuu hin qaban.

## Boqonnaa  4

## Waajjiraa fi Kutaawwan hojii Yaa`ii Afuurawa Daangessa mana kiristaanaa

### Keeyyata 16

### Waajjiraa fi Kutaawwan hojii Yaa`ii Afuurawa Daangessa mana kiristaanaa hundeesuu

***Filannoo  hojii gaggeessitootaa fi bara tajaajilaa***

1. koreen  hojii  raawwachiiftuu daangessa sanaa hojii fi kayyoo jecha labsii Keeyyata 5fi6 keessatti ibsame rawwachuuf akka  danda'uuf waajjira tokko akka seera mana kiristaana Keeyyata 51, lakkoofsa 4 irratti murtaa`ee fi

kutaalee hojii adda addaa kana gaditti tar-reeffaman ni hundeessa.

a. Kutaa lallaba wangeelaa
b. Kutaa barnoota afuurawaa
c. Kutaa tajaajila lubootaa
d. Kutaa mana barumsaa Sanbata
e. Kutaa karooraa fi misoomaa
f. Kutaa Tola ooltummaa
g. Kutaa seeraa
h. Kutaa meshalee qulqullaa'oo,qabeenyaa fi hambaalee
i. Kutaa herreega
j. Kutaa Maallaqaa
k. kutaa Too'annaa
l. Kutaa hojii gamoo,haaromsaa fi suphaa
m. Kutaa Istaatistiksii
n. Kutaa qindeessaa yaa`ii lallabaa
o. Kutaa Kawaalotaa

2. Amallii fi gosoonni hojiilee Keeyyata kana lakkoofsa 1(A) hanga (O) jalatti tarreeffaman

akkuma eegamanitti ta'ee kutaalee wal fakkaataniifi wal hin mormine hooggantoota hojii tokko tokoof dabaluun hojjechiisuun ni danda'ama. Haala isaa ilaaluudhaanis kutaalee hojii koree barbaadaniif koree ijaaruun (dhaabuun) ni danda'ama.

3. Waajiraalee daangessa manneen kiristaanaatti barreessaa tokkoofi hooggantoonni kutaalee dhaabbataan ramadaman ni jiraatu.

4. Manneen kiristaanaa baadiyaaleetti barreessaa olaanaafis ta'e hoggansa kutaaleef luboonnii fi amantoonni hojii gaariisaaniitiin, dandeettiifi muuxannoo hojiisaaniitiin dhugaa ba'ameef hoogganaan kutaa lubummaa bakka argamaniifi walitti qabaa hoogganaa mana amanticha kan ta'e wal-ga'ii lubootaan filamee kutaa lallaba sanaan yoo mirkanaa'e ni ramadama.

5. Kawaalotaa fi dirreewwan (Tulluuwwan) magaalatti argamaniif garuu waajirri kutaa lallabichaa akka ogummaasaanitti dorgomsiisee ramada.

6. Hojjettoonni qarshii qabuufi hooggansaa qabeenyaatti ramadaman wabii qabeenya gahaa qabu dhiyeeffachuun dirqama isaaniiti.
7. Kutaalee Keeyyata kana lakkofsa 1 (A-Z) tarreeffamaniif bakkaa fi yeroo hoggantoota dhaabbataadhaan ramaduun hin danda'amnetti kaadhimamtoota hojii gaarii, dandeettii fi muuxannoo hojiisaanitiin dhugaa isaaniif bahame murtoo yaa'ii bulchiinsa lallaba afuuraatiin filatamee aanichatiin yoo ragga'e ramadamu.
8. Hooggantoonni kutaalee, tajaajiltoota dhaabbataadhaan mindaan qacaramaniin ala fedhaan akka tajaajilaniif filataman,barri tajaajila isaanii jecha labsii Keeyyata 11 lakkoofsa 2 jalatti waa'ee bara tajaajila miseensota yaa'ii afuuraa kutaa lallabichaa(koree hojii raawwachiiftuu) bu'uureffachuun raawwatama. Kana waan ta'eef filannoon hooggantoota kutaalee kan taasifamu miseensonni yaa'ii daangessa bulchiinsa afuuraa (koree hojii rawwachiiftuu) erga filamanii booda ta'a.

9. Kutaalee fi kutaalee xixiqqoon isaan jala jiran Keeyyata kana qubee A hanga Z ttihundaa'aniifii hundaa'uuf jiran kallattii daldala dhaabbataa ta'an kamirrattiyyuu hirmaachuun isaaniif hin eeyyamamu.

10. Kutaaleen hojii daangessa manneen kiristaanaatti hundaa'aniifi hundaa'uuf jiran itti waamamni isaanii hoogganaa mana kiristaanichaaf ta'a.

## Keeyyata 17

## Aangoo fi Hojii Barreessaa Olaanaa Yaa`ii Lallaba Afuuraa Daangessaa

1. Barreessaa ol'aanan yaa`ii afuuraa daang essa mana kiristaanaa lubummaa kan qabu, itti wamamni isaa bulchaa mana kiristaanichaaf ta'ee hojiilee barreeffamaa, herregaa fi eegumsa qabeenyaa kamiyyuu akkasumas adeemsa hojii kutaalee adda addaa dhiyootti hordofuudhaan ni hojjeta ni hojjechiisas.
2. Luboonniifi amantoonni daangessichaa galmaa'uun waraqaa miseensummaa akka argatan ni taasisa.

3. Daa'imnis ta'e namni guddaan yommuu cuuphamu (kiristinnaa ka'u) galmee cuuphaa irratti akkasumas namoota gaa'ela isaanii akka seera mana kiristaanaatti rawwatan galmee kabajaa, ga'eelaarratii akka galmaa'aniifi waraqaan ragaa akka isaaniif kennamu taasisa.
4. Kaffaltii tokkoon tokkoon miseensi kutaa lallabichaa kafaluun irraa eegamu yeroo isaa eegee galii ta'uu isa ni hordofa.
5. Mana galmee ni qindeessa, hojii isaa seeraan akka gaggeessuufi barreeffamoota adda addaa, galmeewwan, bultoon dhimmoota hundaa akka eegamaniifi chaappaan waajjirichaa mana galmee kaa'amee akka itti hojjetamu ni taasisa; yeroo hojjetaan mana galmee hin jirrettis dabalatee ni hojjeta.
6. Hojjetaan statistiksii iddoo hin jirrettis maqaa amantoota lubbuun jiraniifi du'aan adda ba'anii galmeessuudhaan kabajaan akka taa'u ni taasisa.
7. Ibsa wa'ee raawwii hojii mana amntichaa fi qabiyyee herreegaa baajata waggaa dhufuuf

ba'u wajjin qopheessee karaa hogganaa isaatiin yaa'ii hooggansaaf dhiyeessa.

8. Yaa'ii afuuraadaangessa lallabichaarratti barreessaa ta'ee argamuudhaan dhimmoota yaa'ichi irratti dubbatee fi qaboo yaa'ii murtoon irratti kenname ni qopheessa. Miseensoni akka irratti mallatteessan taasisa; barreessummaasaatiin ni mallatteessa.
9. Walii gala lallaba mana kiristnichaakeessatti amantaa, afuurummaa mana amantichaafi dhimma tajaajila hawaasummaa ilaallatu irratti haalota uumaman hoogganaafi bulchiinsi yaa'ii afuura lallabichaa walitti qabuun akka qoratamu taasisa.
10. Luboonni mana kiristaaichaa fi hojjettoonni adda addaa hojii isaanii irratti argamuun hojjechaa jiraachuu isaanii to'achuudhaan haala isaa yeroo yerootti hooggansaaf dhiyeessuun waan ta'uu qabu ni raawwata ni raawwachiisa.
11. Haala miseensota fi tajaajiltoota Yaa`ii mana kiristaanichaa,ibsa maallaqaa fi qabeenyaa, raawwii hojii waajjira lallabaa irraa dhiyaatuf

gara garaa akkasumas ragaalee lakkofsan ibsaman walitti qabuudhaan ji`a sadi sadiin bulchiinsa lallaba afuurawaaf gabaasa dhiyeessa

12. Ajaj hojii bulchaa fi bulchiinsa lallabichaan, kennamu kamiyyuu ni hojjeta ,ni hojjechiisa.
13. Yeroo bulchiinsi Lallaba Afuurawaamirkaneessutti bakka hanqinni namaa jirutti hoggantummaafi hojii herreegaa dabalatee ni hojjeta.

## Keeyyata 18

## Hojii fi Itti Gaafatamummaa Kutaa Lallaba Wangeelaa

1. Kutaan lallaba wangeelaa sagantaalee guyyaa guyyaa qopheessuun hawaasa kiristaanaaf guyyaa dilbataafi ayyaanota gurguddootti barsiisota beekamoofi wirtuutti eeyyamameefiin barumsi wangeelaa akka kennamu ni taasisa.
2. Bakkaa fi yeroo mijaa,aa ta,etti amantoota walitti qabuun barumsa kitaabota qulqulluu ni qo,achiisa.
3. Yeroo sirna qulqulleessaatti macaafni guyyaa sanaa erga dubbifameen booda yookiin

xumura sirna qulqulleessaan booda barumsi wangeelaa kennamuu isaa ni hordofa.

4. Afaan amantoonni hubataniifi beekaniin barumsi wangeelaa akka kennamu, hordoftoonni amantaa oortodoksi tewaahidoo Itoophiyaa akka baay|'ataniifii yaa'ii kutaa lallabichaatti akka galmaa'an hojii ergama duukaa bu'ummaa isaa ni raawwata, ni raawwachiisa.
5. Barruulee, gaazzexaawwaniifi maxxansaalee adda addaa karaa kutaa lallaba wangeelaafi ajaja ergama duukaa bu'ummaa mana lubummaa walii gala oortodoksii Tewaahidoo Itoophiyaatiin qophaa'uudhaan Kan ba'an fudhatee amantootaaf yeroodhaan geessisuuf itti gaafatamumaa qaba.
6. Kitaabolee , gazzexaalee, kaasettoota, siidiiwwan, viisiidiiwwan, diiviidiiwwaniifi maxxansoota adda addaa yaa'ii hayyootaan ilaalameefi wirtuudhaan eeyyamamee hin maxxanfamne waltajjii dhiifamaa mana amantaa fi naannoo dallaa mana amantichaatti, amantootaaf akka hin raabsamne ni taasisa.
7. Kitaabolee , gazzexaalee, kaasettoota, siidiiwwan, viisiidiiwwan, diiviidiiwwaniifi maxxan-

soota adda addaa amantaa oortodoksi te-waahidoo Itoophiyaatiin ala ta'an amantootaaf akka hin raabsamne ni to'ata.

8. Namoota dhuunfaa seeraan ala, eeyyama malee ni barsiisna, ni lallabna jedhan to'achuuf itti gaafatamummaa qaba.

## Keeyyata 19
## Hojii fi Itti Gaafatamummaa Kutaa Barumsa Afuurawaa

1. Tokkoon tokoon kutaa lallabaa mana aman-taa hanga humnisaa eeyyamuuf irratti hun-daa'uudhaaniifi qajeelfama quluqulluu si-noodoosiirraa kenname bu'uura godhachuud-haan naannoo mana amantaatti manni ba-rumsa afuuraa akka hundeeffamu ni taasisa.
2. Mana barumsaa kanatti ogummaawwan:-
   A. kan duubbisaa, kan barreeffamaa, kan sha-llaggii fi afaanii
   B. Kan yeedaloo tsewaatuwee, kan dhaabbiifi kan qulqulleessuu
   C. Kan Gi'iizii (ciigoo)
   D. Kan hiikkaa kitaabotaa (barumsa amantaa)

E. Kan seenaa mana amantaa

F. Waa'ee ogumaa, kan ogummaa harkaa fi barumsa ogumma adda addaa akka kennaman ni taasisa.

3. Daa'imman daangessa lallabichaa walitti qabuudhaan qubee lakkoofsisuurraa dubbisa barsiisuu wajjin bu'uura amantaa akka beek aniifi hojii gaarii kiristaanummaa akka qabaatan gochuun hojiisaa isa jalqabaa ta'a.
4. Waa'ee barumsichaas, dambii fi seera bu'uura barnoota qulqulluu sinoodoosii irraa bahun sagantaa qopheessuudhaan qabiyyee fi qajeelcha barumsichaa ni hordofa.
5. Daa'imman hojii gaariifi amantaan kunuunfamanii akka guddatan ni taasisa.
6. Akkaataan hojii fi teessuma bakkeewwan barnoonni itti kennaman (manneen yaa'ii) kenninsa barnootaatii fi fayyummaaf mijataa akka ta'an ni taasisa.
7. Barsiisonni dhaabbataa daangessa lallabichaa yaa'ii isaanii osoo hin hiikiin torbe torbeed haan dilbata, ayyaanota ji'aa fi waggaatti sag-

alee waaqayyoo dhiyaatu tajaajiltoota luboo-taaf dursee akka qo'achiisan sagantaa ni qopheessa.

8. Manni kitaabaa akka hundeeffamuu fi seer-aan akka qabamu, luboonnis yeroo murtaa'eef mana kitaabichaatti argamanii dubbisuud-haan beekumsa isaanii akka fooyyeffataniifi sammuun isaaniis barumsaan akka dagaagu gochuuf wanta barbaachisu hund ni raaw-waata.

9. Seera barumsaa wiirtuudhaan qophaa'e bu'u-ura godhachuun kitaabonni barumsaaf akka tajaajilan dhiyeessuuf itti gaafatamummaa qaba.

10. Barattoonni guyyaa guyyaa fi yeroo yer-oodhaan barnoota isaanii irratti argamuun barnoota kennamu duukaa bu'uu isaanii ni hordofa, dandeettii beekumsa isaanis ni madaala.

11. Barattoonni akkuma yeroo darbee dabaloo uffataniifi kadhatanii akka barataniif waqtiin isaa waan hin eeyyamneef daangessa mana

amantichaatti, yoo danda'amuu baatemmoo manneen kiristaanaa naannoo sanaatti tokkummaadhaan wiirtuu mana barumsa galgalaa tokkoo hundeessanii barsiisotaaf miindaa,barattootaaf nyaata isaaniitifi uffata isaaniif baajata deeggarsaa kan ta'u akka ramadamu qaama dhimmmi ilaallatu hundaa ni qindeessa.

10. Barsiisonni barsiisummaa abinnetiitiin qacaraman teessoosaaniirratti argamanii dirqama barsiisuu akka qaban ni beeksisa ni to'atas.
11. Barsiisotas ta'an barattoonni mana kiristaanaa tajaajiluu fi tajaajilsiisuuf dirqama akka qaban ni beeksisa, ni raawwachiisas.
12. Barsiisotaa fi baratttoonni tokkoon tokkoo daangessa mana kiristaanaatti argaman waajira yaa'ii lallabichaatti galmaa'anii waraqaa eenyumaa akka qabaataniifii baratan kamiyyuu barumsicha xumuree yemuu ba'utti karaa barsiisaa isaatiin, bulchiinsa yaa'ii lallabichaa fi waajjira kutaa lallabichaatiin ragaan barumsaa waraqaan raga akka kennamuuf ni taasifama.

# Keeyyata 20

## Itti gaafatamummaa fi hojii kutaa tajaajila lubootaa

1. Kutaan kun tajaajila keessoo mana kiristaanaa fi hojii lubummaa kan gonfatu ta'ee Qeesa gabazii, itti gaafatamaa Diyaaqonootaa, liqa Xabbabtii fi Aggafaarii waliin ta'ee ni hojjata.
2. Seera Maahileetii, sa'aataatii fi qulqulleessaas ta'ee tajaajila afuurawaa kan biraa seera dhugaa qabatee akka hojiirra ooluf ni hordofa, too'atas.
3. Luboonni ijoollee gaabbii isaanii shakkii irraa, gantummaa fi barumsa gaarii hin taanerraa of eeguu akka danda'an kutaa barumsaa waliin ta'uun barumsa wangeelaan akka leenji'an ni taasisa. Ni too'atas.
4. Barsiisonni, luboonni, faarfattoonni, diyaaqonoonni fi tajaajiltoonni mana kiristaanaa kan biroo hojii isaanii irratti yeroon argamanii bakka itti ramadaman kutaa hojii isaanii fi tajaajila afuurawaa isaanii otoo hin hir'isin seeraan raawwachuu isaanii too'achaa haala isaa kutaa barreessaa fi itti gaafatamaaf dhiyeessuun ni raawwata, ni raawwachiisa.

5. Tajaajila afuuraa gara garaa kiristaanota hundaaf walqixaa fi haala sirrii ta'een akka wal ga'u ni taasisa.
6. Mana kiristaanaa fi waliigala daangessa keessatti tajaajila afuuraa, ergama lubummaa fi hojii irratti kan ilaallatu haalota uumamaman irratti kutaa barreessaa fi itti gaafatamaa hubachiisee waan barbaachisu ni raawwata, ni raawwachiisa.
7. Lallabuu, cuuphuu, qulqulleessee qurbaana kennuu, hubachiisee gaggeessuu fi walumaa galatti amantoonni amantaa isaanitti akka ciman amala gaariin akka guddatan gochuun ergama fi dirqama lubummaa ta'uu isaa akka ta'e ni taasisa. Luboonnis hojii kanaaf akka ciman ni taasisa.
8. Barumsa jechaa kan qo'ate, daawwitii kan dubbise, iccitii utubaa shanan kan barate, amalli kiristaanummaa isaa lubootaan kan ragga'e kabaja Diyaaqonummaaf akka ga'u ni taasisa.
9. Diyaaqoniingalmee Galatoo kan barate, sa'aataatii, Kidaanii, Liixoonii fi mastabaqu'ii kan guutummaan kan qo'ate, ciigoo fi icciitii mana

kiristaanaa kan qo'ate, kitaabolee qulqullaa'oo hiikee barsiisuu kan danda'u, amalli kiristaanummaa isaa daangessa mana kiristaanaa fi kiristaanota biratti kan ragga'ame, kabaja lubummaaf akka ga'u itti gaafatamaa mana kiristaanaaf ni dhiyeessa.

10. Ayyaanonni gurguddoon yeroo kabajamanitti sagantaa raawwii baasuun daangessa hoji gaggeessaaf(koree hoji raawwachiistuuf) ni dhiyeessa. Sagantaa sanas ni raawwachiisa.
11. Tajaajiltoonni mana kiristaanaa bakka hin taanetti akka hin argamneef ni gorsa, ni too'atas.
12. Sababa Sanbatee fi xoofoo yaadannoof seera fi qannoonaa mana kiristaanaan ala bakka tokko tokkotti dibaabee qabatanii fi ibsaa qabatanii karaa irraa fi gandarrakan deeman lubootaa fi amantoota too'annoo cimaa ni taasisa. Kiristaanonnis hojiin akkasii kun seera mana kiristaanaan ala ta'uu isaa akka hubatan gorsa kenna. Raawwii isaas ni too'ata.
13. Namoota dhuunfaa hojii fi lubummaan isaanii hin beekamne luba ykn monoksee fakkaachuun kiristaanotaaf abbaa gaabbii

ta'uun tajaajila mana kiristaanaa irratti rakkina akka hin uumne ni too'ata. Kiristaanotaafis barumsa ni kenna.

14. Maqaan diyaaqonii, lubaa fi manoksee aangoo kan qaban ta'uun isaanii kan hin beekamne luboonni bakka bu'insaan akka hin qulqulleessinee fi tajaajila keessaa akka hin raawwanne haalaan ni too'ata.
15. Kiristaanonni guyyaa Sanbataas ta'ee guyyaa ayyanotaa ijoollee isaanii qabatanii gara mana kiristaanaa dhufanii seeraa fi amantaa mana kiristaanaa akka qo'atan gochuuf abboota gaabbiitti ajaja ni kenna.
16. Halkan yeroo sa'ataatii fi ganama kidaanii irratti lubootaa fi diyaaqonoonni hin argamne sirna galatoo gaggeessuu akka hin dandeenye ni beeksisa, ni too'ata.
17. Abboonni kiristaanummaa ykn harmeeleen Keeyyata cuuphaa irratti kan murtaa'ee fi akka waadaa galanitti ijoollee cuuphaa isaanii seeraa fi barumsa mana kiristaanaa akka baratan gochuu fi barsiisuun itti gaafatamummaa fi dirqamni akka irra jiru ta'uu ni beeksisa.

## Keeyyata 21
## Hojii fi itti gaafatamummaa Kutaa Barattoota Dilbataa

Waa'ee dargaggoota barattoota Dilbataa qulqulluu sinoodoosiin kan ba'an danbii fi ajaja hordofee heyyama daangessa barattootta Dilbataatti aanee hojiiwwan armaan gadii kana ni raawwata.

1. Barattoonni Dilbataa dallaa mana kiristaanaa jalatti ni hundaa'a, ni gurmeessa, umurii waggaa afurii hanga soddomii shaniitti kan argaman miseensota barattoota Dilbataa ni ta'u. Diyaaqonoonni barachuu fi barsiisuun, barsiisonnii fi luboonni barsiisuun kutaa barattoota Dilbataa keessatti akka hirmaatan ni taasisa.
2. Daa'immanii fi daraggootaaf akka umurii isaaniitti barsiisota ramaduun seera barumsaa kutaa giddu galeessaan ba'u irratti hundaa'uun barumsi kennamuu isaa ni too'ata.
3. Barattoota Dilbataa keessatti baratee barsiisuu kan danda'an filatee leenjii dabalataa kennuun kutaa olaanoo heyyamsiisaa

akka barsiisan ni taasisa. Kan hin eyyamamneef akka hin barsiisne ni taasisa, ni dhorkas.

4. Guyyaa Sanbataa fi guyyaa ayyaanotaa sagantaa guyyaa fi torbanii baafachuun seera fi danbii mana kiristaanaa, barumsa amantaa, walharkaa fuudhinsa sirna galatoo fi qo'annaa kitaabolee qulqullaa'oo akka kennamu ni taasisa.
5. Daa'immanii fi dargaggoonni mana kiristnaa Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaatti akka ciman seeraa fi danbii akka beekanii fi kabajan, kutaa hunda irratti ajaja itti gaafatamaa irraa ba'uun dhiyeenyatti dhiyaachuun ni barsiisa. Ni too'ata.
6. Kiristaanotaaf barumsa kan kennan, yaa`ii abbootaan kan qoratamanii fi kutaa giddu galeessaan kan ba'an faarfannaa akka qo'atan sagantaa guyyaa fi torbanii ni baasa.
7. Dargaggoonni beekumsa afuurawaa isaanii akka cimsatan barumsa gara garaa kan irraa baratan kan itti argaman mana kitaabaa ni bana.

8. Miseensota barattoota Dilbataa keessaa guyyaa Sanbtaas yaa ta'u guyyaa biraa bifa diraamaan kan dhiyaatan jalqabarratti kutaa hoji gaggeessaa daangessayaa`iif dhiyaatee erga qoratamee fi qo'atamee booda heyyamamee hojiirra akka oolu ni taasisa. Hojiirra oolmaa isaas ni too'ata.
9. Miseensonni barattoota Dilbataa karaa kamiinuu qarshiin walitti qabamu kamiyyuu kutaa qarshii mana kiristaanaatti ni gala. Baasiin isaan barbaachisu kutaa daangessan erga murtaa'ee booda hojiirra akka oolu ni taasisa.
10. Qabeenya sassaabamu kamiyyuu qarshii moodeela mana kiristaanaa 30 fi 81 qabeenya moodeela 19'n walitti qabee waajjiradaangessayaa`ii mana kiristaanaaf galii taas isa. Qarshii fi qabeenya daangessayaa`ii mana kiristaanaan ni qorata.
11. Hoji gaggeessitoota barattoota Dilbataa ta'uu kan danda'an umuriin isaanii waggaa 18 ol kan ta'an ta'ee filannoo daangessayaa`iitiin barattoota Dilbataa hundaan ni filatama.

Kan tajaajilanis waggaa 3’fta’a. Barattoon-niDilbataa yoo isaan barbaadan yeroo 2ffaaf filatamanii waggaa sadiif ni tajaajila.

12. Luboonni ijoollee gaabbii isaanii barumsa afuuraa akka hordofaniif warriis ijoollee isa-anii mana barumsa Dilbataatti galmaa’anii beekumsa afuurawaa akka argatan gochuun diraqama kiristaanummaa isaanii akka ta’e ni beeksisa. Ni hordofa.

13. Barattoonni mana barumsa Dilbataa ay-yaana afuurawaa yeroo kabajanitti seeraa fi amantaa mana kiristaanaa keenyaa kan eege yuunifoormiin akka qophaa’uuf ni taasisa.

14. Daangessayaa`iin ykn qaamni isaa ol ta’e kan hin beekamnee fi barreeffamaan kan hin heyyamamneen alatti maqaa barattoota Dilbataan sagantaan bultii akka hin taasi-famne cimsee ni hordofa. No too’atas.

15. Kutaa barumsaa fi kutaa afuuraa barat-toota Dilbataa waliin ta’uun barsiisota ku-taan lallabaa akka barsiisaniif eyyamameef

qofa affeerudhaan barattoota Dilbataaf barumsi qulqullina qabuu fi leenjii gahaan akka kennamuuf ni taasisa.

## Keeyyata 22
## Itti gaafatamummaa fi hojii kutaa Karooraa fi Misoomaa

1. Karoora gabaabaa, giddu galeessaa fi dheeraa baasudhaan karoora hojii gara garaaf kan oolu qarshii, meeshaa, gargaarsa beekumsaa fi humnaa kiristaanota irraa fi waldaalee gara garaa irraa karaa ittiin argamu qo'atee kutaa gaggeessaa daangessayaa`iif ni dhiyeessa.
2. Maddawwan galii mana kiristaanaa kan ta'an hojiilee barbaachisoo ni qopheessa. Meeshaalee qulqullaa'oof, kitaabotaaf, uffannaa fi kan biroo tajaajila mana kiristaanaaf kan ooluu fi madda galii kan ta'e hojiileen boca gara garaa baasuufi hojiin harkaa akka hundaa'u ni taasisa.
3. Luboonni naannoo mana kiristaanaatti argaman ,kiristaanonnii fi barattoonni Dilbataas

beekumsa qaban, qarshiin, meeshaalee gara garaa fi humna namaa haala mijeessuun misooma mana kiristaanaaf akka oolu ni taasisa.

4. Luboonni yeroo boqonnaa isaanitti ofii isaanii gargaaruu akka danda'aniif madda galii kan argamsiisu qaamota isaan ilaallatu haala mijeessuun tajaajioltoota mana kiristaanaa keessaa leenjisuun akka beekumsa isaanitti bobba'anii bu'aa akka argamsiisan ni taasisa.
5. Galiin misooma irraa argamu naga'ee daangessayaa`iinkan funaanamee fi kutaa faayinaansii waliin walitti dhufee maqaa mana kiristaanaan lakkoofsa baankii baname irratti galii ta'a.
6. Naannoon mana kiristaanaa akka misooman qo'atee fi qorachiisee hojiirra akka ooluuf yaa`ii daangessaaf  ni dhiyeessa.
7. Bakkeewwan qabeenya mana kiristaanaa ajajaan ala qaamni ol aanaan otoo hin heyyamin qaama sadaffaaf akka hin kennamne ni too' ata. Ni hordofas.
8. Bu'aa hojii kan ilaallatu ji'a sadiin yaa`ii daangessaaf gabaasa dhiyeessa.

# Keeyyata 23

## Hojii fi itti gaafatamummaa kutaa Tola ooltummaa

1. Kutaan kun Sanbatee, afooshaa, fi kutaa hojii gaarii gara garaa naannoo mana kiristaanaa jiran waldaalee fi namoota dhuunfaa hojii gaarii hojjatan haala mijeessuun daa'imman guddistuu dhaban, namoota gargaaraa fi isaan awwaalan hin qabne jaarsolii fi rakkattoota kutaa garagaaruu danda'udha.
2. Rakkattoota naannawaa mana kiristaanaa jiran kutaa of danda'een akka isaan gargaaramanii fi karaa isaan ittiin of danda'an waldaalee mootummaa fi miti-mootummaa ta'an waliin haala mijeessuun kutaa qamni kun ilaallatutti dabarsa.
3. Beekumsaa fi dandeettii hojjachuu namoota qaban filatee of danda'anii misooma mataa isaanii hojjatanii akka irraa fayyadamaniif qaamota qaamni kun isaan ilaallatu waliin haasawuu fi waliif barreessuun haala isaa hordofee ni raawwachiisa.

4. Beekumsi afuurawaa fi foonii isaanii akka cimuuf luboota keessaa kana mala gaarii fi beekumsa qabu yeroo murtaa'aaf akka isaan barsiisuu fi gorsuuf sagantaa barumsaa ni qopheessa.
5. Guyyaa ayyaana Sanbataa, ji'aa fi waggaa yeroo kadhannaa fi sirna galatootti, sa'aatii barumsa wangeelaa fi tajaajila afuurawaa kan biraa yeroo adeemsifamu namoota fuul-dura mana kiristaanaa naanna'uudhaan sa-galee dhageessisuun akka hin jeeqnee fi bakka mijataa qopheessuun tokkummaan akka bar-atanii fi hubataniif haala ni mijeessa.
6. Naannoo mana kiristaanaa daangessa kees-saa guddistuu fi warra kan hin qabne daa'im-man gargaarsa yeroo fi dhaabbataa karaa ittiin gargaarsa argatan qo'achaa koree hoji raawwachiistuutti dhiyeessuun raawwii isaa dhiyeenyaan ni hordofa.
7. Kiristaanonnii fi namoota dhuunfaa fi wal-daaleen hojii gaarii irratti bobba'an haala mijeessuun rakkattoota, namoota gargaarsa hin qabne jaarsolii fi dubartoota dullooman

naannoo mana kiristaanaa manaa fi nyaata akka argatan hamma humni isaa heyyameen haala ni mijeessa. Fayyaa isaaniis ni tajaajila.

## Keeyyata 24
## Hojii fi itti gaafatamummaa Kutaa Seeraa

1. Seerota, danbiiwwanii fi ittiin bulmaata Qulqulluu Sinoodoosiin ba'an teessoo walii gala paatriyaarikiitti yaa'ii lallaba afuurawaa walii-galaan murtoowwan murtaa'an itti gaafatamtoota fi lubootaa fi amantootaaf bu`uura seeraa fi sirna mana kiristaanaatiin qajeelfama ibsa seera qabeessa kennaa akka beekanii fi qo`atan ni taasisa.
2. Daangessa mana kiristaanaasana keessatti lubootaas ta'ee amantoota gidduutti rakkinnii fi walitti bu'insi yoo uumame gara sadarkaa wal himachuurra osoo hin ga'in akka wliif dhiisanii fi wal amananiif hamma dandeettii isaa ni hojjata.
3. Himatni ol iyyannoo seera mana kiristaanaa kan ilaallatu ta'ee yoo argame mirga himataa fi himatamaa eegee ragaa gama lamaaniin jiran

of eegganoon ilaalee Jecha Labsii 63 bu'uura godhachuun yaada murtii kutaa bulchiinsa daangessaf ni dhieessa.

4. Guyyaa ayyaanaa kutaa bulchiinsa yaa`ii daangessaatti kan itti darbu akka barbaachisummaa isaatti qaamota dhimmi isaa ilaallatu fi qaamolee bulchiinsa mootummaa seera kabachiisanii fi waldaalee uummataa waliin ta'uun nageenya ayyaana sanaa ni kabachiisa.
5. Jireenya afuurawaa amantootaaf hin barbaachisnee fi mana kiristaanaaf kan hin oolle meeshaa gurgurtaa gara garaa dallaa mana kiristaanaa keessatti akka hin gurguramnee fi hojiiwwan faallaa mana kiristaanaa kan ta'an kan biroos akka hin raawwanne kutaa barumsaa fi barattoota Dilbataa waliin ta'uun ni hordofa, seera isaas ni eegsisa.
6. Seera afuurawaas yaa ta'u kan fooniin wal qabatu kamiyyuu ni hordofa. Kutaa bulchiinsa mana kiristaanaafis tajaajila gorsaa ni kenna.
7. Mana kiristaanaa bakka bu'ee qaama seeraa kamiyyuu biratti ni falma.

## Keeyyata 25

## Aangoo fi itti gaafatamummaa kutaa Qabeenyaa, Meeshaalee Qulqullaa'oo fi bobbocaa

1. Bultoo Waaqayyoo Taabota irraa eegalee meeshaalee qulqullaa'oo mana kiristaanaa, uffata, kitaabotaa fi meeshaalee qabeenyaa gara garaa hojii kanaaf filatamee luba (qeesa gabazii) of eeggannoodhaan gal-maa'ee akka eegaman taasisa.
2. Meeshaalee dhumatoo fi dhaabbataa yaa'ii daangessaa kan sochoo'anii fi kan hin so-choone akka gosa isaatti adda baasee gal-meessa.
3. Meeshaalee baasii ta'anii hojiif kennaman nagaheedhaan dabarsee kenna. Meeshaalee baasii ta'an hojiirra ooluu isaa fi eegumsa qabaachuu isaa ni too'ata. Kan deebi'anis qo'atee ni fuudha.
4. Tajaajila keessoo mana kiristaanaaf wan-toota barbaachisan hundi akka guutan ni taasisa.

5. Meesshaalee bobboca seena qabeessa ta`an kanmana kiristaanaa keessa jiran irra miid-haan akka hin geenye eegumsa barbaachi-saa ni taasisa. Namoota daawwannoof dee-manii fi seenaa barreessaniif adda ba`anii akka muldhatan taasisuun iddoo mijataa ta`etti of eeggannoodhan ni qopheessa.
6. Kitaabonni biraannaa umurii dheeraa, fak-kiiwwan,uffanni,fannoowwan nahaasa, meetii, warqee, sibiila fi mukarraa bocamanii fi meeshaaleen qulqullaa`oon gara garaa; meesh-aaleen aadaa fi sirnaa,bilii,dandii fi,dhang ala`oof;balaa abiddaa fi kan kana fakkaa-taniif akka hin saaxilamne:-
   A. Mana meeshaalee bocawwan gara garaa eeguuf mijatu akka qophaa`u ni taasisa
   B. Hojjetoota fi daawwachiiftota hambaalee meeshaa itti gaafatamummaadhan eegan akka ramadaman ni taasisa
   C. Xumura bara bajatatti fi yeroo hunduma yemmuu jijjiirraan itti gaafatamaa kutaa hambaalee yeroo taasifamutti, hambaan meeshaa kamuu lakkaawwamee fi qora-

tamee, bu`aa argames sadarkaa isaa eeg-uun, hanga teessoo paatiriyaarikiitti ib-suun dirqama ta`a.

D. Daawwatoonni biyya keessafii biyya alaatii yeroo dhufanitti, qajeelfama raawwii fi sa-darkaa kaffaltii mana lubummaa waliiga-laatii yeroo yeroon kennamuun, warra daawwaturraa galiin akka argamu haala ni mijeessa.

E. Galiin daawwatoota irraa argamu kaardii seera qabeessa irratti galmaa`ee galii wali-igalaa mana kiristaanaa waliin akka akka qabamu ni taasifama

7. Qabeenya fi meeshaalee seena qabeeyyi yaa`ii daangessa mana kiristaanaa sanaaf kan qab-uu danda'u mana nyaataa ta'ee lubni rama damu hanqinni qarshii kan irratti hin arga mne, gabeenya qisaasessuus ta'ee yakka bi-raatiin yaa'ii fuulduratti kan itti hin mur-toofne, mana murtiitti kan itti hin murtoof-nee fi ragaa/ wabii/ amanamaa kan qabu ta'uu ni mirkaneessa

8. Waggoota dheeraaf kan tajaajila kennan uf-faannan, meeshaalee qulqulla'oon fi kitaaboleen,tajaajila kennuu irraa bilisa ta`uudhaan akaakun isaanii osoo hin jijjiiramin suphinsi godhamuufiidhaan seenaaf kabajaamanii akka turan taasisa.

   A. Meeshaaleen mana kiristaanaa sababoota garaagaraaf akka ergifamaniif/ergisaadhaaf yeroo gaafatamanitti phaaphaasiin kutaa lallaba biyya sanaa fi paatriyaarikiin beekee ajajni raawwachiisaa yeroo dhaq- abu nagahee seera qabeessa taheen raw- wachiisee yeroo murtaa'eef akka ergisaatti daaw'ataaf akka kennamuu fi akka deebifamu ni taasisa ;

   B. Qaama aangoo qabuuf yaadanno dhiyeessudhaan, gara bakka tureetti hanga deebi'utti hanga dhumaatti duukaa bu'ee ni raawwachiisa.

10. Qabeenyi mana kiristaanaa walii galli dhuma waggaa irratti lakka'amuun haala qabannoo isaanii fi seera qabeessan taa'uu isaanii ni mirkaneessa; kan jiranii fi kan hin jirre

adda baasee tarreessuudhaan kutaa barreessa bulchaa yaa`ii daangessaaf gabaasa ni dhiyeessa.

## Keeyyata 26

## Hojii fi Ga`ee Kutaa Herreegaa

1. Galmee waa'ee herregaa wal-qabate haala guutuu ta'een qopheessee galii fi baasii ni galmeessa.
2. Galiin isaa haala heera qabannaa seera herregaatti nagaheeseera qabeessangaluusaa fi baasiinsaas dureewwan seera baasii eegee ajajjuu baasii idilee sanadni wabeessaa bahuu isaa mirkaneessaa fi hordofaa ni hojjeta.
3. Dhuma ji'aa irratti herrega cufuudhaan galii, baasii fi haftee baasii gabateedhaan qopheessuudhaan kutaa barreessaatiif ni dhiyeessa.
4. Baasii murtaa'e fi eeyyamamee olitti baajanni bakka isaa akka hin dabarre ni to'ata ni eega.
5. Yeroo baajanni hojjatamu /murteeffamu/ qarshiin jiraachuu ni mirkaneessa.

6. Barri baajataa osoo hin dheeratin ji'a lama dursee qarshii baankii fi saanduqa keessa jiru galii ji'a ji'aa xiinxaluudhaan baajata bara itti aanuu hojjachuudhaan tokkoon tokkoon baajataa bulchaa kutaa barreessa yaa`ii daangessaaf ni dhiyeessa.
7. Herreegniwaggaas ta'ee kan ji'aa akka sakatta'amu yeroo ajajamu nagaheewwan baasii fi galii dhiyeessuun sakattaasisa.
8. Nagaheewwan fi cheekiiwwan/kan qarshii/ of eegganoodhaan ni qabata.
9. Nagaheewwan galii fi baasii qarshii to'ataa olaanaawaajjira walii gala mana lubummaa mana kiristaana Ortodooksii Tawaahidoo Itiyoophiyaatii fi itti gaafatamummaa waajjira teessoo phaaphaasii kutaa lallalbichaan maxxanee kan ba`u nagahee akaakuu tokkoo qofa ni hojjeta; kan hojjetu ta`uus ni mirkaneessa.

## Keeyyata 27
## Hojii fi Itti Gaafatummaa Kutaa Maallaqaa

1. Qarshi qabaan qarshii mana kiristaana daangessichaaf galii ta`an hunda akkuma

Jecha Labsii kanaan Keeyyata 56 cita xiqqa Keeyyata 4tti eerameen nagahee seera qabeessa ni fudhata.

2. Qarshii fuudhe sanas maqaa mana kiristaanaatiinguyyuma guyyaan baankiitti ni galcha;yeroon inni itti qarshii fuudhe erga darbe booda yoo ta'e ykn guyyaa baankiin cufaa ta'etti yoo ta'e namoota dhimmichi ilaallatu waliin mallatteessudhaan qarshichi yeroodhaaf akka taa'uu fi kaaznaan maallaqaas akka saamsamu ni taasisa.
3. Naannoo sana baankiin yoo kan hin jirre ta'e bulchaan/hoogganaan yaa'ii bakka inni murteesse kaa'uu ni danda'a.
4. Herrega of eeggannoof **kaazeena keessa** taa'u kamiifuu akka yeroo fi akka naannootti ilaal amee,haala yaa`iin bulchiinsa afuurawaa murt eessun ni raawwata.
5. Baasii qarshii kamiifuu yeroo ajajni seeraa qabeessa ta`e isa gahu, sanada(Voochara) wabii idilee mallatteessisee ni kafala.
6. Keessattuu baasii fi galii galmee baasii fi galiif qophaa'e irratti ni galmeessa;dhuma ji'aar-

ratti walii galatti hamma qarshii bahee fi gale akkasuma haftee baasii galmee kutaa herregaa waliin mirkaneessa herregicha of eeggannoon galmeessee ni qabata.

7. Yaa`iin bulchiinsa lallaba afuurawaa dangeessichaa herrega baasii murteesse, bulchaan ajaja yoo barreessen alatti, qarshii tokkollee baasii gochuu hin danda'u;ta'us bakka itti gaafatamaan hin jirretti bulchaa itti aanaa itti gaafatamaatiin kan beekame,kan murteeffamee fi kan ramadame baasii ji'aa qofa baasuu danda'a.

## <u>Keeyyata 28</u>

## Hojii fi Itti Gaafatamummaa Kutaa Too`annoo

1. Galii fi baasii guyyaa guyyaan,torban torbaniin fi ji`a ji'aan to'atee qarshiin mana baankii taa'uu ni mirkaneessa.
2. Nagaheewwanii fi sanadoota galii fi baasiin itti godhame seeraa qabeessa ta'uu isaanii ni sakatta'a.
3. Galmee qabeenya yaa`ii lallaba waliin wal bira

qabee mana kuusaa meeshaatti kan arga-man meeshaalee dhaabbatoo fi dhumatoo bifa isaanitiin adda baasee tajaajilaan kan dhuman,haala qabannaatiin kan bade/miid-hame kan hir'atanii fi kan irraa hafan akka-sumas qabeenya hin galmoofne hunda lak-koofsisuun gosaa fi baay'ina gabateedhaan qophaa'ee galmaa'uusaa mirkaneessuun ni to'ata.

4. Qabannaa herreegaa fi eeggannoo qabee-nyaa sirrii ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa tokko tokkoon galmeessee ji'a sadi sadiin kutaa barreessaa itti gaafatamaa waajjira bulchi-insa lallaba afuurawaaf ibsa ni dhiyeessa.

5. Qabannaa qarshii fi eeggannoo qabeenyaan hanqinni yoo muldhate, hanqina yookin ball eessaa nama geessise itti amanamummaa mallateessisuun kutaa barreessaa itti gaafa-tamaa waajjira bulchiinsa lallaba yaa`ii afuur-awaafgabaasa ni dhiyeessa.

6. Yaa`ii lallabaa jalatti galmaa`an, amantoonni fi luboonni daangessichaa kaffaltii kaffalan, bu`uura jecha labsichaatiin kaffalamuu fi

galii mana kiristaanaa addaa addaa sirnaan galuu isaa ni to'ata.

7. Yaa'iilallaba daangessaamana kiristaanaatiin mindaadha fi hojii raawwachiisuuf ji'aa fi waggaaf baajata eeyyamameen olitti baasii akka hin taane ni to'ata.
8. Mana kiristaana lallaba dangeessichaatiin hojiiwwanraawwataman hunduu yeroon hojjatamuu isaanii too'achuudhaan hojjattoota hojichi ilaallatu walitti qabuun yookin kutaa kutaan wal jala daddabarsuun akka barbaachisummaa isaatti waa'ee herreega qabac huu itti fayyadamiinsa moodeelotaa irratti qajeelfama barbaachisu ni kenna ni too`ata.
9. Saanduqawareegaa fi saanduqa kennaa/metsewat/ mana kiristaanaa sanatti argaman mallattoo fi lakkoofsi adda baasu kennamuufiidhaan baayyinni isaanii kan beekkame fi bakki isaan taa'an ifaa fi amansiisaa ta'uusaa ni mirkaneessa; saanduqoonni waajjira lallaba afuurawaa sana keessatti hin galmoofnee fi hin beekamnes ta'ee kan qarshiin itti kuusamu hunduu dallaa mana kiristaanaa keessa akka hin jirre sirnaan ni to'ata.

10. Saanduqoonni wareegaa fi kennaa hojii irra ooluun dura koree hoji raawwachiiftuutin miseensota filaman,bulchaa, hoogganaa herr egaa fi too`ataan mataasaan bakka arga-manitti mallattoo waliiniitiinii fi chaappaa mana kiristaanichaatiin saamsamuu isa anii fi yeroo banamus warren mallatteessan kun hundi jiraachuu isaanii ni hordofa.
11. Dirree araaraa irras ta`ee bakka biraatti saanduqa kennaa fi dibaabee naannessuun, afaa afuun yookiin karaa biraan qarshii fi kennaan garaa garaa walitti qabamu hunduu sirnaan galmaa'uun nagahee mana kiris-taanaatiin galii ta'uu isaa ni mirkaneessa.
12. Belladoonni, meetii fi warqee fi qabeenyonni garaa garaa wareeganis ta'ee karaa biraan mana kiristaanaaf kennaman hunduu til-maamni isaanii akka beekamuu fi karaa seera qabeessaan galii akka tahan tattafii barbaachisu ni taasisa.
13. Kutaa qabeenyaanwal ta`uun qabeenya mana kiristaanaa waggaa waggaan lakkoof-sisee fi galmeessee,kan hirdhatee fi kan da-

bale mirkaneesse waajjira bulchiinsa lallaba afuurawaatiif gabaasa ni dhiyeessa.

14. Kutaa qabeenyaa irraa baasii ta`uudhaan, qabeenyawwan kutaa ilaallatuuf kennaman, nagaheedhaan akka kennaman ni taasisa. Kan kennamanis hojii irra ooluu isaanii fi eegamuu isaanii ni too`ata, kan deebi`anis qoratee sirrii ta`uu isaanii mirkaneeffatee, kutaan qabeenyaa akka irra fuudhu ni taasisa.

## Keeyyata 29

## Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Kutaa Ijaarsa Gamoo, Suphaa fi Haaromsaa

1. Kutaan kun mana kiristaanaa, Beetalihemii, mana barnootaa,dhaabata mana yaalaa, gamoowwan galii argamsiisan gara garaa, galma walgahii, mana baratoonni Sanbataa itti baratan, mana boqonnaa lubootaa fi keessumootaa,dallaa mana kiristaanaa;kanneen biroos akka barbaachisumma isaaniitti karoorawwan hojjatamuu qaban qo'atee bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawaaf dhiyeessuun fi

eeyyamsiisuun Jecha Labsii kana Keeyyata 12,lakkoofsa 18 irratti hundaa'uun koree gamoo hojjachiistuu waliin walii galuun kutaa hojjatudha.

2. Haala raawwii ijaarsa gamoo mana kiristaanaa, suphaa fi haaromsa gamoo mana kiristaanaa, akkaataa qajeelfamaa fi danbii addaa qulqulluu sinoodoosiin baasuun, kan murtaa`u ta`a.
3. Koreen hojiirawwachistuu gamoo yeroo hundaa'uutti, waajjira bulchiinsa mana kiristaanaatii qajeelfama fudhachaa, luboonni fi amantoonni dhimmichaatti akka itti yaadan kaka'umsa barbaachisu ni adeemsisa, barnootas ni kenna.
4. Karaa galiin qarshii fi meeshaalee gamoo mana kiristaanaa ittiin ijaaramu qorachuudhaan, yaa`ii bulchiinsa lallaba afuurawaaf ni dhiyeessa, yeroo eyyamamuttis, kan hundeeffamu karaa koree hoji raawwachiiftuu gamoo mana kiristaanaatiin, gargaarsi akka walitti qabamu ni taasisa.Yeroo fi iddoo gargaarsi itti walitti

qabamu ammoo yaa`iin lallaba afuurawaa kan murteessu ta`a.

5. Hojii ijaarsa gamoo mana kiristaanaaf qarshii fi qabeenya barbaachisan kaarniiwwan, sanadoota fi galmeewwan ittiin basii fi galii ta'an walumaa galatti meeshaalee barreeffamoota barbaachisoota`an hunda waajjira bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawaa daangessichaa irraanagaheedhaan fudhuun koree dhaabateef akka barbaachisummaa isaattii ni qoodaaf.
6. Hojii ijaarsa gamoo mana kiristaanaafnamoota fi dhaabbatawwan tola ooltummaaf, xalayaa gaaffii fi deeggarsaakan waajjira dangeessa yaa`ii lallaba afuurawaa irraa dhufan, qaama ilaallatu hundaaf akka gahu ni taasisa, raawwii isaas ni hordofa.
7. Koreenolaanaan hojii raawwachiftuu gamoo, walgahii taasisu hundarratti argamee haala hojiichaafi dhimma ijoo, irra gahame waajjira lallaba yaa`ii afuurawaa daangessichaaf gabaasa ni dhiyeessa.
8. Maqaa gamoo mana kiristaanaatiin amantoota naannoo irraa guuramuu fi dhaabbatoota ga-

raa garaa gargaarsa tolaa kennamuu lakkoofsa baankii maqaa mana kiristaanaatiin baname adda bahee irraa galuu isaa ni mirkaneeffata, yeroo baasii ta'us bu`uura Keeyyata 12lakkoofsa 19(B) irratti baheen raawwatamuu ni hordofa.

9. Ijaarsi gamoo erga dhumee booda hojiin gamoo fi gamoo waliin walitti dhufeenya kan qaban galii fi baasiin qabeenyaa fi qarshii akkasuma herrega haftee baasii ooditiin qorachuudhaan kutaa maallaqaa fi qabeenya mana kiristaanichaatiif galii ta'uusaa ni hordofa, ni mirkaneeffata.

10. Awwallinamoota boqotanii hojii liishoosirna hin qabneen fi ijaarsa siidaan dhiphataa kan dhufe rakkina dallaa mana kiristaanaa irraa salphisuuf gara fuulduraatiif hojiin haala kanaan hafee, bakka isaas ijaarsa fooyyee qabu akka qabaatu taasisuuf ogeessota mariisisuun fi karooricha bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawaaf dhiyeessee, yeroo murteeffamee fi qaamni olaano eyyamee hojiirra akka oolu ni taasisa.

11. Iddoon tajaajila itti aanuuf barbaachisaa ta`ee yeroo argamu, lafeewwan kiristaanaa waggoota torbaa fi sanaa ol turan, manni kabajaan keessattii boqotanii fi eegaman akka qophaa`u ni taasisa.
12. Dallaa Mana kiristaanaa keessatti, lafa duwwanii fi bakki awwalchaaf qophaa'e hunduu qulqullinaan akka eegamanii fi biqiltoota fi habaaboowwan garaa garaa ni dhaabsisa, ni kabachiisa
13. Dizaayiniin gamoo mana kiristaanaa darbii darboo fi sirna eeggatee akka hojjetamu ni taasisa, Dizaayinichi, yaa`ii hangafti phaaphaasichaa walitti qaban, yaa`ii bulchiinsa kutaa lallaba godinaatiin ilaalamee, murtaa`ee, rag a`ee, hin kennamne yoo ta`e, diyaazinii kamuu hojjechuun gonkuma kan dhoorkamedha.

## <u>Keeyyata 30</u>

## Hojii fi Itti gaafatamummaa Kutaa Istaatistiksii

1. Amantoota daangessa mana kiristaanaa sanaa ta'aniif, galmeewwan dhaabataa ta'uun kan tajaajilan

a) galmee dhaloota fi cuuphaa

b) galmee jiraattotaa fi warren boqotanii akkasumas galmeewwan barbaachisoo ta'an biroo hunduma akka itti hojjetamu ni taasisa.

2. Maqaa guutuu mana kiristaanaa daangessichaa fi bakka itti argamu;gosa fi bara ijaarsaa;haala ijaarsa gamoo, bocaa fi gosa isaa ; dheerinaa fi baldhina isaa ilaalee fi adda baafatee nama ogeessa waliin mariyachuun mana kiristaanaa sana ni galmeessa.
3. Baay'ina luboota, tajaajiltoota, luboota, barsiisota, lallabdoota, diyaaqonootaa, faarfattoota fi hojjattoota garaa garaa mana kiristaana daangessa sanaa akkasuma baay'ina amantootaa, abbaawarraatin, maatiidhaan, umuriidhaan,saalaan,barnootaan sadarkaa adda baasuun ni galmeessa.
4. Daangissicha mana kiristaanaatti, barsiisaan yaa'ii yoo jiraate maqaa fi baayyina barattootaa,gosa barnootichaa ifatti adda baasee barreessa; akkasuma baayyina ijoollee barattoota Dilbataa, gosa barnoota isaan baratan waliin nigalmeessa.

5. Daa'imman guyyaa 40 fi 80 guutanii akka seera mana kiristaanaa keenyaatti cuuphaa ilmummaa yeroo fudhatan galmee dhalootaa fi cuup- haa akkasuma walii galatti galmee jiraattotaa luboota fi amantoota mana kiristaanaa sanaaf qophaa'e irratti ni galmeessa.
6. Addunyaa kana irraa du'aan kan adda ba'an hordoftoota amantaa ortodoksii Tawahidoo maqaa isaanii galmee namoota du'anii irratti galmeessa.
7. Walii gala xumura waggaa irratti baayyina amantoota jiraattota mana kiristaanaa sanaatiin galmaa'an,baayyina namoota addunyaa kanarraa du'aan boqotan,akkasuma kan dhalatanii fi waggaa keessatti sababa jijjirraatii fi sababawwan adda addaatiin miseensota daangessa mana kiristaanaa sanaa ta'uuf haaraa kan dhufanis ta'ee gara biraa kan deeman hunda of eegganoo fi qulqullinaan galmeessee waajjira lallaba yaa`iitiif gabaasa ni dhiyeessa.
8. Humna namaa fi qarshii daangessa waggaa waggaan galmeessuun bara tare waliin walbira qabee gabateedhaan yookin fakkiidhaan ni agarsiisa.

9. Dhimmichikanisaan ilaallatu wajjiin walitti dhuf uudhaan daangessichaaf kan barbaachisu ragaa istaatistiksii hunda walitti qaba.

10. Yaa`iin lallabichaa kaayyoo ittiin hundeeffame galmaan gahuuf miseensota yaa`iii afuurawaa filataman mariisisaa, amantootni daangessichaa buusii miseensummaa yeroo isaanii eeggatanii akka kaffalan ni qindeessa.

11. Galiin mana kiristaanicha haala ittiin guddatu haala mijeessaa fimiseensota yaa`ii lallabaa qindeessaa ni hojjeta.

## Boqonnaa Shan(5)

## Waa`ee kutaa Tajaajila Waajjira yaa`ii lallaba Afuurawa Aanaa

## Keeyyata 31

## Kutaa Hojii fi Gahee Hojii Waajjira Yaa`ii Lallaba Afuurawaa Aanaa Haala Hundeeffama fi Ejjannoo yaa`ii Lallaba Afuurawaa Aanaa

## Hundeeffama

A. Mana lubummaa Aanaa jalatti baay'inni isaanii tokko ol manneen kiristaanaa ta`anbakka

bu`oota isaanitiinii fi walitti qabummaahojii adeemsisaa mana lubummaa aanaatiin tokkummaan walitti qabamanii yaa'ii daangessaaaanaa hundeessu. Bakka bu'oonni isaanis tokkoon tokkoon isaanii yaa`ii lallaba afuurawaa mana kiristaana irraa kan filatamanii fi bulchaa mana kiristaanaatin kan durfamu luba tokko,hordofaa amantaa nama tokkoo fi dargaggeessa tokko yoo ta`an barreessan mana lubummaa aanaa fi itti gaafatamtoonni kutaawwan gara garaa miseensa ni ta`u. Akkuma barbaachisaa isaatti waggaatti al tokko kan walitti qabamu yaa`ii lallaba afuu rawaa aanaa ni ta`a.

B. Yaa`iin lallaba Aanaa kaayyoo dhaabateef galmaan gahuuf itti gaafatamummaa fi hojiisaa raawwachuu akka danda'uf ji'atti al tokko kan waliitti qabamu bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawaa aanaa(Koree hojii raawwachiiftuu) fi yaa`ii bulchiinsa lallaba Aanaa;

C. Waajjira bulchiinsa yaa`ii lallaba aanaa(waajjira bulchiinsa aanaa);

D. Kutaan hojii waajjira bulchiinsa yaa`ii lal-

laba afuurawaa aanaa (kutaan hojii mana lubummaa aanaa) ti.

**Ejjannoo/aquam/**
**hojii waajjira lubummaa Aanaa**

a. hoji raawwachiisaan/sira askaj/ beta kinatii aanaa bulchaa kan itti ta'e yaa'ii walii gala manneen amantaa tiin
b. hoji raawwachiisaan beta kinatii aanaa yaa'ii bulchaa itti ta'e (koree hoji raawwachiiftuu) fi yaa'ii bulchaa beta kinatii aanaa
c. yaa'ii kutaa barreessa sabaka aanaa(kutaa barreessa beeta kinatii aanaa).
d. kutaalee hojiidaangessa guba'ee aanaa; kutaa hojii beeta kinatii aanaa .

## Keeyyata 32

## Miseensota Yaa`ii Lallaba Afuurawaa Aanaa

1. Hojiiadeemsisaan mana lubummaa aanaa ykn yeroo inni hin jirretti kutaa lallabichaan luba bakka bu`e………………walitti qabaa yaa`ii.
2. Keeyyatuma kana lakkoofsa 3, 4 fi 5, kan eera-man bakka bu`oota lubootaa fi amantootaa

gidduudha umuriin isaa waggaa 30 kan hin hin hanqannee fi 60 kan hin caalle, dandeettii gahaa kan qabu,lubni ykn amanaan yaa`ii lallabaa kanaan filatame,…………………….itti aanaa walitti qabaa yaa`ii.

3. Bulchitoonni manneen kiristaanaa aanaa sana keessatti argaman ………….miseensota yaa'ii.
4. Lubootni manneen kiristaanaa aanaa keessa jiran keessa filatamanii bakka bu'an………… miseensota yaa'ii.
5. Amantootni manneen kiristaanaa aanaa keessa jiran keessaa filatamanii bakka bu'an……… miseensota yaa'ii
6. Barattoota manneen Sanbataa mana kiristaana aanaa keessa jiran keessaa filatamanii bakka bu'an…..miseensota yaa'ii.
7. Barreessaan waajira mana lubummaa aanaa yookin bakka inni hin jirretti lubni kutaa lallabaa keessaa bakka bu'e ………………… miseensaa fi barreessaa yaa'ii.

# Keeyyata 33

## Aangoo fi Hojii Lallaba Afuurawaa Aanaa

Boqonnaa lammaffaa(2ffaa) Keeyyata 5 fi 6 kaayyoo fi hojii?tarreeffamanii raawwachaa fi raawwachiisaa dabalataan yaa`ii lallabni afuurawa aanaa hojiwwaan fi aangoowwan kanatti aananii jiran ni qabaata.

1. yaada marii karaa bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawa aanaatiin qophaa'ee dhiyaate irratti hundaa'uun haala miseensota lallaba aanaa fi tajaajiltoota, haala raawwii hojii, ibsa haala qab- eenyaa fi maallaqaa dhagahee murtii ni kenna.
2. Karoora hojii yaa`ii lallaba afuurawaa aanaa fi sagantaa tajaajila gara garaa qoratee yeroo itti walii galamu yaada waliin, waajjira teessooo phaaphaasii kutaa lallabichaaf akka darbu ni taasisa.
3. Yaa'ii lallaba afuurawaa olaanaaf dhiyaatee, hanga maallaqa karoora hojii fi tajaajila garagaraaf heyyamame,ni murteessa,walitti qab amuu isaa fi hojii irra ooluu isaa ni too`ata

4. Maallaqaa fi qabeenya yaa'ii lallaba afuurawaa aanaa oditaraanni qorachiisa.
5. Yaa`ii lallaba afuurawaa aanaaf miseensota lakkoofsi isaanii afurii olii fi saddeeti gadi ta`e ni filata.
6. Itti waamamni yaa`ii lallaba afuurawaa aanaa, waajjira kutaa lallaba teessoo phaaphaasitiif ta`a.

## **Keeyyata 34**

## **Miseensota Bulchiinsa Yaa`ii Lallaba Afuurawaa Aanaa(Koree Hojii Raawwachiiftuu)**

1. Hoji raawawchiisaan waajjira mana lubummaa aanaa yookin yeroo inni hin jirretti lubni kutaa lallabaatiin bakka bu`e……. Walitti qabaa yaa'ii
2. Keeyyata kana jalatti lakkofsa 3,4 fi 5 jalatti kan ilaalaman, bakka bu`oonni lubootaa fi amantootaa keessaa umuriin isaanii waggaa 30 gadi kan hin taane fi umuriin isaa waggaa 60 kan hin caalle, lubni yookan amanaan dandeetti addaa qabu filatame………….Itti aanaa walitti yaa'ii.

3. Lakkoofsi isaanii lamaa gaditti kan hin taane, afur kan hin caalle,luboonni yaa`ii lallaba afuurawaa daangessa mana kiristaana bakka bu`an ……………… miseensota yaa'ii
4. Bakka bu'aa dargaggoo tokko waliin lakkoofsi isaanii lamaa gadi kan hin taane, afur kan hin caalle, amantoota yaa`ii lallaba afuurawaa daangessa mana kiristaana bakka bu`an ………. miseensa yaa'ii
5. Barreesaan waajjira mana lubummaa aanaa ykn bakka inni hin jirretti kutaa lallabaa irraa lubni bakka bu`e……….miseensa yaa'ii fi barreessaa.

## <u>Keeyyata 35</u>

## <u>Aangoo fi hojii hojii bulchiinsa yaa`ii lallaba Afuurawaa Aanaa (koree hoji raawwachiistuu)</u>

Jecha Labsii boqonnaa2Keeyyata 5 fi 6 irratti kaayyoo fi hojiin eeraman dabalataan hoji bulchiinsi yaa`ii lallaba afuurawaa aanaa, aangoo fi hojii armaan gadii qabaata.

1. Manneen kiristaanaa aanaa godina sana jalatti argaman kaayyooyaa`iin lallaba afuurawaa

manneen kiristaana daangessichaa dhaabateef akka fiixaan ba'anii fi hojii isaanii akka hojjetan ni taasisa, ni too'atas.

2. Miseensummaa yaa`ii lalaba daangessichaaf filatamanii qaboo ya`ii koree filannootiin mallateeffamee fi xalaya gageessaa bulchaa mana kiristaanichaan kan ergameef, qabxii filannoo qoratee akka raga`u gabaasa waliin waajjira kutaa lallabichaaf ni dhiyeessa.
3. Dhimmoota fi ibsoota gara garaa mana kiristaana yaa`i lallaba afuurawaa daangessichaan dhiyaatu, qoratee hojii maluu fi barbaachisaa ta`e ni raawwata.
4. Mana kiristaana daangessichaa irraa, bulchiinsa fi tajaajila gara garaaf, Mana kiristaana Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaaf kan kanfalamu 20%(digdama dhibbarraa)qarshii hordofee yeroo isaa eeggatee kutaa lallabaaf galii akka ta'u ni taasisa.
5. Aanicha keessatti tajaajila waloo mana kiristaanaaf kan oolan,karoorawwan hojii gamtaa fi sagantaa tajaalila lallaba daangessichaa qopheessee yaa`iidhaaf ni dhiyeessa.

6. Karoora hojii gamtaa eyyamamee fi tajaajila gara garaa raawwachuuf kan oolu qarshii tokkoon tokkoo manneen kiristaanaa irratti murtaa'e itti gaafatamummaa waajjira lubummaa Aanaatiin nagahee seera qabeessaan akka sassaabamu ni taasisa.
7. Karoora isaa hojiirra oolchuuf qaamota ilaallatan waliin walii galee ni hojjata, odeeffannoowwanii fi ajaja olii darban ni rawwata, akka raawwatamanis ni taasisa.
8. Hojiiwwan darban, karoora hojii bara dhufuu, rabsaa baajataa fi haala ibsa miseensota fi tajaajiltoota daangessichaa yaa`ii lallaba afuurawaa aanaaf dhiyeessee erga ilaalamee fi walii galteen yoo irra ga'ame booda, waajjira kutaa lallabichaaf, murtoof ni dhiyeessa.
9. Karoora Daangessicha irraa dhiyaatuuf qoratee gama hangafa luboota aanaatiin waajjira kutaa lallabichaaf ni dhiyeessa
10. Miseensota hoji gaggeessaa mana kiristaana daangessichaa keessaa, yaa`ii lallaba afuurawaa kutaa lallabichaaf kan bakka bu`an hanga luboota aanaa ykn luba bakka bu`aa isa biraa, amanaa tokkoo fi dargaggoo tokko ni filata.

11. Yaa`ii lallaba afuurawaa aanaatiif kan bakka bu`an keessaa, bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawaa kutaa lallabichaaf filatamuu isaaniif fi sababa biraatiin miseensi yaa`ii lallaba afuurawaa aanaa lakkoofsi isaanii shani gadi ta`a yoo ta`e, bakka isaanii akka jecha labsii kanaa, boqonna 3 Keeyyata 11 lakkoofsa 4 irratti akka caqasameen ni raawwata.
12. Yaa`iin bulchinsa lallaba afuurawaa aanaa, itti waamani isaa yaa`ii lallaba afuurawaa aanaatiif ta`a.
13. Barri tajaajila miseensota filatamtootaa akka jecha labsii kanaa Keeyyata 11 lakkoofsa 2 irratti akka caqasametti ni ta'a.

## Keeyyata 36

## Waajjira Mana Lubummaa Aanaa

1. Kawaalota, manneen kiristaana dirreewwanii, manneen kiristaana baadiyyaa fi sadarkuma isaaniitiin kan hundeeffaman yaa`iiwwan lallabaa afuurawaa, qajeelcha hojii fi itti gaafatamummaa bulchiinsa olaanaa waajjira qabu dha.

2. Itti waamamni isaa phaaphaasii kutaa lallabaaf kan ta'e, hojii adeemsisaa mana lubummaa aanaa ni qabaata.
3. Danbiiwwanii fi qajeelfamootaJecha Labsii kanaani fi kutaa lallabaa,kan raawatu fi kan raawwachisuuf yaa`ii bulchiinsaa tokkoo fi kutaawwan hojii gara garaa ni qabaata.
4. Kutaawwan hojii waajjira yaa`ii lallaba afuurawaa daangessa mana kiristaanaa hundeessuuf Keeyyata 16 A dha hanga `O' tti, gosawwan hojii tarreeffaman waajjira mana lubummaa aanaatiin hojiitti hiikama. Hojiiwwan tarreeffaman Jecha labsii kana boqonnaa 17 hanga 30, kan tarreeffaman haala mana lubummaa aanichaa ilaalcha keessa galchudhanii fi walsimsimsiisuudhaan mana lubummaa aanichaatifis ni tajaajila.

## Keeyyata 37

## Gahee hojii fi aangoo hojii adeemsisaamana Lubummaa Aanaa

Jecha labsii boqonnaa 2 Keeyyata 5 fi 6 irratti kaayyoo fi gahee tarraa'an raawwachuu fi raawwachiisuun dabalataan hoji adeemsisaan mana lubummaaaanaa angoo fi ga'ee itti aanu kana qaba.

1. Hoji adeemsisaan mana lubummaa aanaa walitti qabaa fi hoji raawwachiisaa ol'aanaa Yaa'ii lallaba afuuraa aanaa fi yaa'ii bulchi-insa Lallaba Afuurawaata'uun haala Jecha Labsii fi Qajeelfama gubbaadhaa kennamuun yaa'ii lallabaa walitti qabuu fi murteewwan qaboo yaa'iin qabaman raawwachuu fi raaw-wachiisuu, waliif barreessuu, qabiinsa qa-beenyaa fi maallaqaa, akkasumas hojiiwwan lallabaa gara biroo hojjachuu fi hojjisiisuu, waliigalaan itti gaafatamaa fi itti waamamaa bulchiinsa yaa'ii Lallaba Afuurawaaaanaati.
2. Manneen Kiristaanaa lallabaa aanichaa kees-satti argaman haala Jecha Labsiitiin yaa'ii bulchiinsa afuuraa lallabaatiin akka gurmaa'a-nii fi ciman gochuuf itti gaafatama qaba.
3. Hoji gaggeessaan mana lubummaa aanaa adda durummaadhaan qindeessaa raawwii filan-noo yaa'ii lallabaa afuurawaamana kiristaanaa ta'uu isaatiin filannoon geggeeffamuu isaatiin dura luboota fi amantoota waliin barnoonni hubannooJecha Labsii cimsu akka kennamu taasisa.

4. Hojjattootaa fi kanneen biroo bataskaanota aanicha keessatti argaman qindeessuun bulchiinsa yaa'ii Lallaba Afuurawaafi kutaawwan adda addaa keessa kaffaltii irraa bilisaan akka hojjatan taasisa.
5. Kutaawwan gara garaa Mana lubummaa aan aaf barbaachisan kutaawwan lallaba godinaa irraa qajeelfama fudhachaa dambii Jecha Labsii bu'uureeffachuun ni hundeessa.
6. Nagaheewwan baasii fi galii maallaqa fi qabeenyaa akkasumas moodeloota biroo tajaajila mana kiristaanaaf oolan waajjira kutaa lallaba godinaa waliin haasa'uun yeroon dhiheessa, ni raabsa.
7. Hojii bulchiinsa lallabaa fi kutaawwan gara garaa haala Jecha Labsiitiin to'ata.
8. Filannoon miseensotaa fi itti gaafatamtoota yaa'ii bulchiinsa afuuraa (koree hoji raawwachiiftuu) manneen kiristaanaa (daangessa mana kiristaanaa) yaa'ii lallaba afuurawaa aanaa keessatti argaman akka raggaasu waa jjira kutaa lallabichaaf dhiheessa.

9. Karoora hojii daangessa mana kiristaanaatiin qophaa'u yaa'ii bulchiinsa lallabaa afuurawaa aanaatiif dhiheessuun qorachiisee akka ragga' uuf kutaa lallabichaaf dhiheessa; raggaanaan akka ittiin hojjatamus taasisa.
10. Sagantaa guyyaa fi yeroo maraa qophees-suun lallabaa irra naanna'uun wangeela lallabuu fi lallabsiisuun hordoftoota kakaasuu fi onnachiisuun yaa'iin lallabaa afuurawaa akka gurmaa'uu fi cimu taasisa.
11. Qarshii manneen kiristaanaa kutaa lalla-bichaaf kaffalan yeroon sassaabamuu fi galii ta'uu ni hordofa.
12. Ragaa daangessa manneen kiristaanaa gal-meessanii dhiheessaniif irratti dabalataan luboota, barsiisota, lallabdoota wangeelaa dhaabbilee fi kutaa hojii gara garaa keessa jiran fi hordoftoota amantichaa maatii isaanii waliin galmeessuun, gabaasa raawwii hojii bara bajataa fi faayinaansii yerootiin waajjira kutaa lallaba godinaaf ni dhiheessa.
13. Dabtara baankii aanichaa qarshi qabaa aanichaa waliin hordofa/sochoosa.

# Boqonnaa 6

# Aangoo fi hojii, kutaalee waajjira Yaa'ii Lallabaa afuurawaa kutaa lallaba Godinaa Teessoo Phaaphaasii

## Keeyyata 38

## Hundeeffamaa fi gurmaa'insa yaa'ii lallabaa afuurawaa kutaa lallaba godinaa Teessoo Phaaphaasii

**Hundeeffama:-**

A. Kutaa lallaba godinaa jalatti Yaa'ii bulchiinsa lallabaa afuurawaa aanaa(Koree hojii raawwachiiftuu)tiin kan filaman luba tokko, hordofaa amantaa tokko, dargaggoota manneen barnoota Sanbataa keessaa tokko hoji gaggeessaa Mana lubummaa aanichaa waliin jila namni afur ; akkasuma hoji gag geessaa fi barreessaa kutaa lallaba godinaatii jalqabee itti gaafatamtoonni kutaalee waliin ta'anii hangafti Phaaphaasii (Liqa Phaaphaasii) walitti qabaa ta'e Yaa'ii Lallaba Afuurawaa-Kutaa Lallaba godinaa Teessoo Phaaphaasii hundeessu.

B. Yaa'ii Lallabaa Afuuraa KutaaLallaba Godinaa, Teessoo Phaaphaasii haala kanaan hundaa'e akkuma barbaachisummaa isaatti yaa`ii waggaatti al lama walitti qabamu ni qabaata.

C. Yaa'iin Lallabaa Afuuraa Kutaa Lallaba Godinaa, Teessoo Phaaphaasii kuni angoo fi hojii isaa kan raawwachiisuuf; baatii sadiin kan walga'u, yaa'ii bulchiinsaa (koree hoji raawwachiiftuu) ni filata.

**Gurmaa'insa:-**

**Teessoo Phaaphaasii kutaa Lallaba Godinaa jalatti**

1. Hangafti Phaaphaasii dura taa'aa kan ta'eef Yaa'ii Lallaba Afuurawaa kutaa lallaba godinaa;
2. Yaa'ii Lallaba Afuurawaa kutaa Lallaba God inaa (koree hojii raawwachiiftuu) fi Yaa'ii bulchiinsaa Mana lubummaa kutaa lallaba godinaa;
3. Waajjira yaa'ii bulchiinsa lallabaa kutaaLallaba Godinaa(waajjira kutaa lallaba godinaa)
4. Seera mana kiristaanaa Keeyyata51 lakkoofsa

4 irratti labsame, Jecha Labsii Keeyyata 16 lakkoofsa 1 tiin kutaaleen hojii yaa'ii Lallaba Afuurawaa daangessaan hundaa'an kutaalee hojii Mana lubummaa kutaa lallaba godinaati. Tarreeffamni hojiitis Jecha Labsii Keeyyata 17 hanga 30 irratti akka taa'een haala kutaa lallabichaa biyyaarratti hundaa'eenii fi mijatu-un kutaa lallabichaaf akka tajaajilu ta'a.

## Keeyyata 39

## Miseensota Yaa'ii Lallaba Afuurawaa Kutaa Lallaba Godinaa

1. Hangafa Phaaphaasii Kutaa Lallabichaa ...........Dura taa'aa Yaa'ii
2. Hangafni phaaphaasii bakka hin jirretti hojii gaggeessaan kutaa lallabichaa.......... Wal itti qabaa Yaa'ii
3. Barreessaan ol'aanaa Kutaa Lallaba Godinaafi itti gaafatamtoota kutaalee...........Miseensota Yaa'ii
4. Hoji raawwachiistonni Mana lubummaa anaa......................Miseensota Yaa'ii
5. Luboota Yaa'iiwwan Lallaba Afuurawaa aan

aa, kutaa Lallaba Godinaa keessa bakka bu'an ...........Miseensota Yaa'ii

6. Hordoftoota amantichaa Yaa'iiwwan Lallaba Afuurawaa aanaa kutaa Lallaba Godinaa keessa bakka bu'an......Miseensota Yaa`ii
7. Dargaggoota manneen barnoota Sanbataa Yaa'iiwwan Lallaba Afuurawaa aanaa kutaa Lallaba Godinaa keessa bakka bu'an.... Mise ensota Yaa`ii
8. Hangafti phaaphaasii dura taa'aa yaa'ii yemmuu ta'utti hoji gaggeessaan kutaa lallabichaaa ......Barreessaa fi Miseensa Yaa'ii
9. Hoji gaggeessaan kutaa Lallaba Godinaa walitti qabaa wayita ta'utti; barreessaa ol'aanaan ...........Miseensaa fi Barreessa Yaa'ichaa

## Keeyyata 40

## Taayitaa fi Hojii Yaa'ii Lallaba Afuurawaa Teessoo Phaaphaasii

Seera mana kiristiyaanaa boqonnaa 52'n kan tumamee fi Jecha Labsiidhaan boqonnaa 5 fi 6 jalatti kaayyoo fi gocha caqasame raawwachaa fi raawwachiisaa dabalataan yaa'ii lallaba Afuu-

rawaa Teessoon Phaaphaasummaa aangoo fi hojii armaan gadiiqabaata.

1. Qulqulluu Sinoodoosiirraa yeroo yerooon kan bahu seeraa fi yaada bu'uuraa Jecha Labsii osoo hin gadhiisin yaa'ii afuuraa kutaa lallabaaf kan qophaaye danbii ittiin bulmaataa, qajeelfama hojii yaa'ii bulchiinsarraa kan dhiyaatuuf karoorawwan ,hojii gara garaa ilaalee yaada murtee wajjiin phaaphaasii kutaa lallabichaaf akka dhiyaatu ni taasisa.
2. Yaa'ii bulchiinsa afuurawaa Teessoo Phaaphaasummaan (koree hojii raawwachiiftuu) qophaayee kan dhiyaate kan tokkoon tokkoon daangessa mana kiristiyaana fi aanaa walumaagalatti kan kutaa lallabichaa, raawwii hojii fi karoora hojii fuulduraa,haala lubootaa fi amantoota, ibsa qabeenyaa fi maallaqa qorachuun tokkoon tokkoon dhimmootaa irratti murtoo ni laata.
3. Sochii hojii manneen kiristiyaanaa jajjabeessuf , manneen barnootaa afuurawaa, lallabdoota wangeelaa, yaa'ii afuurawaa lallabaa, hojii misoomaa,tajaajiloota hojii tola ooltum-

maa hawaasummaa kutaa lallabichaa keessatti akka hundeeffamanii fi babal'atan ni taasisa.

4. Sadarkaa kutaa lallabichaatti kan raawwataman karoorawwan hojii fi tajaajiloota gara garaaf baajata barbaachisu nimurteessa. Walitti qabamuu fi hojiirra ooluu isaas ni mirkaneessa.
5. Daangessa mana kiristaanaa irraa, bulchiinsa walii galaa mana kiristiyaana Ortodoksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa fi tajaajiloota gara garaaf kan kaffalamu maallaqa 20% (dhibbentaa diigdama) yeroodhaan galii ta'uu ni too'ata.
6. Jecha Labsii Keeyyata 31'n kan caqasame miseensota yaa'ii bulchiinsaaf kan mijatan lakkoofsan afurii ol, saddeetii gadi kan hin taane bakka bu'aa lubootaa, amantootaa fi bakka bu`aa barattoota Dilbataa sagalee caalmaatiin ni filata.
7. Yaa'iin lallabaa afuurawaa kutaa lallabaa itti waamamni isaa waajjira teessoo phaphaasummaa kutaa lallabichaaf ta'a.

**Keeyyata 41**

**Miseensota Bulchiinsa Yaa'ii Afuurawaa Lallaba Teessoo Phaaphaasii (koree hojii raawwachiiftuu)**

1. Hojii gaggeessaa kutaa lallabichaa--------------------walitti qabaa yaa'ichaa
2. Keeyyata kana lakkoofsa 3 fi 4'n kan caqasamaan bakka bu'oota lubootaa fi amantootaa gidduudhaa umuriidhan waggaa 30 gadi kan hin taane, waggaa 60 kan hin caalle dandeettii gahaa kan qabu yaa'ii kanaan kan filatame lubni /amanaan/-------- ---itti aanaa walitti qabaa yaa'ichaa
3. Lakkoofsi isaanii lamaa gadi kan hin taane, afur kan hin caalle, lubootni yaa'ii waliigala afuurawaa kutaa lallabichaan filataman----------------miseensota yaa'ichaa
4. Dargaggeessa bakka bu'aa tokko wajjiin lakkoofsi isaanii lamaa gadi kan hin taane, afur kan hin caalle, yaa'ii afuurawaa waliigalaa kutaa lallbichaan kan filataman amantoota---------miseensota yaa'ichaa

5. Barreessaa ol aanaan kutaa lallabichaa-----------------barreessaa fi miseensa yaa'ichaa

## Keeyyata 42

## Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Yaa'ii Afuurawaa Lallaba Teessoo Phaaphaasii (koree hojii raawwachiiftuu)

Jecha Labsii Keeyyata 5 fi 6'n Kan ibsame kaayyoo fi gocha raawwachaa fi qixa sirriin raawwatamuu too'achaa Yaa'iin Bulchiinsa Afuurawaa Lallabaa Teessoo Phaaphaasummaa, aangoo fi gochaawwan armaan gadii ni qabaata.

1. Qulqulluu Sinodoosiin Kan bahe: seera, danbii fi qajeelfama, yaa'ii waliigalaa lallaba afuurawaa teessoo phaaphaasummaan kan darbu murtoo fi yaa'ii lallaba afuurawaa walii galaa kutaa lallabaa teessoo phaaphaasummaan qajeelfama kennamu hojiirra akka oolu ni taasisa.
2. Waa'ee barnoota afuurawaa fi ammayyaawaa, waa'ee lallaba wangeelaa, waa'ee misoomaa fi tola ooltummaa, walumaagalatti qabeenyaa fi tajaajila babal'isuuf karoora baasaa fi ka-

roora hojii aanarraa ergame qo'achaa yaada wajjiin yaa'ii waliigalaaf dhiyeessee yeroo heyyamame hojiirra akka oolu ni taasisa.

3. Murtoo yaa'ii waliigalaa afuurawaa kutaa lallabichaa bu'uureffachuun raawwii karoorawwan eyyemamanii ni hordofa.
4. Karoorawwanii fi maallaqa eyyamame haala danbiitiin baasii ta'ee hojii karoorfamee irra ooluu ni too'ata.
5. Daangessa manneen kiristaanaa irraa kan walitti qabame dhibbeentaa 20 fi galii kutaa lallabichaa kamirraayyuu akka armaan gaditti eerameen tokkoon tokkoo isaanitiif akka gahee isaanitti akka kaffalamuuf ni taasisa.
   a. Yaa'ii lallaba waliigala afuurawaa teessoo paatriyaarikiitii ---------35%
   b. Kutaa lallaba godinichaaf -----------------------------------------------------------30%
   c. Manneen lubummaa aanaa kutaa lallallabichaa keessatti argamaniif-----------30%
   d. Babaldhina manneen barnoota lubummaa (abinet) kutaa lallabichaa keessatti argamaniif-----5%

6. Kutaan lallaba Finfinnee tokkoon tokkoon daangessa manneen irraa kan walitti qabe 20% (dhibbentaa diigdama) fi galii kutaa lallabichaa kamirraayyuu:-

a. Yaa'ii waliigala afuurawaa Lallaba teessoo paat riyaarikiitiif 65% (dhibbeentaa jahaatamii shan)

b. Kutaa lallabichaaf 35% (dhibbeentaa soddomii shan) akka kaffalamu ni taasisa.

7. Misooma fi tajaajiloota hawaasummaa kutaa lallabichaa babal'isuuf dhaabbilee fi ogeessota beekamtii qaban wajjiin ta'uudhaan hojii tola ooltummaa fi hojii misoomaa garagaraa ni raawwata.

8. Qarshiin [bajanni] waggaa manneen daangessa manneen kiristaanaatiin qophaa`eek an dhiyaatu qorachuun yaada isaa waliin waajjira teessoo Phaaphaasii Kutaa Lallabaatiif dhiheessa.Yaa'iin Bulchiinsa Lallaba Afuurawaakutaa Lallaba Godinaa yoo heeyyame, hojiirra akka ooluuf kutaa gaafateef ni dabarsa.

9. Kaffaltiin kamuu yerootiin walitti qabamu, haala dambiin jedhuun qabamuu fi eegamuu isaa ni mirkaneessa.

10. Bulchiinsa Lallabichaa, qabiinsa maallaqaa, eegumsa qabeenyaa hordofaa; yeroo yeroottis maallaqicha ooditaraan qorachiisa.
11. Yaa'ii Lallaba Afuurawaagodinaa keessatti sadarkaan yaa'ii lallaba afuuraa argamaan hundaa, humna namaa, raawwii hojii isaa nii, karoora gara fuula duraa, qabiinsa qabeenyaa, galii fi baasii maallaqaa ibsuu fi gabaasa qindeeffatanii yeroon akka dhiheessan yeroo mara hordoffii taasisa.
12. Ajaandaa fi sagantaa hojii yaa'iin waliigalaa irraatti mari'atu dursee qopheessuun dhiheessa.
13. Yaa'iin bulchiinsa Lallabaa Afuurawaa [koree hoji raawwachiistuu] akka barbaachisummaa isaatti yaa'ii waliigalaa akka waamu dura taa'aa yaa'ii waliigalaa [hangafa Phaa phaasiif] hubachiisa.
14. Miseensota Yaa'ii bulchiinsa Lallaba Afuur awaa Daangessaa [koree hoji raawwachiiftuu] keessaa Yaa'ii Lallaba AfuurawaaTeessoo Paatriyaarikii irratti kan argaman hojii gaggeessaa Kutaa Lallaba godinaatiin ala;

manneen kiristanaa fi Kawaala kutaa lallabaa jalatti argaman irraa luba tokko, hordoftoota keessaa nama tokko, dargaggoo manneen Sanbataa keessaa nama tokko, itti gaafatamtoota lallaba wangeelaa fi Yaa'ii Lallabaa kutaa Lallaba Godinaa walitti namoota shan filuun ni erga.

15. Miseensota bulchiinsa Yaa'ii afuurawaa walii galaakutaa lallaba Teessoo phaaphaasii [koree hoji raawwachiiftuu] keessaa, bulchiinsa Yaa'ii afuurawaa waliigalaakutaa lallaba Teessoo paatiriyaarikiitiif filamuu isaa - nitiinii fi sababa biraatiin yaa'iin bulchiinsa Lallaba AfuurawaaKutaa lallaba Teessoo Phaaphaasii shanii gadi yoo ta'an sirni bakka buusuu haala Jecha labsiin ajaju boqonnaa 3 Keeyyata 11 lakkoofsa 4 irratti haala ibsameen raawwatama.

16. Waggaan Tajaajila miseensota Yaa'ii waliigalaa bulchiinsa Afuuraa kutaa Lallaba Godinaa Teessoo Phaaphaasii haala Jecha Labsii boqonnaa 3 Keeyyata 11 lakkoofsa 2 irratti ibsameen ta'a.

17. Yaa'iin bulchiinsa Afuuraa kutaa lallabaa [koree hoji raawwachiiftuu] itti waamamni isa yaa'ii Afuuraa waliigalaa Teessoo Phaap haasii Kutaa Lallabaaf ta'a.

## Keeyyata 43

## Waajjira Teessoo Phaaphaasii Kutaa Lallabaa Godinaa

Akkaataa seera mana kiristaanaa Keeyyata 51 lakkoofsa 6 irratti murteeffameen waajjirri Teessoo Phaaphaasii kutaa lallabaa Godinaa itti waamamni isaa waajjira Teessoo Paatri-yaarikiitiif ta'a.

1. Kawaalota, tulluuwwan fi manneen kiristaanaa baadiyyaa, Lallabaa Afuuraa fi yaa'ii Kutaa Lallaba godinaati sadarkaa sadarkaan hun-daa'an hoggansa hojii bulchiinsa ol'aanaa qajeelcha hojii mana lubummaa aanaaf itti gaafatama kan qabudha.
2. Akka Seera manneen kiristaanaa Keeyyata 51 lakkoofsa 2 irratti labsameen tokkoon tokkoon waajjira Kutaa Lallaba Godinaa hangafa Phaap-haasii yookaan Phaaphaasii yookiin immoo Iphis Qoophoosiidhaan hogganama.

3.Waajjirri Kutaa Lallabaa Godinaa haala Seera manneen kiristaanaa Keeyyata 52 irratti murteeffame, Kaayyoo fi raawwii Jecha Labsii, seera, danbii fi qajeelfamoonni gubbaatii darban akkataa itti raawwatamuu fi raawwachiifamu; yaa'ii bulchiinsaa tokkoo fi seera manneen kiristiyaanaa Keeyyata 51 lakkoofsa 4 kan murtaa'e Jecha Labsii Keeyyata 16 lakkoofsa 1 irratti kanneen tarreeffaman kutaalee hojii gara garaa qabaatu. Tarreeffamni hojii isaaniis haala kutaa lallabaatiin ilaalamee Keeyyata 16 hanga 30 irratti kan ibsameen ta'a.

4. Kutaan Lallaba Finfinnee, murtee labsii Jecha fi danbii fi qajeelfama Qulqulluu Sinoodoosiin baasuun bula.

## Keeyyata 44

## Aangoo fi hojii Hangafa Phaaphaasii Kutaa Lallaba Godinaa

Seera mana kiristaanaa,Keeyyata 37 fi 53 irratti haala murtaffameen angoo fi hojii armaan gadi qabaatu.

1. Hangafni Phaaphaasii itti waamamni isaanii

Qulqulluu Sinodoosiif ta’a.Waajjira Kutaa Lallaba Godinaa fi hogganaa bulchiinsa Mana lubummaa fi dura taa’aa yaa’ii Lallaba Afuurawaaawaliigalaati.

2. Manneen kiristaanaa hundumaa kutaa lallabaa keessatti argamaniif abbaa afuuraa ta’uun hoggantoota yaa’ii Lallabaatiif yeroo yerootti gorsa afuuraa, qajeelfamaa fi eebba [buraakee] kenna; ni jajjabeessa. Lubootaaf, hordoftoota amantaa fi daa’immanii fi dargaggoota manneen Sanbataaf barnoota laata, ni jajjabeessa.
3. Mana kiristaana takkittii, hundaa olii fi hojii duuka bu’oota kan hojjatu taate seenaan ishee eegamee akka turu, hordoftoonni isheetis namoota amantaa keessummaa ta`e babaldhisanin akka hin butamne of eegannoo cimaa taasisa.
4. Haqa Afuuraa [fitih menfesawi] Keeyyata 6 fi 7 seera Mana kiristaanaa Keeyyata 53 lakkoofsa 4 haala caqasameeni fi Jecha Labsii Keeyyata 20 lakkoofsa 8 fi 9 irratti tajaajil-

toota Manneen kiristaanaa ulaagaa guutan kanneen kutaa barnootaa, Abuna Qasiisii fi Luboota biroo Kutaa Lallabaatiin ramadamaniin qormaata afaanii fi barreeffamaatiin kan darban qofaaf aangoo Diyaaqonummaa fi Lubummaa laata. Kanneen aangoo kana argataniif waraqaan ragaa akka kennamu taasisa.

5. Mana kiristaanaa itti tajaajilanii irra xalayaa geggeessituu kan hin qabnee fi baruumsa mana kiristaanichaa ga'aa kan hin qabneef tajaajilli lubummaa (kihinatiin) hin laatamu.
6. Yaa'ii Kutaa Lallaba godinaatiin qorachiisaa, murteessaa fi murteessisaa dameen hojii gara garaa Kutaa Lallaba godinaaf barbaachisu akka hundaa'uu fi itti gaafatamtoota ramachiisaa. Raawwii isaas Mana lubummaa Waliigalaaf beeksisa.
7. Bulchiinsa Kutaa Lallaba Godinaa keessatti mana kiristaanaa haaraa ijaaramaniif haala Qannoonaa Mana kirisataanaatiin eeyyama

laata, dhagaa bu'uuraa ni kaa'a, mana galatoo Isaas ni eebbisa; ni kabajasi.

8. Bulchitoota fi hojjattoota gara garaa tulluuqawwan fi Kawaalota Kutaa Lallaba Godinaa jala jiraniif jeelfama ni dabarsa. Badii yoo raawwatanis tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata. Badii cimaas Yaa'ii bulchiinsa kutaa lallaba godinaan ilaaluun ni murteessa.
9. Dhimma Seeraa fi naamusaa Kutaa Lallabaa keessa jiru jalqaba kan dhihaates ta'ee ol iyyannoon kan dhufe miseensota yaa'ii bulchiinsa kutaa Lallaba Godinaa waliin ta'uun ilaala. Ol iyyannoo kan barbaadus yoo ta'e Mana lubummaa waliigalaa yookiin Qulqulluu Sinodoosiif akka ergamu taasisa.
10. Seera mana kiristaanaa Keeyyata 53 lakkoofsa 9 irratti akka labsameen, dabtara baankii Kutaa Lallabaa hojii gaggeessaa kutaa Lallaba Godinaa waliin sochoosu.
11. Hangafni Phaaphaasii dura taa'aa yaa'ii kutaa lallaba godinaati.

# Keeyyata 45

## Hojii fi Aangoo Hojii Adeemsisaa Kutaa Lallaba Godinaa

1. Hojii adeemsisichi hoji raawwachiisaa waajjira kutaa Lallaba Godinaa fi Mana lubummaa kutaa lallaba godinaa fi Sadarkaa kutaa lallaba godinaati walitti qabaa yaa'ii bulchiinsa lallabaa afuurawaati.
2. Hangafni Phaaphaasii yeroo hin jirretti hojii raawwachiisichi yaa'ii bulchiinsaa kutaa lallabaa [Mana lubummaa] walitti qabaa ta'ee hoggana.
3. Qajeelfama Qulqulluu Sinoodoosiitiin ba'e, murtoowwan yaa'ii Lallaba Afuurawaawaliigalaa Teessoo Paatriyaarikiitii ba'ee fi sadarkaa kutaa lallaba godinaatti murtoowwan yaa'ii Lallaba Afuurawaawaliigalaa waajjiraalee Mana lubummaa fi manneen kiristaanaaf, akkasuma; yaa'iiwwan Lallaba Afuurawaa sadarkaa sadarkaan jiraniif yeroon akka ga'u taasisa; raawwii isaas ni hordofa.

4. Qarshiin daangessa Manneen kiristaanaa yeroo yeroon kaffalan lakkaa'amee galii akka ta'uu fi Keeyyata 42 lakkoofsa 5 irratti haala caqasameen akka hojii irra oolu taasisa.

5.Baasiin kamuu haala Kutaa Lallabaatiif eeyyamameen ta'uu isaa; qabiinsa herreegaa fi qabeenyaa haala Jecha Labsii Keeyyata 25 hanga 27 irratti caqasameen raawwatamuu isaa ni too'ata.

6. Tajaajila yaa'iiwwanLallaba Afuurawaa daangessaatiifkan oolan, nagahee galii fi baasii, moodelii fi maxxansaawwan biro barbaachisoo ta`an,olaantummaa too'annoo waajjira Teessoo Paatriyaarikiitiin fi itti gaafatamummaa waajjira Teessoo Phaaphaasii Kutaa Lallabaatiin maxxansiisee karaa aanaatiin yaa'iiwwan Lallaba Afuurawaa manneen kiristaanadaangessichaaf ni raabsa. Sirritti qaqqabuu isaas ni hordofa.

7. Hoji gaggeessichi hangafa Phaaphaasii irraa utuu qajeelfama hin fudhatin, Yaa'iin bulchiinsa kutaa lallaba utuu hin murteessin ho-

jjataa qacaruu, guddina kennu, jijjiirraa iddoo hojjachuu, mindaa dabaluu, hojiirraa gaggeessuu fi kan kana fakkaatan mara raawwachuu hin danda'u.

8. Hojjattootaa fi dureewwan Kawaalaa fi tulluuwwan Kutaa Lallabaa jala jiraniif qajeelfama ni dabarsa; ni gorsaas.Yoo badiin mul'ate hangafa Phaaphaasii irraa qajeelfama fudhatee akeekkachiisa afaanii fi barreeffamaa ni laata.
9. Odeeffannoo mana lubummaa aanaalee irra galmaahee dhufuun dabalata Luboota, barsiisota, lallabdootaa fi hordoftoota amantichaa, dhaabbilee barnootaa gara garaa, hojii fi kanneen biroo keessa jiran mara maatii isaanii waliin galmeessisuun ragaa lakkoofsaa kutaa lallaba godinaa, hojii bara bajataa fi gabaasa faayinaansii, yaa'ii bulchiinsa Lallaba AfuurawaaTeessoo Phaaphaasiif yeroon dhiyeessa.
10. Dabtara baankii kutaa Lallabichaa, Hangafa phaaphaasiiwaliin ta'uun ni sochoosa.

11. Jecha Labsii kana Keeyyata 44 lakkoofsa 10 irratti akka caqasameen, hoji gaggeessaan kutaa Lallaba Godinaa itti waamamni isaa hangafa Phaaphaasiitiif.

## Boqonnaa 7

## Yaa'ii Lallaba Afuurawaa Waliigalaa Teessoo Paatriyaarikii

### Keeyyata 46

### Hundeeffamaa fi Caaseffama Yaa'ii Lallaba AfuurawaaWaliigalaa Teessoo Paatriyaarikii

**1. Hundeeffama:-**

A. Manneen kiristaanaa Ortodoksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa waliigalaa keessatti, tokkoon tokkoon hojii adeemsiftoonni kutaa Lallaba Godinaa, Luboota bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawaa teessoo phaasii irraa filatamanii bakka bu`an,bakka bu`oonni amantootaa fi manneen barnoota sanbataa teessoo paatiriy aarikii keessatti, miseensota qulqulluu Sinodosii, hooggantoota qajeelcha fi dhaabbata

mana lubummaa waliigalaa tokkummaadhan walitti qabamanii,yaa`ii lallaba afuurawaa teessoo paatiriyaarikii waliigalaa hundeessu.

B. Yaa`iinLallaba Afuurawaawaliigalaa Teessoo Paatriyaarikii haala kanaan hundaa'e wag-gaatti al tokko kan walgahu, yaa`ii lallaba afuurawaa waliigalaa ni qabaata. Kuni am-moo, mare waliigalaa mana kiristaana Orto-doksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa ta'a.

C. Kunis aangoo fi hojii yaa'ii Lallaba Afuurawaa waliigalaa teessoo Paatriyaarikii kan raaw-wachiisuuf akka barbaachisummaa isaatti kan walga'an yaa'ii bulchiinsaa yookin koree hoji raawwachiistuu ni filata.

## 2. Caaseffama:-

A. Paatriyaarikiin dura taa'aakan ta'eef yaa'iin Lallaba Afuurawaawaliigalaa [maree waliigalaa manneen kiristaanaa] teessoo Paatriyaarikii tokkicha;

B. Mana lubummaa waliigalaatti hoji gaggees-saan waliigalaa kan walitti qabaa ta'e yaa'iin bulchiinsa [koree hoji raawwachiiftuu] tokkoo fi yaa'ii bulchiinsa Mana lubummaa waliigalaa;

C. Waajjira bulchiinsa lallabaa waliigalaa [waajjira Mana lubummaa waliigalaa]

D. Kutaalee hojii bulchiinsa lallabaa waliigalaa, qajeelcha Mana lubummaa waliigalaa fi kutaalee hojii gara garaati.

## Keeyyata 47

## Miseeensota Yaa'ii Lallaba AfuurawaaWaliigalaa Teessoo Paatriyaarikii

1. Paatriyaarikii……………….Dura Taa'aa Yaa'ii
2. Hoji gaggeessaa Waliigalaa…….Walitti qabaa Itti aanaa Yaa'ii
3. Kutaa Lallaba godinaatti fi manneen kiristaanaatti hangafa Phaaphaasotaa muudaman……Miseensota yaa'ii
4. Hoji gaggeessaa Itti aanaa Mana lubummaa waliigalaa………..Miseensaa fi barreessaa Yaa'ii
5. Yaa'ii Bulchiinsa Lallaba Afuurawaawaliigalaa [koree hojii raawwachiisaa] Teessoo Paatriyaarikii….. Miseensota Yaa'ichaa
6. Waajjira waliigalaa Teessoo Paatriyaarikiitti,

itti gaafatamtootni Qajeelchaa, koomishinii fi dhaabbilee ............Miseensota Yaa'ii

7. Hoji geggeessitootni kutaa lallabaa Teessoo Phaaphaasii............Miseensota
8. Luboota Bulchiinsa Yaa'iiwwan Afuurawaa Teessoo Phaaphaasii Kutaa lallaba godinaa irra filamuun bakka bu'an..........Miseensota
9. Hordoftoota amantaa Bulchiinsa Yaa'iiwwan Afuurawaa Teessoo Phaaphaasii Kutaa lallaba godinaa irra filamuun bakka bu'an........ Miseensota
10. Dargaggoota manneen SanbataaBulchiinsa Yaa'iiwwan Afuurawaa Lallabaa Teessoo Phaaphaasii Kutaa lallaba godinaa irra filamuun bakka bu'an........Miseensota
11. Itti gaafatamtoota Kutaa lallaba wangeelaa fi yaa'ii lallabaa kutaa lallaba Teessoo Phaaphaasii......Miseensota
12. Biyyaaalaatti bakka buutota mana kiristaa naa Ortodoksii Tawaahidoo ................iseensota

## Keeyyata 48

## Aangoo fi hojii Yaa'ii Lallaba Afuurawaawaliigalaa Teessoo Paatriyaarikii

Jecha Labsii kana Keeyyata 5 fi 6 irratti kaay-yoo fi hojii tarreeffaman raawwachaa fi raaw-wachiisaa Yaa'iin Lallaba AfuurawaaWaliigalaa Teessoo Paatriyaarikii angoo fi hojii armaan gadi jiru kana qabaata

1. Ibsoota fi karoora gara fuula duraa KutaaLal-laba Godinaahundumaa erga dhagahee booda mata duree dursaan irratti mari'achuuf qo-phaa'e irratti tokko tokkoon mari'achuun murtee isaa Qulqulluu Sinodoosiif dhiheessa.
2. Gama yaa'ii bulchiinsa afuurawaa lallaba wali igalaan [koree hoji raawwachiiftuu] dhim-moota qulquulla'ani dhiyaataniif qorate bulc hiinsa ol'aano lallabaa kutaawwaan Lallaba Godinaatiif waan barbaachisuu fi ta'uu qabu raawwata.
3. Tajaajila afuuraa fi hawaasummaa manneen kiristaanaa cimsuuf manneen barnootaa lubu-mmaa [abinnat], manneen baruumsa afuur

awaa olaanaa, mana leenjii Lubootaa, lallabdootaa fi barsiisota manneen barumsaa Sanbataa, dhaabbilee misoomaa fi tola ooltotaa sadarkaa Kutaa Lallaba godinaa fi giddu galeessattis akka hundaa'an fi gurmaa'an yaada murtoo dhiheessa.

4. Jecha Labsii kana Keeyyata 49 irratti akka tarreeffameen miseensota bulchiinsa waliigalaa yaa'ii Lallaba Afuurawaa [koree hoji raawwachiiftuu] afurii olii fi saddeeti gadi ta`an ni filata.
5 Miseensonni filaman yeroon tajaajila isaanii Jecha Labsii kana Boqonnaa 3 Keeyyata 11 lakkoofsa 2 irratti haala ibsameen ta'a.
6. Yaa'iin Lallaba Afuurawaawaliigalaa teessoo Paatriyaarikii itti waamamni isaa Qulqulluu Sinodoosiif ta'a.

## Keeyyata 49

## Miseensota Yaa'ii bulchiinsa Lallaba Afuurawaawaliigalaa [Koree hoji raawwachiiftuu] Teessoo Paatriyaarikii

1. Hoji gaggeessaa ol'aanaa Mana lubummaa waliigalaa……Walitti qabaa Yaa'ii

2. Itti aanaanhoji gaggeessaa ol’aanaa Mana lubummaa waliigalaa .........itti aanaa Walitti qabaa tokkoffaa.
3. Keeyyata kana lakkoofsa 4 fi 5 irratti Lubootaa fi hordoftoota amantaa bakka buufaman keessaa umriin isaanii 30 kan hin hanqanne 60 kan hin caalle dandeettii ga’aa kan qabu luba yookaan amantoota yaa’ii kanaan filaman..... ....Itti aanaa Walitti qabaa lamaffaa
4. Luboota lakkoofsi isaanii lama hin hanqanne afur immoo hin caalle yaa’ii waliigalaan filatamani bakka kan bu’an .......Miseensota
5. Dargaggoo bakka bu’aa ta’e tokko waliin, hordoftoota amantichaa lama hin hanqanne, afur hin caalle yaa’ii waliigalaan filatamani bakka bu’an ............Miseensota
6. Waajjira yaa’ii Lallabaa Mana lubummaa waliigalaattiItti gaafatamaan Qajeelcha Gurmaa’inaa ....................Miseensa
7. Waajjira Yaa’ii Lallabaa Mana lubummaa waliigalaattibarreessaa ol’aanaan Qajeelcha Gurmaa’inaa ........................Miseensa

## Keeyyata 50

## Aangoo fi hojii Bulchiinsa Yaa'ii Lallaba Afuurawa Waliigalaa (koree hoji raaw-wachiftu) Teessoo Phaaphaasii

Akkaataa KeeyyataJecha Labsii kanaKee-yyata 5 fi 6 irratti tarreffaman kaayyoo fi hojiileen bulchiinsa yaa'ii lallaba afuurawaa waliigalaa raawwatamuu fi hojiitti hiikamuusaa to'achaa dabalataan aangoo fi hojiilee armaan gadii qaba.

1. Dambiilee qulqulluu sinodoosiidhaan bahan, qajeelfamoota akkasumas murtiilee fi ibsa teessoo patriyaarikitti yaa'ii lallaba afurawaa waliigalaatiin darbu kutaalee lallabaa godi-naa fi qaamolee illallatutti yeroon akka gahu ni taasisa.
2. Akka biyyatti hojiilee hojjetamanii, karoora gurguddoo fi maallaqa murteeffaman akka qajeelfamaatti sirnaan qabamuu fi eegamuu isaa ni to'ata.
3. Daangessa manneen kiristaanaa fi bulchiinsa mana kiristaana ortodoksiiTawaahidoo Iti-yoophiyaatti bulchinsa waliigalaa fi tajaajila adda adddaaf maallaqa kaffalaman too`ate, yeroodhaan galuu isaanisni mirkaneessa.

4. Bulchiinsa lallabaa waliigalaa fi eegumsa qabeenyaa akka Jecha Labsii kanaKeeyyata 25-27 irratti caqasametti rawwatamuu isaa ni hordofa,oditaraanis ni qorachiisa.
5. Dambiiwwan ittiin bulmaata yaa'ii lallaba afurawaa walii galaa fi qajeelfamoota hojii akkasumas seerota yaa'ii lallaba afurawaa waliigalaa fi muurteewwan adda addaa fooyya'uu qaban qo'atee yaa'ii walii galaaf ni dhiyeessa.
6. Akka biyyolessaatti hojiilee manneen kiristaanaa rawwataman jechuunis kan akka lallaba wangeelaa, barnootaafurawaa, misoomaa, hojiilee gocha gaarii, eegumsa qabeenyaa fi tajaajila yaa'ii lalabawwaniibabaldhisuuf karoora baasee fi sagantaa qopheessee yaa'ii waliigalaaf dhiyeessee yeroo heyyamameef hojiirra akka oolu ni taasisa.
7. Teessoo paatriyaarikiitti yaa'ii lallaba afuura waa waliigalaaf gabaasaa fi mata duree marii yookiin ajandaa niqopheessa, sagantaas ni baasa.

8. Yaa`iin bulchiinsa lallaba afuurawaa ykn koree hojii raawwachiiftuu itti waamamni isaas yaa'ii waliigalaa teessoo paatriyaarikiif taha.
9. Waggaa waggaan ji'a Onkololessaa keessa yaa'ii lallaba afurawaa waliigalaa teessoo paatriyaarikii akka taasiafamu ni godha.

## Keeyyata 51

## Waajira Waliigala Mana Lubummaa Teessoo paatriyaarikii

## Bu'ura seera mana kiristaanaa Keeyyata tokkootiin

1. Manneen kiristaana Ortodoksii Tawaahidoo Itiyoophiyaa biyya keessaa fi alaatti argaman keessatti teessoo Hangafa phaaphaasiifi kutaalee lallabaaf, kawaalota fi tulluuwwan akkasumas sadarkaa sadarkaadhaan yaa'Iiwwan lallaba afurawaadhaabbatan hundaaf jiddu galeessa bulchiinsaa fi mataa(hangafa), koree hojii raawwachiistuu manneen luubummaa fi tajaajila afuurawaaf itti gaafatamaa olaanoo fi waajjira aangoo guutuu qabudha.
2. Danbiifi seerri Qulqulluu Sinodoosii, murtoo

fi qajeelfamoota Koree Dhaabbii Sinoodoosii akkasumas dambiileen Jecha Labsii hojitti kan hiikamu, waajjira kanaafi isaa gaditti kan argaman qajeelchota fi kutalee hojii adda addaatini.

3. Dhimmoota bulchiinsaa fi haqaa-afuurawaa kutaalee lallabaa irraa dhiyaatan ilaalee kan murteessu yaa'ii bulchiinsaa qaba.

## Keeyyata 52

## Aangoo fi Hojii Paairiyaarikii

Paatriyaarikiin akka seera mana kiristaanaa Keeyyata 32 irratti tumametti aangoo fi hojiilee armaan gadii kana ni qabaatu.

1. Eebbifamoo fi Qulqulluun Paatriyaarikii hangafti duree phaaphasotaa Itiyoophiyaa Duree Phaaphasii Aksum Iccagee Teessoo Takilahayimaanotmanakiristaana Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaa biyya keessa fi biyya alaaa jiran hundaaf abbaa afurawaa fi eegaa mana kiristaanaa olaanaa, tokkummaa fi bulchiinsa isheetiif itti gaafatamaa olaanoo fi aangoo guutuu kan qaban ta'uun yaa'ii

Qulqulluu Sinodoosii fi Yaa`ii lallaba afuurawaa waliigalaa teessoo paatiriyaarikii walitti qabummaadhan ni gaggeessa.

2. Paatriyaarikiin akka abbaa afurawaa fi bulchaa mana kiristaana tahuusaaniitti gaggeessitoota yaa'ii afurawaa waliigalaa,luubota fi amantootaaf qajeelfamoota, barnootaafi eebba ni kennu.
3. Dhimmoota sadarkaa duraatti dhiyaatan yookiin ol iyannoon dhufan mana lubummaa waliigalaatti yookiin koree Dhaabbii Sinodoosiitiin yookiin yaa'ii Sinodoositiin akka ilaallamu ni taasisu murtiis akka argatu ni godhu.
4. Wantootaamantaa Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaa faalleessanii fi dhimmoota gurguddoo mana kiristaanaa xuqan yoo uumame miseensota Sinodoosii maraaf(duree Phaaphaasotaa hundaaf), barbaachisaa yoo tahe miseensota yaa'ii lallaba afuurawaa waliigalaa teessoo paatriyaarikiitiif waamichi ariifachii saa gochuuf mirgaa fi itti gaafatamumma qabu.

5. Yeroo durii irraa eegalee manneen kiristaanaa obboleeyyii Oriyeentaal Ortodoksii waliin dhimmoota afuurawaa fi hawaasummaa irratti walitti dhufeenyi akka babaldhatu fi cimu ni taasisu.

## Keeyyata 53

## Aangoo fi Hojii, Hoji Adeemsisaa Walii gala

Hoji-adeemsisaan waliigalaa akka seera mana kiristaana Keeyyata 42 lakka xiqqa 7 fi Keeyyata 44 irratti tumamee fi aangoo fi hojiilee armaan gadii ni qabaata.

1. Hoji-gaggeessaan waliigalaa itti gaafatamummaan isaa Qulqulluu Sinoodoosii fi Qulqulluu paatriyaarikiif tahee,Mana kiristaana Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaa hundaaf hoji gaggeessaa, bulchiinsa maallaqaa fi qabeenyaaf itti gaafatamaa olaanaa, walumaagalatti abbaa aangoo olaaanaa mana lubummaati.
2. Hoji-gaggeessaan waliigalaa yaa'ii lallaba waliigalaa teessoo paatriyaarikii itti aanaa walitti qabaa tahuun yoo gaggeessu, yaa'iibulchiinsa

mana lubummaa gaggeessaa olaanoo tahee nigaggeessa.

3. Yaa'iin lallaba afuurawaa kaayyoo fi hojiilee dhaabbateef raawwachuu fi hojiilee kutaalee adda addaa raawwachuuf mana lubummaa waliigalaatti kutaalee qajeelfamootaa fi dhaabbileef qajeelfama ni kenna.Itti gaafatamtoonni kutaalee dhaabbilees hojiilee isaanii kennaman raawwachuu isanii ni hordofa ni to'atas.
4. Dhimmoota yeroo duraaf dhiyaatanis tahee kan ol iyyannoon dhufaniif bulchiinsa yaa'ii lallaba waliigalaa teessoo paatriyaarikiif ni dhiy eessa, akka murteeffamanis nigodha. Dhim moota aangoo isaanii ol tahes gara Qulqulluu Sinoodoosii koree dhaabbiitti yookiin Sinoodoosiitti dabarsa.
5. Yeroo yeroon daangessa manneen kiristaanaa irraa tajaajila waliigalaaf jedhamee maallaqni walitti qabamuu yeroo,iddoo fi waqtiidhaan galii tahuu ni hordofa.
6. Baasiin kamiyyuu yeroo raawwatamu bu'uura yaa'ii lallaba waliigalaa teessoo paatriyaari-

kiitiin baajata heyyamame tahuu isaa haala qabiinsa herreegaa fi qabeenyaa akka Jecha Labsii Keeyyata 25, 26,27 fi 56 irratti bu`ura tarreeffameen raawwatamuu isaanii ni to'ata.

7. Akka seera mana kiristaanaa Keeyyata 44 lakka 3 irratti bu'uura tumameen bajata mana kiristaanaa ramadame kamiyyuu maal laqas ta'ee qabeenya barreessaa olaanoo Qulq ulluu Sinoodoosiin mallattoo waliiniitiin ni sochoosu.Waggaatti akkasumas yeroo barbaachisaa ta`etti ooditara seera qabeessa ta`een ni qorachiisa.
8. Kutaalee lallaba godinaaleettiakkawuntii baan kii namoota sochoosaniif xayalaa bakka bu'iinsaa ni barreessaf.
9. KutaaleeLallaba Godinaafi manneen kiristaanaa biyya keessaa fi biyyaan alaa maal akka hojjetan ni hordofa ni to'atas.
10. Wagga waggaan bu'aa hojii fi karoora bara itti aanuuf karoora isaa wagga waggaan ji'a Onkololeessaa keessa yaa'ii lallaba afuur awaa waliigalaatiif ni dhiyeeessa. Yaa'iin waliigalaas wanta irratti mari'atee fi murteesse

Qulqulluu Sinoodoosiif dhiyeessee yeroo murteeffame hojiirra akka oolu ni taasisa.

11. Kutaalee hojii qajeelchawwanii, dhaabbilee fi kutaaleen hojiilee adda addaatti itti gaafatamtootaaf ramaddii fi guddina isaanii kan ilaallatu dhiyeessa hoji-gaggeessaa olaa naa mana luubummaatiin erga dhiyaatee qorannoon barbaachisaa erga godhamee fi Qulqulluun Paatriyaarikii yoo irratti walii-galan hojiirra akka oolu ni taasisa.
12. Dhimmoota barbaachisoo ta`an Qulqulluu Paatriyaarikii mari'achiisuun ni raawwata ni raawwachiisas.

## Keeyyata 54

## Waa`ee Itti aanaa Hoji Adeemsisaa Mana Lubummaa Waliigalaa

Itti aanaan hoji-gaggeessaa akkaataa seera mana kiristaanaa Keeyyata 45 irratti tumameen aangoo fi hojiilee armaan gadii kana ni qabaata.

1. Itti aanaa Hoji-gaggeessichi:-

A. Hoji-gaggeessaa irraa adda bahee hojiilee kutaalee qajeelfamaan kennaman ni raaw-wata.

B. Yeroo hoji-gaggeessaan hinjirreetti bakka bu'ee ni hojjeta.

2. Itti aanaan hoji-gaggeessaa itti waamma mni isaa hoji-gaggeessaa waliigalaaf taha.

## Boqonnaa 8

## Tumaalee Gara Garaa

## Keeyyata 55

## Sirna gaggeessummaa fi Yeroo Marii Dabalataa Yaa`iiwwan Lallaba Afuurawaa

### 1. Sirna gaggeessummaa yaa'iiwwan lallaba afuurawaa

Sadarkaa kamiittuu yaa'iin lallaba afuurawaa argaman sirni gaggeessummaa isaa akka armaan gadiitti taha.

A. Sadarkaa kamiittuu kan argamu yaa'iin lallaba afuurawaa miseensota jiran keessaa harka lama sadaffaan yoo argaman yaa'ii guutuu jedhamuun yaa'ii isaanii gaggeessuu ni danda'u.

B. Dhimmoota yaa'ii irratti dhiyaatan kan murteessan miseensota yaa'ii irratti argaman harka caalmaatiin yoo tahu yoo harki isaanii qixxee tahe garee walitti qabaan keessa jiru caalmaa ni argata.

C. Murtiiwwan yaa'ii kamiiyyuu irratti murteeffaman yaa'ii qaboo irratti qabamee miseensonni yaa'iicha irratti argaman ni mallatteessu.

D. Murtiiwwan yaa'ii lallaba afuurawaa kanas raawwachuu fi raawwachiisuuf itti gaafatamummaa kan qabu walitti qabaa yaa'iichaati.

## 2. <u>Yeroowalga`ii Dabalataa</u>

Jecha Labsiikana boqonnaa 3 Keeyyata 7 lakka 1 qubee B fi C,boqonnaa 5 Keeyyata 31 lakk.1,Keeyyata 37 lakk. 2 akka ibsametti yaa'ii dhaabbataan ala sadarkaa kamiirrattuu kan jiran yaa'iin lallaba afuurawaa dhimma ariifachhisaan yoo dhufe yookaan miseensota jiran keessaa harki caalu yaa'iin ariifachiisaa yaa godhamu yoo jedhan waamicha walitti qabaa isaaniitiin yaa'iin ni taasifama.

## Keeyyata 56

## Waa`ee Galii Lallaba Mana Kiristaanaa

Kitaabota Qulqulluu keessatti(seera leewwotaa 27;30-34,seera keessa deebii 14;22-29, Seera Lakkoofsaa 18;20-28, Nahimiyaa 10;32-36,Milk 3;7-13,Maat 22:21;Hojii Duuka Bu`ootaa 4:32-36, 1Qoronxoos 16;1-7) akka seera mana kiristaanaa Keeyyata 38 lakka 11irratti tumametti amanaan kamiiyyuu qabeenyaa fi galii argatu keessaa tajaajila mana qulqullummaafi tajaajiltoota mana kiristaanaaf walumaa galatti tajaajila afuurawaa fi hawaasummaa adda addaaf kan oolan kurnoo,hangafoo,duree kaffaluun dirqama kiristaanummaati.

Luubota fi amantoota lallabichaa irraa akkasumas iddoolee adda addaa irraa galii mana kiristaanaaf galu kanneen armaan gadii taha.

kaffaltii ji’aa fi waggaa

A. Kiristaanni kamiyyuu galii argatu keessaa itti yaadee kurnoo (kudhan keessaa tokko) kaffaluun abboommii kitaabilee qulqulluu keessatti eeramedha.

B. Lubni akkasumas amanaan galii qabu daan gessa mana kiristaanaa jirutti kaffaltii ji'aa qarshii 20 ni kaffala. Haa ta`u malee, haala qabatamaa naannichaa irratti hundaa`ee, hangafti phaaphaasii kutaa lallabichaa yaa`ii bulchiinsaatiin murteessee qarshii 20 ol kafalchiisu ni danda'a.

C. Namni gocha gaarii raawwachuu barbaadu kan armaan olitti eerameen alas kaffaluu ni danda'a.

D. Namni qarshiidhaan kaffaluu hindandeenye oomishaa fi qabeenya isaa irraa kennuu dirqama kiristaanummaa qaba.

E. Asumarratti A-Dtti kaffaltiiwwan eeraman namni kaffaluu hin dandeenye yoo jiraate haalli isaa bulchiinsa yaa`ii afuurawaatiin lallabaatiin(koree hojii raawwachiistuudhaan) ilaallamee wanta kaffaluu danda'u qo'atamee ni murtaa'a.Gonkuma kaffaluu kan hindandee nye yoo ta`e tajaajilli afuurawaa bilisaanni rawwatamaaf.

F. Humnaa fi beekumsa isaan yoo gargaaruu danda'e akkuma dandeettii isaatti mana kiristaanaa gargaaruu ni danda`a.

2. Galii mallaqaa lallabichaa fi amantoota irraa argamu.
   A. Wareega
   B. Saanduqee kennaa
   C. Kennaa (balcha)
   D. Galii ayyaana ji'aa fi waggaa irraa argamu
   E. Galii bobbocaa fi hojii harkaa garaagaraa irraa argaman
   F. Galii tajaajila xabalaa, saanduqee kennaa fi namoota mana kiristaana daawwatan irraa galii argamu.
   G. Manneen barnoota Sanbataa irraa,lallaba wangeelaa irraafi kutaalee afuurawaa fi hawaasummaa adda addaairraa;
   H. Hojiilee misoomaa adda addaa irraa;
   J. Madda galii armaan olitti hin eeramne galii kamiiyyuu fi madda galii adda addaa uumuun galii argamu hunda dabalata.
3. Keeyyata kana keessatti lakka 1fi 2 qarshii fi qabenya tarreeffaman walitti qabamee gara kutaa qabeenyaa fi maallaqa mana kiris-

taanatti galee baasii akka ta`u ramaddii bajata heeyyamame irratti hundaa'ee tahuusaa walitti qaban lallabichaa yoo barreeffaman qabate qofadha.

4. Galiin mana kiristaanaa kamiiyuu to'annaaf akka tolu mana kiristaanaa Ortodooksi Tawaahiddoo Itiyoophiyaatti teessoo paatriyaarikiitti fi kutaalee lallaba biyyaatti immoo duree phaap hasotaatiin to'atamuun fi maxxanfamuun bifa tokkoon kan bahu nagayee seera qabeessa ta`e qofaan ni sassaabama.

5. Jecha Labsii kana darbuun waajjirri teessoo paatriyaarikii osoo hin beekinii fi hin heyyamiin maqaa lallabaa mana kiristaanatiin, namni dhuunfas ta`ee yaa`iin lallabaa afuurawaa nagayee biraa maxxansuun yoo galii walitti qaban seeran ni gaafatama. Kaarniiwwan ittin hojjetamaa turanis seeran ala tahuusaanii beekkamuun walitti qabamuun ni samsamu.Galii kaarnii kanaan walitti qabames kaarnii seera qabeessa taheen barreeffamee galii mana kiristaanatti dabalama.

6. Maallaqni yaa'ii lallaba daangessa mana kiristaanaa tokkoon tokkoon irraa argamu maqaa

mana kiristaanichaan,aanaa irraa hanga tees-soo paatriyaarikittii yaa'ii lallaba afuurawaa jiraniif maallaqa galu sadarkaa hundattuu maqaa yaa'ii lallabaan herregni baankii banamee galuu qaba.Akkuma barbaachi-summaa isaatti murteedhaan bara bajata sana keessa hojiirra akka oolu ni taasisu.

## Keeyyata 57

## Waa'ee baasiiwwan adda addaa Mana Kiristaanaa

Haalli baasii qarshii mana kiristaanaa akka armaan gadii kana taha.

1. Galiin mana kiristaanaa luboota, hordoftoota amantaa,wareega,saanduqee kennaarraa, bal-chaa fi misooma garagaraa irraa argatu irraa dhibbeentaa diigdama(20%) kutaa lallaba isaa-nitiif ni galchu. Kutaan lallabichaas Jecha Labsii Keeyyata 42, tartiiba lakk.5 irratti bu`ureeffa- chuun kaffalticha ni raawwata.
2. Bu`uura heyyama bajataa qaama olaanaa irraa heyyamameen

   a. Mindaadhaaf

b. Adeemsa hojiitiif

c. Hojiiwwan garagaraa karoora irratti qabameef baasiinnitaasisa.

3. Kutaa maallaqaa mana kiristaanichaa ykn yaa`ii lallaba afuurawaa sadarkaa sadarkaatiin jiran irraa baasiin maallaqaa kan taasifamu, haala ramaddii bajata heyyamamee bu`ureeffachuun bulchaan lallaba daangessichaa yoo barreeffamaan qabate qofadha.

4. Bajatni waggaa bulchiinsa lallabaa sadarkaa kam irratti argamu iyyuu, barri bajata isaa Adoolessa 1 jalqabee Waxabajjii guyyaa 30 ni cufama.

5. Xumura baajata waggaatti,sadarkaa sadarkaadhan kan qindaa`e qabiinsi fi eegumsi qabeenyaa, galii fi baasii maallaqaa,gabaasa herreega fi raawwii hojii hanga Adoolessa 30 tti kutaa lallaba godinaa Teessoo Phaaphaasii bira gahuu qaba. Waajjirri kutaa lallabichaas, waan gama isaan jiru qo`ate fi qoratee gabaasa waggaa hanga Hagayya 30tti waajjira waliigalaa teessoo paatiriyaarikiit akka gahu ni taasisa.

6. Kutaaleen lallabaa sadarkaa sadarkaan hundaa`an, bajata isaanii hayyamameen ala maallaqa baasii gochuu hin danda`an.
7. Galiin tokkoon tokkoo kutaaleyaa`ii lallaba afuurawaa kan bara tokkoo ol ka`uu,kan bara biraa ammo gadi bu`uu waan danda`uuf, midaadhaaf,hojii gaggeessummaadhaafi haaromsa mana kiristaanaaf dhabamee rakkinni akka hin uumamneef,dursee of eeggannoo gochuudhaan waajjirri yaa`ii lallaba afuurawaa kamuu, ramaddiin bajata haaraa yeroo taasisutti,ramaddii taasisu irraa, bara bajata sanaatti galii walitti qabame irraa %25 (dhibbentaa 25) baankii keessaa teessisuu qaba.Herreegni kunis kan socho`u, qoratamee yeroo dhiyaatutti heyyama hangafa phaaphaasii kutaa lallalbiichaatin ta`a.

## Keeyyata 58

## Haala galmee fi qabiinsa Qabeenya fi hambaawwa Seenaa

1. Haalli galme meeshaalee qulqullaa`oo fi hambaan seena qabeessi maqaamana kiristaanichaan jiru,afaan mana kiristaanaa lakkoof-

saa fi Qubee Gi`iziitiitiin, akkasumas lakkoofsa adda ittiin baafatan kennamuufiin,galmee dhaabbataa irratti galmaahuudhaan of eeggannoodhan ni ta`a.

2. Kawaalotatti, adbaariiwwanittii fi manneenen kiristaanaa baadiyaatti qabeenyiwwan durii argaman sababa rakkoolee uumamaa fi namtolcheetiin,miidhaan akka irra gahu yoo itti amanameefi of eeggannoof jedhamee bakkaa bakka bakkaatti jijjiiruun yoo barbaachise, walitti qabummaa phaaphaasii kutaa lalalbichaatiin,bulchiinsa yaa`ii lallaba afuurawaa kutaa lalabichaatin yoo murtaa`e, ajaja mana lubummaa waligalaatiin akka socho`an yoo hin taanen ala, bakka jiranirra sababa kamiinuu socho`uu hin qaban.
3. Qabeenya ykn hambaan mana kiristaanaa tokko ,bakka jiruurraa bakka biraatti kan sochoose ykn kan dhokse ykn kan hate fi hachisiise,ykn kan gurguree fi kan jijjiire, namni dhuunfaa ykn dhaabbanni yakka hojjeteef itti gaafatamaadha. Gocha kana kan raawwate luba yoo ta`e, aangoo lubum-

maa irraa fi tajaajila mana kiristaanaa kam irraayyuu akaksumas faayidaa argatu hunda irraa ittifamee, hangafa phaaphaasii kutaa lallbichaatiin ykn waajjira kutaa lallabichaatiin Qulqulluu Sinodoosiif dhiyaatee, adabbiin barbaachisaan irratti fudhatama. Eegumsa hambaa seenaa qabeessaaf jedhamee; hay-yama qaama olaanaatiin beekkamee fi hey-yamamee yoo ta`e malee hambaawwan kaame-eraadhan,maayikiroo filmiidhaa fi mee- shlee elekitrooniksii birootin kaasuun dhoor- kadha.

## Keeyyata 59

## Waa’ee namoota muudamanii, qacaramanii, tola ooltummaadhan mana kiristaanaa namoota tajaajilaniif ;

### 1. Ulaagaa Bulchaa Mana Kiristaanaa

Lubni tokko bulchaa mana kiristaanaata`ee muudamuuf ulaagaa armaan gadii guutuu qabu

1. Lubummaa kan qabuu fi umrii 30 ol kan ta`e
2. Sirna galatoo gaggeessee wangeela barsiisuu kana danda’u, yoo danda`ame hiikkaaa kakuu haaraa,moofaa fi kitaaba hayyootaa sa-

dan keessaa tokko kan barate ykn koolleejji afuurawaatii dippiloomaadhan ykn isaa oliin kan eebbifame

3. Mana Kiristaana Daangessaatti tajaajila qajeelaa kan kenne.
4. Naamusa fi fakkeenyummaa isaatiin lubummaan isaa kan raga bahameef
5. Muuxanoo bulchiinsaa kan qabu
6. Yoo danda`ame Afaan naannichaa kan dubbatu

**2. <u>Ulaagaa Hangafa Luboota(Hoji Adeemsisaa) Aanaa</u>**

Lubni tokko hoji adeemsisaa luboota aanaa ta'ee muudamuuf ulaagaa armaan gadii guutuu qaba

1. Lubummaa kan qabuufi umriin isaa 35 ol kan ta'e
2. Bulchaa mana kiristaanaa ta`uun ykn immoo itti gaafatamaummaan kutaa lallabichaatti yoo xinnaate waggaa 5 kan tajaajile

3. Ciigoo mana kiristaanaa kan baratee fi sirna galatoo gaggeessuu, barsiisuu kan danda'u
4. Yoo danda`ame hiikkaa/andimtaa/ kakuu haaraa, ykn moofaa ykn kitaaba hayyootaa sadan keessaa tokko kan barate ykn koolleejjii afuurawaa irraa dippiloomaa fi sanaa oliin kan eebbifame
5. Naamusa fi fakkeenyummaa isaatiin lubummaan isaa kan raga bahameef
6. Muuxanoo bulchiinsaa kan qabu
7. Yoo danda`ame Afaan aanichatti dubbatamu kan dubbatu

**3. <u>Ulaagaalee Hojii Adeemsisaa Kutaa Lallabichaa(Zoonii)</u>**

Lubni tokko hojii raawwachiisaa kutaa lallaba tokkoo ta`ee muudamuuf seera mana kiristaanaa keyyata 53 lakkoofsa 8 irratti kan murtaa`e akkuma eegametti ta`ee, ulaagaalee armaan gadii kan guutu ta`uu qaba.

1. Lubummaa kan qabu, umriin isaa 35 ol kan ta'e

2. Bulchiinsa mana kiristaanaatiin ykn hoji adeemsisaa mana lubummaa aanaatiin, ykn kutaa lallabaa ykn mana lubummaa waligal-aatti itti gaafatamummaadhan kan hojjete.
3. Ciigoo mana kiristaanaa kan baratee fi sirna galatoo gaggeessuu, barsiisuu kan danda'u
4. Manneen barnoota hiikkaa irraa tokkoon kan eebbifame ykn koolleejjiwwan afuurawaa kees-saa tokkorraa kan eebbifame
5. Naamusa fi fakkeenya lubummaa isaatin kan ragameef
6. Muuxannoo Bulchiinsaa kan qabu
7. Yoo danda`ame afaan kutaa lallabichaa kan dubbatu

## 4. <u>Muudama Tajaajiltoota Keessaa kan Kaaw-alotaa fi Adibaarotaa</u>

Luboota lubummaa isaanitiin ga'umsa kan qaban,oftuulummaa, daba,namarratti wal qin-deessuu,machii fi hojiiwwan badaa gara garaa irraa kan fagaatan,hojii naamusa gaarii isaan-itiin fi jireenya afuurawaa isanitiin kan ragameef, keessaa kan filataman:

A. Qulqulluu paatirarikiin kan filatamaan gaggessitootni dabirriiwwan fi gadaamootaa abimineti fi immamineetin phaaphasii kutaa lallaba sanan erga filannoof dhiyaatan booda qulqulluu paatirarikiin muudamuu. Itti waamamni isaani immoo hangafa phaaphasii kutaa lallaabichaafta`a.

B. Gaggessitootni kawaalotaa,adibaarotaa fi manneen kiristaana baadiyyaa kuun, hangafa phaaphaasii kutaa lallabichaatin muudamu. Kawaala keessatti waldaan kawaala filatee fi qaboo yaa`iitiin deeggaramee yoo dhiyaatu, manneen kiristaana baadiyyaaf amantoota fi luboota lallabaatiin filatamanii waajjira bulchiinsa mana lubummaa aanaatiin murteeffamee yoo dhiyaatu, hangafa phaaphasii kutaa lallabichaatin ni muudamu.

C. Lubni hoggana tulluu muudamuu maqaa kabajaa dabrii chaan waamama.

5. Kan kana olii akkuma murta'etti ta'ee osoo jiruu tokkumman warri jiraatan maqnuna niidhan kan bulan kawaalotni dhiiraa yook iin dubaartoota yookiin monooksoota dhi- iraf

dubartii bu`uura sirnaa kawaalichaan abbamineetii ykn immamineeti filatan yeroo dhiyessan hangafti phaaphasi kutaa lallabichaa ni raggasisa.

6. A. Lubootni dursaa ogeeyyotaa, qeesa gabaziin, gooftaa mirgaa, gooftaa bitaa, dursaan Dabirii, Aggaafaarii fi hangafa Diyaaqono- otaa jedhamuun aangoon mana kiristaanaa ogummaan fi naamusni isaaniitiin yaa`ii lubootaan qoratamee kan filataman qaama olaanaadhaan yoo heyyamame,bulchaadhan ni muudamu.

   B. Luubootni maqaa kabajaa argachuu qaban barri taajajila, ogummaa fi naamusni yaa`ii lallabaa ilaalamee fi murtaa'e kutaa lallabaan sirrii ta'uu isa ergaa mirka ana'e hangafa phaphaasi kutaa lallabaatti dhiyaatee dhugaa tahuun isaa yoo mirkanaahe, hangafa phaaphaasii kutaa lalalbichaatin ni muudamu.

   C. Amaantoota gidduudha taajajila gaarii kan kennan ta'u isaanii yaa`ii lallaba daangessichaan murtaa'e erga dhiyaate booda fi yaa`ii kutaa lallabichaan yoo mirka

naa`e hangafa phaaphasii kutaa lallaba sanaan ni muudamu.

D. Maqaan kabajaa mana kiristaana, luub oota fi amaantootaa, qulqullluu paatiri-yarikii fi phaapasii kutaa lallabaan ala qaama biraatin kennamuu hin danda'u.

7. Manni lubummaa aanaa kutaa lallabaa ir-raa qajeelfama kennamuu irratti hunda'e amalli fi dandeetin hojii ,madaallii hojii fi id-doo ibsuun beeksisa ifa ta`er baase waldor-gomsisuun barsiisota,lallabdoota,luuboota , diyaaqonoota, farfaatota fi hojjetoota adda addaa mana kiristaana daangessichaaf qaca-ruu kan danda'u yoo yaa`ii lallaba kutaa lal-lab ichaatin itti amanamee hangafa phaapha-siitiin eeyyamame qofa.

8. Kutaa lallaba Finfinneetti mannen kiriis-tana argamaanif qulqulluun Sinoodosi qa-jeelfama baasun karaa kutaa lallabatin qoruu-msan qofaan dorgomee darbee kan ergameefin alatti bulchaa daangessichaan ykn yaa`ii lallaba afuuraatin qacarrii kamuu raawwa-chuu hin danda`u.

9. Tessoo paatiriyarikii irraa hanga mana lubummaa aanaatti aanaatti halli sadarkaa hojjetoota qacaramaan mana lubummaa waliigalaatiin akka barbaachisumma isatti qacarri rawwata.

10. Taajajilli mana amaanta gurmuu luubota fi amaantootan kan hundeffamee hanga ta'etti mindaa kan argaatan iddoo itti ramaadamanin ala beekumsa fi humna warra kaanii dabaluuf akka danda`amu:

**A.** Lubootni taajajila dhabbata mana kiristaanan ala dhabbatawwan garagaraa fi biiroolee gara gara kessatti hojiirra kan jiraan qaama olaanaa heyyamsisuun taajijala kanfaalti malee yeroo boqonnaa isaanitti akka fedhii isaanitti karaa bulchiinsa lallaba afuuraatiin taajajila gara gara rawwachuu danda'u.

B. Amaantootni hojiillle iccitii mana kiristaana irra kan hafee, hojiille mana kiristaana kamiyyuu kessatti yeroo boqonna isaanitti kessatti kaffaltii malee taajaila isaaniif malu fi irraa eegamu gumaachuun mirgaa fi dirqama kiristaanummaa isaaniti.

B. Mana kiristaanaa daangessaatii hanga Teessoo Paatiriyarikiitti tajiltootni lubbootni fi hojjettoonni mana kiristaanaa jiran kamiyyuu mindaa isaanii irraa 4%(dhibbantaa afur) buusii sooramaa ni kaffalu.

C. Lubni kamiyyuu ijollee gaabbii isaa baarsisuu fi yaa'ii lallabaan galmeesisuu, kaffaltii murtaa'e tokko yeroon akka kaffalaniif itti gaafatamumma jabeessuu fi qindeessuu qaba.

D. Lubootni, hordoftoota amanta Ortoodoksii Tawaahidoo Itiyoophiyaaf sirna cuuphaa irra hanga kadhanna hiikumsatti taajijila afuura barbaachisa ta'e kennuf dirqama fi itti gaafatamummaa qabu.

E. Tokkoon tokkoon lubaa fi hojjetan kamiyyuu seera mana kiristaana eegee egsisuu fi wanta mana kiristaanittii qannessu irra fagachuu qaba.

F. Taajajiltootni lubotni fi hojjetootni gara garaa daangessa mana kiristaanaa irra hanga teessoo paatiriyarikiitti argaman kamiyyuu, akkuma barbaachisummaa isaatti mana

# Keeyyata 60

## Mirga Fi Dirqama Taajajiltoota Luuboota Fi Hojjetoota Gara Gara Lallaba Mana Kiristaana

Seera mana kiristaanaa Keeyyata 12 irratti kan murtaa'e akkumaa jirutti eegamee osoo jiruu, tajaajiltoota lubootni fi hojjettoonni mana kiristaanaa mirgaa fi dirqama armaan gadii ni qabaatu.

### 1. Mirga

A. Bulchiinsa lallabaa kessatti luubootni fi hojjetootni taajajilan akka hojii fi ogumma isaanitti minda argachuun mirga seerummaa isaaniti.

B. Mindaan ji'a kaffaalama ture taajajiltoota kaffaalti soorama guutaniif luubootni fi hojjetootni mana kiristaanaa adda adda mirga durgoo sooramaa mana kiristaanaatii argachuu qabu.

C. Tajaajilaan mana kiristaanaa kamiyyuu lubnii fi hojetaan akka seerri heyyamutti heyyama waggaa, heyyama dhukkuba fi dubartootaaf

mirga heyyama yeroo da'uumsa argachuun kan egameefidha.

D. Tajaajilaan mana kiristaana kamiyyuu luba fi hoojjetan ogummaan, taajajilaan, qulqullina hojii, maanamummaa fi bu'a inni fidu ga'aa ta'ee yoo argame mirga sadarkaa guddinaa fi daballi mindaa argachuu qaba.

E. Mana kiristaanaa daangessichaa hanga teessoo bulchiinsa waliigalaa teessoo Paat riyaarikiitti mindaan qacaramee kan tajaajilu hundinuu dheerina umuriitiin hojii isaa irraa sooramaan kan adda ba'u waggaa 60 (jaatama) yeroo guutudha. Haa ta'u malee hojiidhaf barbaachisa ta'ee arg-amnaan yaada hogganaa isatti dhiyaatutin koree sooramaan qulqullaa'e bulchiinsa yaa'iif dhiyaate itti amannaan phaphasiin kutaa lallaba sanaa heyyamnaan kontiraatan qacaramuu danda'a.

F. Qacarriin koontiraata kanan alaa rawwanaan seerummaa hin qabu.

G. Dhaabbata ummataas ta'ee kan mootummaa kessatti tajaajilaa turanii mirgi sooramaa namootni eegameefmana kiristaana daangessichaa

hanga teessoo bulchiinsa waliigalaa teessoo Paatriyaarikiitti gitaawwan hojii jiran irratti tajaajiluuf fedha yoo qabaatan tolaan kan hojjetan irraa kan hafe mindaan hin kaffalamuuf. Ta'ees ogummaan addaa kan barbaachisu ta'ee yoo argame kontiraataan qacaramee akka hojjetu taasifama .

H. Waajjira Mana kiristaana daangessichaa hanga teessoo Paatriyaarikiitti jiranitti qacaramee hojjetaan tajaajilaa ture hojii isaa irra akkuma jirutti yookan mirgi soorama isaa kabajameefii erga hojii irraa adda ba'ee booda addunyaa kana irraa du'aan yoo boqote mirgi soorama isaa akka seerri heeyyamutti maat- iitti dabarfama.

I. Hojjetaan mirgi soorama isaa kan eeggamuuf hojjetaa dhaabbiin buusii sooramaa kaffalaa waggaa kudhanii ol kan tajaajile yoo ta'edha. Barri tajaajila isaa waggaa kudhanii gadi yoo ta'e garuu mindaa ji'aan argatu hanga bara tajaajila isaatiin herregamee yeroo tokko qofa kennamaaf.

J. Hojjettootni mana kiristaana daangessa tokko irraa gara mana kiristaanaa daangessa biratti

ykn waajjira tokko gara waajjira biraatti hojiidhaan jijjiramanii soorama yeroo ba'anitti durgoo sooramaa kaffaluuf akka mijatutti mindaa isaanii irraa kan buusan 4% (dhibbantaa afur) herreega sooramaa fi waajjirri hojjechiisu maqaa isaaniin kan kaa'- eef 6% (dhibbantaa jaha) herreegamee gara daan waajirichi sadarkaa giddu galeessummaan gara dhaabbata hundeessutti naanna'aaf.

k. Tessoo paatiriyarikii hanga mana kiristaana daangessatti sadarkaa sadarkaan kan argaman barsiisota mana baruumsa hiikkaa kitaabaa, kan ciigoo(qinee), yedaloo tsawatiwaa, dhaabbii fi galatoo warreen yaa'ii diriirsanii barsiisan yoo ta'an humni hojii isaanii osoo hin dadhabin daangaa umuriin qofa sooramaan akka hin daangeffamne mirgi hojii isaanii kan kabajamedha.

## 2. Dirqamaa

A. Lubootni fi taajajiltootni hojjettoonni mana kiristaanaa hojii qacaramaniif humnaa fi daandeettii guutuun hojjechu qabu.

lubummaa tokkorraa gara mana lubummaa biraatti, daangessa mana kiristaanaa tokkorraa gara daangessa mana kiristaanaa bir aatti jijjiiramanii hojjechuuf dirqama qabu.

H. Taajajiltootni lubotni fi hojjetootni gara garaa daangessa mana kiristaanaa irra hanga teessoo paatiriyarikiitti argaman kamiyyuu, hojii itti ramadaman sirriitti raawwachuu, dhima hojicha ilaallatu irratti qaama siaa oliif ajajamuuf I qajeelfama fudhachuu, naamusa fi tajaajila qajeelaa agarsiisuu, hojii fi sa`aatii hojii kabajuu dirqama qabu.

I. Sabaaba dhukkuban ykn rakkina addaan yoo hin taanen alatti lubni hojii hiikee taa`uu hin qabu. Waaqayyorraa akkuma kennaa argateen Lubni kamuu akkuma kennaa isaatti tajaajiluutu irraa eegama.

J. Taajajilaan mana kiristaanaa daqooniin, aan goo diyaaqonummaan qaddasuu fi tajaajiluu kan danda`an umuriin isaanii waggaa kudha shanii hangadigdamii shanii gidduutti dha. Umriin isaanii waggaa digdamii shanol yoo ta’e gaa’ilan murteeffamuun ykn qeerdu-

brummaan jiraachuu yoo barbaadan kawaala galuun sirna monoksummaan cimanii tajaajila kennuu ni danda`u.

## Keeyyata 61

## Mirga fi Dirqamaa Amaantoota Daangessa Mana Kiristaana

Sirni mana Kiriistaana Keeyyata 13 irratti kan raga`ae akkuma jirutti ta'e amantotni mirga fi dirqama armaan gadii qabu.

### 1. Mirga

A. Daangessa kessatti jiraata kan ta'e daangessa yaa'ii kessatti miseensumman isaa beekamee kan galma'ee fi seera mana kiristana kan guute ,waraqaan enyummaan kan kennameef mirga taajajila afuurawaa amantootaf malu argachuu qaba.

B. Amanaan mana kiristana keessa ture kessatti kanffaltii miseensumma irraa eegamu kanfalaa kan ture, gara mana kiristaana biratti yeroo jijjiramu dabalataan kanfaltiin miseensumma kan biraa hin gaafatamu.

C. Keessummaan haaraan fi kan homaa hin

qabne yoo du'e, misunsummaan yaa`ii lallaba afuurawaa isaa waraqaa eenyummaatin yookaan Ortodoksummaa isaa kan ibsu mallattoon ibsu morma isaa irratti yoo argame ykn hordofaa mana kiristaana Ortodooksii Tawaahidoo ta`uunsaa ragaadhan yoo mirkanaa`e, kadhati hiikoo kaffaltii malee ni taasifamaaf.

D. Amanaan kamiyyuu yaa`ii lallabaa keessatti galmaa`ee buusii ji`aa fi waggaa kan kaffale fi maatii inni galmeessise keessa addunyaa kana irra du'an yoo boqatan guyyuma sana sirni hiikoo kanfaltii malee rawwatamaaf. Sirni awwalchas ni rawwata.

E. Daangessa mana kiristana kessatti galmaa`ee fi kaffaltii malu kaffalaa turee,sababa gahaa hin taanen kaffaltii isaa waggaa lamaaf amanaan addan kute, kan oso hin kaffalamin kuufame qofa kaffaluudhaan; kan osoo hin kaffalin ture ammoo waggaa lamaa ol yoo ta`e,ka ffaltii idileetiin dabalataan adabbii isarraa barbaachisu raawwatee, tajaajila afuurawaa kamiyyuu argachuuf mirga qaba.

F. Amanaan Daangessa mana kiristaanaatti, Yaa`ii lallaba afuurawaatti kan hin galmoofnee fi buusii ji`aa fi waggaa kan hin kaffalin, addunyaa kanarraa du`aan yeroo adda bahu, miseensa mana kiristaana Ortodooksii Tawaahidoo ta`uun isaa abbaa gaabbii isaan yoo mirkanaa`e,gatii tajaajilaa kaffaluun kadhati hiikoo akka taasifamuuf,maatin warra namni jalaa du`ee mirga gaafachuu qabu.

G. Amanaan miseensa mana kiristaana Ortoodoksii Tawahidoo Itiyoophoyaa ta`e kam iyyuu kamiyyuu du'an addunyaa kanarra yoo boqatutti, kadhati hiikoo mana kiristana jirutti erga raawwatameefi booda iddoo awwaalaa argachuun mirga isaati.

## 2. Dirqama

A. Amantoonni daangessa lallaba kanfaltii qarshiin, bulchiinsan, baruumsan, misoomaa fi jireenya hawaasummaan walumaa galatti qabeenyaan, beekumsaa fi humnaan gargaaruun kutaalee adda addaa lallabaa keessatti hirmaachuudhaan qulqulleettii mana mana kiristaanaa tajaajiluun dirqama kiristaanummaa isaaniti.

B. Eenyuyyuu lallaba mana kiristaanaa tokko keessa kan jiraatuu fi hordofaa amantii Ortodoksi Tawaahidoo Itiyoophiyaa ta'e daangessa mana kiristaanaatti galmaa'uu, danbii kanaan kan murtaa'e kanfaltii ji'aa fi waggaa isarraa barbaachisu kanfaluu, waraqaa miseensummaa qabaachuu akkasumas maatii isaa fi ijoollee isaa tartiibaan galmeessisuu, ijoolleen isaas yeroo of danda'an waraqaa miseensummaa ofii isaanii akka qabaatan taasisuu, mana barumsa Sanbataatti barumsa amantaa akka hordofanii fi seera mana kiristaanaa akka eegan taasisuun dirqama qabu.

C. Amanaan kamiyyuu seera mana kiristaanaa yoo cabse, sirna mana kiristaanaa xureessee kan xureessisu, kabaja mana kiristaanaa cabsee kan cabsisiisu ta'uu hin qabu, sirna mana kiristaanaa fi barumsa kitaabolee qulqullaa'ootiin qajeelfamuu fi sadarkaa amantummaa isaaf heyyamameen jiraachuun dirqama isaati.

D. Amanaan tokko daangessaa mana kiristaanaa jiraaturraa sababa garagaraan daangaa

mana kiristaanaa biraatti yoo darbe yaa'ii lallaba duraan turerraa waraqaa miseensummaa fudhate erga deebiseen booda xalayaa gaggeessituu fudhachuu fi yaa'ii lallaba afuuraa itti jijjiirame sanatti yeroodhaan dhiyaatee galmaa'uu qaba.

E. Amanaan tokko lallabaa mana kiristaanaan yaa'ii lallaba afuuraa filuuf mirga akkuma qabu hunda filamuu fi tajaajiluufis dirqama qaba.

F. Tokkoon tokkoo amanaa luboota aangoo lubummaa qaban keessaa tokkoo isaanii filachuun akka abbaa gaabbitti qabachuun dirqama afuuraa isaati.

## Keeyyata 62

## Baay'ina Luboota Tajaajilanii Murteessuu

Kawaalotatti, tulluuwwanitti, fi manneen kiristaana baadiyyaatti luboota duursummaan tajaajilanii fi baay'inni hojjattoota gara garaa akka bal'ina tajaajila mana kiristaanaa fi hanga galii bulchiinsa yaa'ii lallaba afuuraan, mana lubummaa aanichaatiinii fi sadarkaa kutaa lallabaan qoratamee qulqulluu sinoodoosirraa ajaja kennameen murtaa'a.

# Keeyyata 63

## Jecha Labsii Kanaa fi seera mana kiristaanaa kan darban irratti Murtoo Kennamu.

1. Tajaajilaan mana kiristaanaa kamuu lubni yookin hojjataan Jecha Labasichaan Keeyyata 8 toora lakkoofsa 2 kan danbeeffame irra darbee/cabsee/; yoo argame akka balleessaa isaatti yeroo calqabaa gorsaa fi dheekkamsa, lammaffatti of eeggannoo, yeroo sadaffaatti adabbiin itti murtaa'a, adabbiin isaas akka ulfina balleessa isaatti madaallamee qarshiin yookaaf qannoonan, hojii irraa jijjiirun, hojii irraa dhorkuun, hojii irraa ari'uun yookin miseensummaa irraa dhorkuun murteessuun ni danda'ama. Ta'ees murtee isa dhumaa murteessisuu kan dandeessisu manni lubummaa aanaa itti waliigalee, gara teessoo kutaa lallaba phaaphaasummaatti dhiyaatee hangafa phaaphaasichaan yoo murtaa'e qofa.
2. Lubni tokko hojii isaa irra akka dhorkamu yookiin akka ari'atamu lubummaa isaa irraa

akka dhorkamu murtoon taasifamu raawwii argachuu kan danda'u:

A. Dangessa mana kiristaanaafi sadarkaa aanatti yoo ta'e phaaphaasiin kutaa lallabichaa yaa'ii bulchiinsan ilaalee yoo mirkaneesse

B. Kutaa lallabichaa iraa eegalee kutaalee hojii jiran hojjetaa ramadame yoo ta'e hojii gaggeessan waliigalaa yaa'ii bulchiinsa mana lubummaa waliigalaan ilaalee yeroo mirka neesse qofa.

3. Lubni tokko hojii aangoo lubummaa isaa dha absiisu irratti yoo argame walitti qabiinsa phaaphaasi kutaa lallabichaan yaa'ii bulchiinsaan murtaa'ee hangafa phaaphaasichaan lubummaan isaa qabamuu danda'a.

4. Keeyyata kana toora lakkoofsa 1 bu'ureffachuun gorsaa fi dheekkamsa akkasuma of eeggannoo erga laattameefi booda lubni tokko mucaa gaabbii isaa yaa'ii lallabaan osoo hin galmeessin kanfaltii ji'aa fi waggaa akka kanfalu osoo hin taasisin hojii afuuraa dirqamaa kanneen biroos osoo hin raawwachiisin turee gaafa mucaan gaabbii isaa du'u sirna hiikoo qofaaf kan dhiyeessu yoo ta'e:

a. Yeroo calqabaaf of eegannoo barreeffamaa

b. Mindaa ji'aa walakkaa adabama

c. Of eegganno isa dhumaafi mindaa ji'aa tokkoo hunda dhaba.

d. Aangoo lubummaa isaa irraa ni dhorkama.

5. Amanaan tokko dirqama afuura isaa ba'achuu yoo hin dandeenyeefi qaala awaadichaan Keeyyata 61 lakkoofsa 2 irratti kan barreeffame irra darbee yoo argame:

A. Yeroo jalqabaaf abbaa gaabbii isaan yookan abbaa mana kiristaanaa irraa bakka bu'een gorsaa fi baruumsa

B. Yeroo lammaffaaf dheekkamsaafi qannoonaan ni kennamaaf

C. Yeroo sadaffaaf of eeggannoo waliin yeroo murtaa'ef akka dhorkamu ni taasifama.

6. Amanaan tokko miseensummaa irra haqamuuf murteen dabarfame mirkanaa'uu kan danda'u dursaan phaaphaasii kutaa lallabichaa yaa'ii addaan yeroo mirkaneesse qofaadha.

## Keeyyata 64

## Haala Sirnaa Raawwii

1. Daangessa man kiristaanaan yaa'ii bulchiinsa lallaba afuuraa( koree hojii raawwachiisaa) murtee kannameen yoo kan garaa hin geenye jiraate dhimmichi sadarkaa isaa eeggatee mana lubummaa aanichaaf ol iyyannaa dhiyeeffachuu ni danda'a.
2. Murtoon mana lubummaa aanichaan kennname komii yoo qabaate phaaphaasin kutaa lallabichaa bakka argamanitti yaa'ii bulchiinsa kutaa lallabichaan ilaalamee murtaa'a.
3. Daangeffama mana kiristaanichaa irraa eegalee miseensonni yaa'ii lallabichaa hanga aanatti jiran filatamanii hojii erga eegalanii booda qarshii yoo balleessan yookan rakkoo biraa yoo uuman teessoon yaa'ii bulchiinsa kuta lallaba phaaphaasichaan walitti qabaa phaap haasichaatin ilaalamee mirga diigamuu qaba.
4. Kutaa lallaba teessoo phaaphaasichaan misee nsonni yaa'iin bulchiinsaan filataman(koreen hojii raawwachiiftuu) badii caasaa yookan

balleessa raawwatanii yoo argaman yaa'ii bulchiinsa mana lubummaa waliigalaan ilaal amee yeroo murtaa'u bakka isaanii kanneen biroon bakka bu'u.

5. Daangeffama mana kiristaanichaa irraa eegalee yaa'iiwwan afuuraa lallabaa argaman sadarkaa isaan haala qabdii herreegaa eegumsa qabeenya adeemsa giddugalaan mana lubbummaa waliigalaan qophaa'ee moodelota ba'aniin kaardiifi galmee hojjachuu dirqama qabu. Kanaan alatti modeelafi kaardii biraan osoo hojjatu kan argame seeran ni gaafatamu.
6. Qulqulleetti mana kiristaanaa eeguf, jireenya luboota tajaajiltoota ishee, ijoollee amantoota isheef tajaajilli afuuraafi hawasummaan isheen kennitu akka guuttuf danbii fi seera mana kiristaanaa Jecha Labsii kanaan baafte kun hojii irra akka hin oolleef kallattin ta'ee alkallattiin lubooni morman lubbummaa isaanii irraa, amantoonni miseensummaa irraa ni haqamu.
7. Kana dura Ebla 19 bara 1970 Jechi Labsii ba'e, Mudde 10 bara 1974 kan ba'e fooyyessa

Jecha Labsii, caamsaa 9 bara 1977 kan ba'e danbii ittin bulmaata keessoo yaa'ii lallaba fi Caamsaa 10 bara 1991 yeroo sadaffaaf sirreeffamee kan ba'e Jecha Labsii, yeroo yeroon qajeelfamoota dabarfaman hundi Jecha Labsii kanaan sirreeffamaniiru.

## Keeyyata 65

## Dangaa Raawwatamummaa

Dambiin ittin bulmaataa kun akka amantii, sirnaa fi darbii darboo mana kiristaana ortodoksii bu'uura godhatee kutaawwan lallabaa addunyaa kam keessatti iyyuu kna dhaabatanii turanii fi kan gara fuula durattis dhaabbatan, kutaawwan lallabaa,mana lubummaa annaa, kawaalota,adibaarota,daangessa manneen kiristaanaa, sadarkaa kam irratti iyyuu kan argaman tajaajiltoota mana kiristaanaatiifi hojjetoota;amantoota,,akkasumas mana kiristaanaa jalatti misoomaa guddina ariifachiisuuf kan hundaa`anii turaanii fi kan si`achis hundaa`an dhaabatawwan afuurawaa,diinagdee fi hawaasummaa irratti raawwatamummaa ni qabaata.

Jechi Labsii kun kun sadarkaa giddu galessatti afaan Ingiliffaatti hiikamees hojii irra akka oolu ni taasifama. Kutaawwan lallaba Itoophiyaa ala jiranis qabiyyee Jecha Labsichaa osoo gadi hin lakkisin, seera biyyootaa waliin wal simsiisun afaan biyyaattiin hojii irra akka oolu ni taasifama.

## **Keeyyata 66**

## **Fooyya'iinsa Jecha Labsii**

Jechi labsii kun seera mana kiristaanaa Keeyyata 53 lakkoofsa 1 fi 2 irratti bu'uura ragga'een fooyya'uu ni danda'a.

## **Keeyyata 67**

## **Yeroo Jechi LabsiiItti Hojiirra Oolu**

Jechi Labsii kun yaa'ii qulqulluu Sinodoosin Adoolessa bara 2009 erga ragga`e ba`ee irraa eegalee hojiirra kan ooludha.


Mana Kiristaana Ortodooksii Tawaahidoo

Itiyoophiyaatti

Qulqulluu Sinodoos

Finfinnee

Adoolessa 2009 B.A




Caasaa Yaa`ii Lallaba Afuurawaa Daangessa Mana Kiristaanaa

## Waa`ee Ergamaa fi Muudama Lubootaa

### Ergama Lubootaa:

Kunoo, ani akka hoolotaa gara jidduu yeyyiitti isinin erga; Kanaaf akka bofaa abshaala, akka gugees garraamii ta'aa.Maat 10:16.

Gara addunyaa deemaa,wangeelas uumama hundumaaf lallabaa,kana mane kan cuuphame ni fayya,kan hin amanin garuu itti murtaa`a. Maarq 16:15-16.

Egaa deemaa,ormoota hunda maqaa ABBAA Ilm fi Afuura Qulqulluutiin cuuphuudhaan kan-an isin ajaje hunduma akka eeganiif isaan barsiisaa, duuka buutota koo taasisaa.Kunoo ani hanga xumura addunyaatti yeroo hunda isin waliinan jira. Maat 28:19-20

Duuka buutota kudha lamaan hunduma waamanii akkas jedhaniin, sagalee Waaqayyoo dhiisnee maaddii tajaajiluuf kan nuuf ta`u miti,nuti garuu kadhannaa fi Sagalee isaa ta-jaajiluuf ni cimna. Hojii Duuka Bu'ootaa 6:2-4

Egaa kan itti hin amanin akkamiin waamu, wanta hin dhageenyettis akkamitti amanu, lal-labaa malees akkamitti dhagahu, missiraachoo gaarii kan himan lukootni isaanii akkam kan

bareedanidha jedhamee akkuma barreeffame, yoo hin ergamin akkamitti lallabu. Yaa ta`u malee hundumti jecha missiraachoof hin ajajamne. Isaayyaas yaa Gooftaa raga bahuu keenya eenyutu amane jedheera.Egaa amantiin dagahuu irraayi,dhagahuunis jecha Waaqayyootini. Roomee 10:14-17

Iyyasuus Simi`oon Pheexiroosin na jaallattaa jedheen. Eeyyee Yaa Gooftaa akkan si jaaladhu ati ni beekta jedheen. Xixiqqoowwan koo bobbaasi jedheen, ammas lammata ilmooleekoo eegi jedheen, yeroo sadaffaattis hoolota koo bobbaasi jedheen. Yoohannis 21:15-17

Isin biratti kan jiran da`aa Waaqayyoo eegee akka heeyama Waaqayyootti fedhiidhan malee dirqamaan akka hin taane, heeyyama hoolotaan malee, beela hamaa hawwuudhan osoo hint a`in, ilaalaa, da`aadhaf fakkeenya ta`aa malee waldaalee keessan humnaan hin bitinaa,hangafti tiksootaa yeroo muldhatutti,kan hin dabarre gonfo kabajaa ni fudhattuuti. 1Pheexiroos 05:02-04

Dhiiga isaatin kan bite mana kiristaana Waaqayyoo eeguudhaaf Afuura qulqulluun isin phaap

haasii taasisee kan itti isin muude, da`aa hundumaa fi ofii keessaniifis of eegaa. Hojii Duuka Bu'ootaa 20:28

## Muudama Lubummaa

1. Hojii Duuka bu'ootaa 20:28Lubummaa mudamuu kan jaalate wan gaarii godhe, fedhiin osoo hin taanee gahee argameeti.
2. Seera Lewootaa 21:17, Tiitoo 1:06-07

   Haata'u malee murtoodhaan, kadhannaadhan, barumsaan,Aarsaan, fuula ilaalee kan gargar hin qoodne muudamuu qaba. Sababa cubbuu kan hin qabaanne, gaa'ila lama kan hin raawwanne (Kan hin fuune hin muudamin hin jedhamne) oftuulummaa kan hin qabne. Keessummaa kan simatu. Qaama isaa cubbuu irraa kan eege.Kan gorsu kan barsisu.
3. Dhugaatii kan hin baay'ifneSeera lewootaa 18:9, Tiitoo 1:7, muddamee kan hin lolle(dafee kan nama hin rukutne) akkasumas muddamee kan amantaa irraa nama hin foone, Gorsee, Barsiisee kan fayyadu; Waan nama

hin fayyadneef kan hin mormine. Qabeenya darbu kan hin jaalanne.

4. Sirni manaa kan raawwatameef

1 Saamu'eel 2:12. Gaa'ila qulqulluun ijoollee kan horate.

5. Maatii isaa bulchuu hin danda'u yoo tahe amantoota roga afraniin jiran akkamin bulchuu danda'aa ?

6. Kan naa olii dhabanii na muudan jedhee oftuulummaan akka hin kufne amanaa haaraan hin muudamin.Wallalumaan akka hin qabamne.Oftulummaa seexanni qabameenin akka hin qabamne.

7. Amantaa fi naamusa isaan kan galateeffame haa tahu. 1 Qor 05:12-13

Arrabsoon akka hin kufne jechuun amantoota akka hin tuffachiifne, Kiyyoo seexanaa keessatti akka hin kufne.

## Waa'ee Diyaaqonoota

8. Daaqononnis akkuma lubootaa qulqulluu haa ta'an. Bakka tokko qofatti kan murtaa'an, tokkos miira isaanii kan too'atan haa ta'an.

Dhugaatii kan hin baayifne. Filiphos 1:1, Hoj Duuk Bu'oota 6:03. Qarshii darbu kan hin jaalanne haa ta'u.

9. Lapheen isaanii Ganumsaa fi Shakkii irraa bilisa kan ta'e, Barumsa amantaa cimsanii kan qaban haa ta'an.
10. Isaanin dursanii haa qoratan. Kana booda gahanii yoo argaman haa muudaman.

## Waa'ee Daaqonoota Dubartootaa

11. Tiitoo 2:3

Ammaa Diyaaqonoonni dhiiraa qulqulluu haa ta'an akka jenne kan dubartootaas qaama isaanii cubbuu irraa kan foo'an haa ta'an. Sirna mana kiristaanaa kan baratan haa ta'an. Dubbii uumanii tokko tokko faana kan walitti hin buusne haa ta'an. Abshaalota ogummaa kan qabaatan haa ta'an. Hojii hundaan kan amanaman haa ta'an. Kanneen akkanaa haa muudaman.

## Diyaaqonoota waan gaariin tajaajilaaniif kan irra caalu taasisaafi

12. Kan lubaa dubbatee kan diyaaqonii hin dubbanne waan ta'eef diyaaqoniinis kan lama

hin fuune haa muudamu(Kan hin fuune hin muudamin hin jenne.) Ijoollee isaa seeran kan guddise haa tahu.Sirni manaa kan raawwatameef.

13. Maat 25:21. Diyaaqonoota tajaajilaa gaarii tajaajilaaniif waan caalu taasisaafii. Diyaaq-oniin gara Lubaatti,Luba gara Ephis qoph-oositti guddisaa. Yoh 3:21 Iyyasuus Kiris-toositti amananii kan muudaman kabaja ni qabuuti. Iyyasuus kiristoositti amananii yoo hojjetan sugaa fi amala gaarii ni argatutii.

## Ajajoota gara garaa fi Qajeelfamoota

1Xim.3:1-13

1. Rome 12:8 fi 15:27Luboota Tajaajilaa gaarii tajaajilanif gatii fi kabaja dachaan isaanif ni ta'a.Caalattis darbaa darboon kan dhagahani-ifi kitaabarraa kan dhagahan barsiisudhaan kan barsiisota dadhabaniif kabajni dachaa nit a`aaf.
2. Midhaan kee yoo dhuuftu afaan qotiyyoo hin hidhin jedheeraati. Hojjatadhaf mindaan ni ta'aaf. Ser.keessa deebii 25:4; Qor. 9:9; Luq.10:7

3. Luba irratti himannaa namni dubbii irratti kaasu namoonni lamaaf sadi raga bahan malee hin dhagahin. Yoh.8:
4. Yaa`iidhan kan balleessan yaa`iidhaan adabe. kuun sodaatee akka hubatuuf, Efeson5:12-13
5. FuulaWaaqayyoo duratti murtee sirrattan murteessisa, Murteen, kadhannaan, baruumsan, aarsaan fuula ilaaltee osoo hin qoodin kana akka eegdu.

   Osoo itti hin rageeffamiin akka raawwatu nan beeka hin jedhin. Qarshii tuffatamuun hojii ittin tuffatamtu hin raawwatin.Dubbii kan xaxu malee dhagahee jecha jechaan kan hin deebifne jedhuuniti. Akkasumas osoo hin raggasifaminiif inni akka hin raawwanne nan beeka hin jedhin. Qarshii Matta'aan hojii ittin tuffatamtu hin raawwatin, firaan hojii argateet nama qooda siin jedhuutii.
7. Hoj.Duk 6:7 eenyumaa yoo ta'e osoo hin qoratin daftee hin muudin, cubbuu namni kun raawwatun akka hin gaafatamne. Qaama kee cubbuu irraa foo'i. 1Xim5:17-22

## Ibsa Waa’ee Buusii Qarshii Amantoota

Dur irraa jalqabee; lallaba duraanii irraa jalqabees; horii (qabeenya) keessan baasuuf dursitanii jaalataniirtu;

1.Kennaa walitti qabaa;qurtsi halliyoon neq haalliyoorrayi. Kennuun argachuu irraa kan dhufe waan ta’eef kennaa

2.Kennuu yoo jaalattan, qarshii hin qabne ken nuu osoo hin taane kennuu jaalachuun isaa qofti isa ni galateeffachiisa; Akkasuma kan hin qabne baay`ee kennee kan hin taane,kan qab urraa xiqqoo kennee ni galateeffama. Fakkenya 3:28; Marq.12:43

3. Haa ta’u malee horii (qarshii) keessaniin qaa mni biraa ittin gammaduuf kan isin rakkifnu miti.Baatii kanatti jireenyi keessan akka gosa tokkoo akka ta`uuf malee.Kan isin irraa hafe hirdhina warra sanii ni guutata.

4.Kan isaan irraa hafes hirdhina keessan ni guutati. Jireenyi keessan hojii kamiin iyyuu akka gosa tokko ta`uuf.Fakkenya 9:12

5. Akkuma kitaabni Seera Bahuu 17:18 irratt ibse, baay'ee kan qabu irraa hin hafne. Xiqqoos kan qabu isa hin hanqanne. Jechuun qabeenya fooni heddu kan qaban jiru; akkuma humna isaanitti bu'aanii, ba'anii, hojjatanii jiraatu. Isaan hin hanqanne.Ooritiidhan gomora shantama kan galechedha,irraa hin hafne jedhe,shantama ta`ee ni sooratii, gomora shank an galfatedha isa hin hanqannee jedhe,shan ta`ee ni sooraati..Ammoos qabeenya foonii amantoonni qaban hedduun ni jiru,akkuma humna isaanitti bibqltuu dhaabanii,hojjetanii jiraatu,hin hanqanneen jedhe. Orrmootni itti dabaluufiti. Ammoos amantoonni  qabeenya lubbuu baay'ee kan qaban ni jiru garuu isaan irraa hin hafne, warra hin amannefis kadhatu waan ta'eef. Akkasuma ormootni qabeenya lubbuu xiqqaa kan qaban ni jiru garuu isaan hin hanqanne, warri amanan ni kadhatuuf waan ta'eef.

2Qor.8:10-15;

6. Waa`ee qulqullootaaf kan ta`u waa`ee gumaataa warra Galaatiyaaf akka barreessan, akka

baasaniif akkan isaan ajaje isiniis baasaa.Hojii Duuka Bu`ootaa 11:29; 2Qor.8 fi 9; Galatiyaa 2:4

7. Gosa keessan keessa namni hunduu kan itti dadhabe, kan isaaf ta'e haa baasu. Kan walitti qabes mana isaattii haa eegu.Yeroon ani dhufetti kuni keeti kuni kooti jechuun lollii fi falmiin akka hin jiraanne.(Hoj.Duuk 20:7)
8. Yeroon dhufettis Nama filattan qabsiiseen kitaaba koo waliin isiniif erga. Keennan keessan Iyyarusalemitti akka argamuuf achii waldaa qabduutii.Akkasuma Iyyarusaleem ishee samii irratti gatii akka qabu ibsuuf. 1Qor 16:1-3
9. Kana booda amantoonni hanga isaanif danda` amu maallaqa warra biyya Yihudaa jiraniif, Baarnaabaasi fi Saa`oliin qabsiisanii, gara lubootatti ergan. Hoj.Duk.11:29

## Gumaata Dubartii Hiyyeettii

Iyyasuusis kalalttii gameetiin taa`ee uummanni galmee keessatti akkamitti qarshii akka darbatan ni ilaala ture. Sooreyyiin hedduun baayyee kennu ture.Dubartiin hiyyeettin takka dhuftee saantima tokko kan gahu nahaasa lama

kennite.Duuka Buutota isaas waamee dhugaan isiniin jedha,galmee kana keessatti kan kennaan caalaa dubartii hiyyeettin tun hunduma caalchistee kennite.Hundi isaanii kan kennan bu`aa isaanirraayi,isheen garuu hirdhina isheerraa kan qabdurraa,bultii ishees hunduma kennite jedheen. **Marq.12:41-44**

Waaqayyo gammachuun kan kennu ni jaalatatii tokkon tokkon namaa laphee isaatti kan yaa de haa kennu gaddaa ykn diqaman akka hin taane.2Qor 9:7

## Kan dhukkubsateef maqaa Gooftan haa kadhataniif

Isin keessaa kan dhukkubsate yoo jiraate jaarsa mana kiristaanaa ykn luba haa waammatu. Maqaa Gooftaan dibata diibuun haakadhataniif. Kadhannaan amantaa dhukkubsattoota ni fayyisaatii Waaqayyos ni kaasa cubbuu hojjatees ni dhiisaf. ‘walii walii keessanif cubbuu keessan himaa,akka fayyitaniifis tokkoon tokkoon isa biraaf haa kadhatu,kadhaan nama qajeelaa hojii isheetiin humna guddaa ni raawwatti. Yaa’iqob 5:14-17

## Ijoollen gara goofta akka dhufan hin dhoowwinaa

**"**Ijoollen gara kooakka dhufan hin dhoowwinaa mootummaa Waaqayyoo kan akka isaanii kanaafidhaatii. Dhugaan isiniin jedha mootummaa Waaqayyoo akka daa`imaniitti kan hin fudhanne,hundi keessa ishee hin seenu jedheen. **Marq 10:14-17**

## Kan hojjachuu hin feene hin nyaatin

Yaa obbolota, obboleessa sirna nu irraa fudhateen hojii garii osoo hin taane sirna malee deemu hunda irraa adda akka baatan maqaa goofta keenya Iyyasuus Kiristoosin isin ajajna. Akkamin nu fakkaachuu akka qabdan isinuu ni beektu; isin fuulduratti seera malee hin deemnetii. Isin duratti gama tokkoon illee akka itti hin ulfaanne guyyaa fi halkan dadhabbii fi tattaaffin hojjannee jiraachaa turre malee buddeena nama biro hin nyaanne. Kanaan akka nu fakkaattan ofii keenya akka fakkeenyatti isinif kaasuf malee aangoo waan dhabneef miti. Yeroo isin bira turres hojjachuu kan hin jaalanne hin nyaatin jennee isin ajajnee turre. Gonkumaa

hojii osoo hin hojjatin dubbii namaa keessa seenaa seera malee isin waliin kan deeman waa'ee namoota tokko tokkoo dhageenyeerratii. Namootni akkasii kunis callisaanii hojjachaa buddeena ofii isaanii akka sooratan maqaa Gooftaa keenya Iyyasuus kiristoosin isaan ni ajajna ni gorsinas. Isin garuu obbolonni hojii gaarii hojjachuuf hin nuffinaa

Faarisonni qoruuf itti dhiyaatanii 'namni sababa ta'e tokkon haadha manaa isaa hiikuun ni eyyamamaa? Jedhaniin. Iyyasuusis deebisee akkana jedheen uuman dura dhiira fi Dubara isaan taasise, kanaaf namni abbaa fi haadha isaa ni dhiisa haadha manaa isaa walinis ni ta'a, lamaanuu qaama tokko ta'u kan jedhu hin dubbifnee? Kanaaf qaama tokko malee gara fuulduratti lama miti, kanWaaqayyo tokkumeesse namni gargar hin baasu. Isaanis, eegasuu Museen barreeffama hiiktuu sana barreessee akka hiikan maalif ajaje.? jedhaniin. Innis Museen jabina laphee keessanii ilaalee akka haadha manaa keessan hiiktan isin ajaje malee dur irraa kaasee garuu akkas hin turre. Ani garuu isinaan jedha sagagalummaa malee haadha manaa

isaa hiikee kan biraa kan fuudhee hunduu sagagaleera. Kan hiiktes kan fuudhe sagaagaleera.

Isaanis seerri haadha manaa fi Abbaa manaa akkana yoo ta'e wal fuudhuun hin barbaachisu jechuudha jedhan.

Inni garuu wanti kun warra kennameef malee nama hundaaf miti. Warri gadameess haadha isaanii keessaa xu`aasha ta'anii uumaman ni jiru, namni kan isaan xu`aasheche,ni jiru, waa'ee samiif jecha kan xu`aasha of taasisanis jiru. Fudhachuu kan danda'u qofti haa fudhatu (Mat.19:3-12)

Wal fuudhuun hunduma biratti kabajamaa ciisichi isaanis qulqulluu haa ta'u, nama hawwii foonii garmalee qabuu fi sagagaltuugaruu Waaqayyo ittini murteessa(Ibr.13:4)

## Fooni fi Dhiigasaan murtaa'uu

Amantoota keessa bulchinsa yaa'ii mana kiristaana kan filataman seera mana kiristaanan kan ciman akka ta`an Jecha Labsii boqonna 3 Keeyyata 10 buufata xiqqaa 2 qubee B lakkofsa 1. irrattijecha wangeela qulqulluu tumame bu`uura taasifachuudhani.

Kanaaf Iyyasuus akkas jedheen “Dhugaa dhu gaan isiniin jedha foonilma namaa kan Kiristoos yoo hin nyaanne dhiiga isaas yoo hin dhugne ofii keessanif jireenya hin qabdan. Foon koo kan nyaatu dhiiga koo kan dhugu jireenya bara baraa qaba, anis guyyaa dhumaa sana nan isa kaasa.Foon koo nyaata isa dhugaa dhiigni koo dhugaatii isa dhugaati, Foon koo kan nyaatu fi Dhiiga koo kan dhugu anaan jiraata anis isa waliinan jiraadha Jiraataa kan ta`e Abbaan akk uma na erge Anis, Abbaarraa kan ka`e jiraataa akkan ta`e,akkasuma kan Dhiiga fi Foon koo nyaatu  ammo anarraa kan ka`e jiraataa ni ta`a

Buddeenni samii irraa bu`e isa kanadha. Abb-ootni keessan manna nyaatanii akka du`an miti,buddeena kana kan nyaatu bara baraan ni jiraata.(Yoh.6:53-59).

Yemmuu nyaatanis Iyyasuus buddeena kaa-see eebbisee,kutee duuka bu’ootaf erga kennee kunoo hoodhaa nyaadhaa,kuni Foon kooti jedhe, Xoofos ol kaasee eebbisee kenneefii akkas jedhe “hundi keessanuu isa irraa dhugaa waa’ee nam oota baay`eef, dhiifama cubbuuf kan dhangala`u Dhiigni koo inni kakuu haaraa isa kaa dha.”  (Mat.27:26-26)

# Jecha Labsii

Yaa obboloota nana, barsiisaa fi hangafa lubootaa amanti keen-yaa Iyyasuus

Kiristoosin ilaalaa.Ibr. 3:1

Bofa Nahasa mallatto fannoo ilalala

Hangafa amantaa keenyaa fi rawwataa kan ta'e Iyyasuusiin hordofnee fiigicha fuuldura keenya jiru obsaan yaa fiignu.
Ibr 19:6-9.

K Aba j ni W aa qa yy oo f A ar Iy Aa mi tti ya a ta' u. na ge en yis laf ar ra tti na m aa f ak ka he Yy a m a isa att i. L uq 2: 10

### Bofa nahaasaa kan arge fayye

Museenis waa`ee uummataaf ni kadhate.Waaqayyos Museedhaan bofa tolchiitii alaamaa irratti fannisi,kan hiddame hundumti lubbuun ni jiraatu jedheen. Museenis Bofa Nahaasaa hojjetee

### Kana amane fannoo Kiristoosiin fayye

Muuseenis lafa onaatti bofa akkuma fannies akkasuma isatti kan amanu hundi jireenya bara baraa akka qabaatuuf malee akka hin badneef ilmi nama akkasuma fannifamuu qaba. Isatti kan amanu hunduu jireenya bara baraa akka qabaatuuf malee akka hin badne Waaqayyo ilma isaa tokkicha amma kennutti Addunyaa akkasumaan jaalateera. Yoh 3:14-16

**Namoonni isiniif raawwachuuf kan jaalattan hunda isin ammoo akkasuma raawwadhaafii seerrii fi raajonnis kanumadha. Mat 7:12**

### Jecha kan raawwattan ta`aa.

Jechicha kan raawwattan ta`aa malee of dogongorsaa warra jechicha dhaggeeffatu qofa hint a`inaa.Jechicha kan dhagahu,kan raawwatus yoo jiraate,fuula isaa uumamaa daawitidhan nama ilaalu fakkaata.Of ilaalee deemaati, yoosumas akkam akka ta`e ni irraanfata.Haa ta`u malee,seera gonka bilisa nama baasu ilaalee kan ittiin jabaatu,hojiis kan hojjetu malee dhagahee kan irraanfatu kan hin taane,hojii isaatiin kan eebbifame ta`a.

Arraba isaa osoo hin daangessin,lubbuu isaa dofongongrsaa Waaqayyoon kan waaqeffatu kan fakkaatu eenyuyyuu yoo jiraate waaqeffannaan isaa bilaasha.

Qulqulluu kan ta`e,waaqeffannaa hirdhina hin qabne Waaqayyo Abbaa biratti kanadha.Ijoollee maatii hin qabne, dubartii abba warraa hin qabnes, yeroo dhiphi-na isaanitti gaafachuun, qaama balfa addunyaarraa argamu irraayis eegudha. Yaa`iqoob 1:22-27.

Xumura wanta hundumaa haa dhageenyu,kuni waan nama hundaati waan ta`eef, Waaqayyoon sodaadhu, abboommii isaas eegi, Waaqayyo hojii hunduma,wanta dhokate hunduma,gaariis yoo ta`e,badaas yoo ta`e gara murtiitti ni fida.(Lallaba 12:13-14)

**<u>Gama amantaatiin hundumti walqixa</u>**

**G**ama amantiitin hundumti keessan Kiristoos Iyyasuusin ijoollee Waaqayyootiiti,Kiristoosiin waliin tokko akka taataniif kan cuuphamtan hundumti Kiristoosin uffattaniirtu.nama Yihudi ykn namni Giriikii hin jiru. Garba ykn namni namni gaariin hin jiru. Dhiirris dubarris hin jiru,hundumti Kiristoos Iyyasuusin tokkoodhaati.Gala 3:26-28.

**Eenyudha kan hangafummaa kan Jaallatu?**

Isin keessaa hangafa ta`uu kan barbaadu kamuu, tajaajila keessan haa ta`u,isin keessaa eenyuyyuu kan dursuu barbaadu, garba keessan haa ta`u,akkasuma ilma namaa tajaajiluuf lubbuusaa hundumaaf bakka buusa keennuf malee akka isa tajaajilaniif hin dhufne.

Maat 20:26-28

### Afuuraan deddeebi'aa

Obboloota koo isin fakkeenyummaadhaaf waamamta-niirtutii fakkeenyummaan keessan sababa foonummaaf akka hin taane walii walii keessaniif akka garbichaa taaa.seerri hunduu jecha tokkoon raawwata innis hiriyyaa kee akka ofii keetti jaaladhu kan jedhuudha. Haa ta,u malee ofii keessaniif osoo wal ciniintanii fi wal nyaattanii akka wal hin balleessine of eeggadhaa. Yaa ta'u malee nan jedha Afuuraan deddeebi'aa fedhii fooniis yoomiyyuu hin raawwatinaa. Foon Afuura irratti; Afuurris foon irratti ni haw waatii, isaan kunis walii walii isaaniin wal mormu. Kanaaf kan jaalattan hojjachuu hin dandeessan. Afuuraan yoo duurfamtan garuu seeraa gadii miti. Hojiin fooniis kan ifa ba'edha, innis sagaagalummaa, ejjuu, waan gaarii hin taane hojjachuu, Xaa'ota Waaqessuu, lola, mormuu, inaaffaa, haaloo ba'uu, adda ba'uu, moruu, ajjeesuu, machaa'uu, sirba fa'a. duursee akkuman dubbadhe warroota waan akkasii hojjatan mootummaa Waaqayyo hin dhaalan. Firiin afuuraa garuu jaalala, gammachuu, nageen-ya,,arjummaa, gaarummaa, amant- ummaa, gara laafummaa, of bituu fa'a. seerri akka kanaa kan dhorkamu hin jiru. Kan Iyyasuus Kiristoos ta'an hawwii foonii isa badaa fi fedhii isaa waliin fannisan. Afuuraan yoo jiraanne afuuraan yaa deddeebinu. Gala 5:13-25.

Afuura hin balleessinaa raajiis hin tuffatinaa, hunduma qoradhaa; gaariis qabaadhaa; waan badii ta'e kamir-raayyuu fagaadhaa. 1Tasa 5:19-22.

**Bara dargaggummaa keetti Waaqakkee yaadadhu.**

Guyyaan dhiphinaa osoo hin dhufin Waaqayyoon yaadadhu; baroonni nama hin gammachiisan jettu osoo hin dhufin. Lallaba 12:1

Jaarsi daandii isaa maaliin qulqulleesa? Jechakee eegudhaan. Lapheekoo guutuun si barbaadeera, abboommiikee irraayis nah in fageessin. Si akkan yakke jechakees lapheekoo keessan dhokse. Ati yaa isa eebbifamaa seerakee na barsiisi. Faarsaa 118:9-12.

## Afuurri Qulqulluun waa'ee manneen kiristaanaa maal jedha?

Gara ergamaa mana kiristaanaa Eefesoon jiruutti akkas jedhii barreessi: Harka mirgaa isaatti urjiiwwan torban kan qabate kennaa (maqraz) warqee torban gidduus kan adeemu akkas jedha:

Hojii fi dadhabbii kee, obsa keetiis nan beeka, warroota hammeeyyiis obsuu akka hin dandeenye, sobaan duuka bu'oota kan ofiin jedhanis qorattee sobdoota ta'uu isaanii argachuu kee nan beeka, obsiteerasi,maqaa kootiif jettees jabaattee dadhabbii dandeessera, haa ta'u malee wantan sirraa jibbun qaba; jaalala kee isa durii dhiiftettatii. Kanaafuu garamitti akka kufte yaadadhu, gaabbiis gali, jaalala kee isa durii dhiiftettaatii, hojii kee isa duriis raawwadhu; sana ta'uu baannan sittan dhufa, gaabbiis hin seentu taanan kennaa kee sirraan fudhadha. Haa ta'u malee, ani kanan jibbu hojii warra Niqoolaa-

wotaa jibbiteertaatii kana qabda. Afuurri mana kiristaanaaf isa jedhu kan gurra qabu haa dhaga'u. Kan moo'ateef muka jireenyaa Gannatii waaqayyoo keessa jirurraa akka nyaatu nan kennaaf(Mul 2:1-7)……

Gara ergamaa mana kiristaanaa Loodooqiyaa jiruutti akkas jedhii barreessi: qorraa yookin haa'aa akka hin taane hojiikee nan beeka. Qorraa yookin hoo'aa osoo taatee gaarii ture, qorraas hoo'aas kan hin taane tasuma waan taateef afaan kootii si tufuufi. Dureessaa fi qabaataa ijaan ta'eef wanti takkoyyuu nan barbaachisu kan jettu sila taatef, rakkataa, miskiina, hiyyeessa, qaro-dhabeessaa fi kan daare ta'uu kee hin beektuutii. Qabaataa akka taatuf warqee abiddaan qulqullaa'e, salphinaa qullaa keetii kan ittiin haguuggattuu uffata adii, ijji kee akka muul'atuuf kuulii ittiin kuullattu anarraa akka bitattu sin gorsa. Ani kanan jaalladhu hun-

daan nan lola, nan adabas; kanaafuu qajeelaa ta'i gaabbiis gali. Kunoo ala dhaabbadheen balbala keessan rurukkuta, eenyumtuu jecha koo yoo dhagaye, balbala isaas yoo naaf bane gara isaatti nan seena isa wajjiinis irbaata na nyaadha innis nawajjiin ni nyaata. Ani akkan moo'e abbaa koo wajjiinis teessoo isaarra akkan taa'e, isa moo'eef ana wajjiin teessoo koorra akka taa'u nan kennaaf. Afuurri mana kiristaanaaf isa jedhu kan gurra qabu haa dhaga'u (Mul 3:14-22).